# XIINXALA DOGGORA AFAAN OROMOOTIIN QUBEESSUU XALAYAALEE WAAJJIRA BARNOOTAAFI BLTO AANAA GUUTOO GIDDAA KAN BARA 2010FI 2011

**DASSAALENY ABARRAA DHANGI`AA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

# XIINXALA DOGOGGORA AFAAN OROMOOTIIN QUBEESSUU XALAYAALEE WAAJJIRA BARNOOTAAFI BLTO AANAA GUUTOO GIDDAA KAN BARA 2010FI 2011

DASAALENY ABARRAA DHANGI`AA

GORSAA: TOLEMAARIYAA M FUFAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNE

# Yuunversiitii Finfinneetti

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booddee

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriin guuttachuuf Dassaaleny Abarraatiin mata duree, “*Xiinxala Dogoggora Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa kan bara 2010fi 2011, jedhu irratti kan qophaa`e*’’ sadarkaa ulaagaa Yuuniversiitiin kaa`e guuteera.

Koree Qormaataa:

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa________________________________Mallattoo ________ Guyyaa __________

Qoraa Keessaa____________________________ Mallattoo _________ Guyyaa __________

Gorsaa __________________________________ Mallattoo _________ Guyyaa __________

______________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaaffaa (MA)

**Ibsa**

Waraqaan qorannoo mataduree Xiinxala Hanqinaalee Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayoolee Waajjiroolee Aanaa Guutoo Giddaa Keessatti Kan Xiyyeeffate jedhuun hojjetamee dhiyaate kun hojii dhuunfaakoo kan ta'eefi Yuunivarsiitii kam keessattuu kan hin hojjetamne ta'uu isaa mallattoo kootiin nan mirkaneessa. Wabiilee waraqaa qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadames hunda isaanii wabii keessatti kaa'uukoo nan hubachiisa.

Maqaa qorataa: Dassaaleny Abarraa

Mallattoo______________________

Guyyaa ______________________

**Axereera**

*Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaatti dogoggora Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Mootummaa kan bara 2010fi 2011 keessatti mul'atan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon isaa dogoggora qubeessuu xalayaalee Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atan xiinxaluun yaada furmaataa eeruu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf malli qorannoo akkamtaa kan hojiirra oole yommuu ta'u, iddattoowwan qorannichaa filachuufis tooftaawwan adda addaa hojiirra oolanii jiru. Isaanis, waajjiroolee filachuun tooftaa iddatteessuu mit-carraa akkayyoo, hojjettoota afgaaffiif filachuunis tooftaa akkayyootu hojiirra oolee jira. Haaluma kanaan, itti gaafatamtoota, itti aantotaafi barreessitoota xalayaalee waajjira Barnootaafi WBLTO Aanaa Guutoo Giddaa namoota 6 mala iddatteessuu akkayyootiin filatamanii od-himtoota qorannoo kanaa ta'nii jiru. Meeshaaleen odeeffannoo funaanuuf qorannoo kana keessatti tajaajilarra oolan sakatta'a xalayaaleefi afgaaffiidha. Ragaaleen meeshaalee kanneeniin funaanaman mala akkamtaan qaacceffamanii jiru. Akaakuuwwan dogoggoraa sakatta'a xalayaalee keessaa argamaniifi deebiiwwan od-himtootarraa argaman kanneen akka dogoggoraan dheeressuu, gabaabsuu, laaffisuu, jabeessuu, hudhaa, irrabutaafi dhamsaga dubbachiisaa gosa tokkoo sadii barreessuun sakatta'a xalayaalee irratti godhameen adda bahee jira. Miidhaa dogoggoraan qubeessuun geessisu ilaalchisee jijjiirama hiikaa fiduu, dhaamsa dabarsuun barbaadameen ala bahuufi seera afaanichaa kan cabsu tahuun adda bahee jira. Sababni dogoggoraan qubeessuu immoo, ariitiin qubeessuu, seera qubeeffama Afaan Oromoo wallaaluu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, akka waan beekaniitti tuffatanii ilaaluu, dhiibbaa afaan Ingilizii, barnoota sadarkaa tokkoffaatti sirriitti barachuu dhabuu akka ta'e bira gahamee jira.Tooftaaleen dogoggora kana maqsuuf oolan xiyyeeffannoon qubeessuu, ariitii malee qubeessuu, irra deddeebi'anii gulaaluu, nama seera qubeessuu beeku gulaalchisuu, kitaabilee waa'ee qubeessuu barsiisan dubbisuun, leenjii dhimma qubeessuurratti kennamuufi qaamni dogoggora uume sirreessuuf deeggersa kennuun jiraachuu akka ta'e kallattiin furmaataa agarsiifamee* jira.

# Galata

Duraan dursee Waaqayyo isa hanga har`aatti na gargaareef galanni haa ta`u. Itti aansuun, beekumsa qaban osoo hinqusatin, matadureekoo irratti gorsa garaa garaa anaaf kennuun akkasumas, kallattii adda addaatiin dogoggora jiru akkan sirreessuuf jalqabaa hanga xumuraatti kan ana gargaaraa turan gorsaakoo Dr. Tolemaariyaam Fufaaf galannikoo daangaa hinqabu. Dabalataanis, abbaakoo Abarraa Dhangi`aafi haadhakoo Aragguu Guuttataa deeggersi isin anaaf gootan salphaa miti waan ta'eef galata argadhaa. Dhumarratti, qaamonni odeeffannoo anaaf kennuun deeggersa anaaf gootan hundi galata ana biraa qabdu.

**Kottoonfachiiftuufi Gabaajee**

BLTO: Barnoota Leenjii Tekinikaafi Ogummaa

M/B: Mana Barumsaa

WBLTO: Waajjira Barnoota Leenjii Tekinikaafi Ogummaa

WBAGG: Waajjira Barnootaa Aanaa Guutoo Giddaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ............................................................ i

Galata ............................................................ ii

Kottoonfachiiftuufi Gabaajee ............................................................ iii

Tarreeffama Gabateewwanii ............................................................ vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ............................................................ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ............................................................ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ............................................................ 3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ............................................................ 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ............................................................ 4

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree ............................................................ 4

1.4. Faayidaa Qorannichaa ............................................................ 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ............................................................ 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ............................................................ 5

1.7. Qindoomina Qorannichaa ............................................................ 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ............................................................ 7

2.1. Yaadrimee Barreessuu ............................................................ 7

2.1.1. Barreessuu ............................................................ 7

2.1.1.1. Qubeessuu ............................................................ 8

2.1.1.2. Maaliif Dogoggoraan Qubeessina? ............................................................ 9

2.1.1.3. Akaakuu Dogoggora Qubeessuu ............................................................ 10

2.1.1.4. Madda Dogoggora Qubeessuu ............................................................ 11

2.1.1.5. Miidhaa Dogoggoraan Qubeessuu ............................................................ 12

2.1.1.6. Dogoggora Qaaccessuu ............................................................ 15
2.1.1.7. Adeemsa Dogoggorri Qubeessuu Ittiin Sirreeffamu ............................................................ 16
2.1.1.8. Seera Qubeessuu Afaan Oromoo ............................................................ 18
2.1.1.8.1. Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee ............................................................ 19
2.1.1.8.2. Dheeressuu fi Gabaabsuu Sagalee ............................................................ 20
2.2. Yaaxxinaalee Qaaccessa Dogoggoraa ............................................................ 23
2.2.1. Yaaxxina Qaaccessa Waldorgomisiisaa ............................................................ 23
2.2.2. Yaaxxina Qaaccessa Dogoggoraa ............................................................ 24
2.3. Sakatta`a Qorannoo Walfakkii ............................................................ 26
BOQONNAA SADII: MALEEN QORANNICHAA ............................................................ 27
3.1. Saxaxa Qorannichaa ............................................................ 27
3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa ............................................................ 27
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ............................................................ 28
3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu ............................................................ 29
3.4.1. Dookimentii (Xalayaalee) Sakatta'uu ............................................................ 29
3.4.2. Afgaaffii ............................................................ 30
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ............................................................ 30
BOQONNAA AFUR: RAGAALEE QAACCESSUUFI HIIKUU ............................................................ 32
4.1. Qaaccessa Akaakuu Dogongoraan Qubeessuu ............................................................ 32
4.1.1. Dogoggora Sagalee Dubbachiiftuu Osoo Dheerachuu Qabanii Gabaabbatan ....... 32
4.1.2. Dogoggora Sagalee Dubbachiiftuu Osoo Gabaabbachuu Qabanii Dheeratan ........ 40
4.1.3. Dogoggora Sagalee Dubbifamaa Osoo Jabaachuu Qabanii Laafan ............................................................ 44
4.1.4. Dogoggora Sagalee Osoo Laafuu Qabanii Jabaatan ............................................................ 48
4.1.5. Dogoggora Jechoota Dubbachiisaan Sadii Walitti Aananii Qubeeffaman ............................................................ 49
4.1.6. Jechoota Dogoggora Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu Qaban ............................................................ 50

4.1.7.Jechoota Dogoggora Hudhaa, Irrabutaafi Qubee Tokko Qubee Biraan Bakka Buusuu Qaban ....................50
4.2. Qaaccessa Ragaalee Madda Dogoggora Qubeessuu ....................53
4.3. Qaaccessa Ragaalee Miidhaa Dogoggora Qubeessuu ....................58
4.4. Tooftaalee Dogoggorri Qubeessuu Ittiin Sirreeffamuu Qaban ....................61
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ....................65
5.1. Cuunfaa ....................65
5.2. Argannoo ....................67
5.3. Yaada Furmaataa ....................68
Wabii ....................70
Dabaleewwan ....................1

# Tarreeffama Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee 4.1: Jechoota xalayaalee keessatti dogoggoraan gabaabbatanii barreeffamanii hiika duraa jijjiiraniifi hiika dhaban keessaa muraasa: ..............................................35

Gabatee 4.2. Jechoota xalayaalee olii keessatti dogoggoraan dheeratanii qubeeffamanii ergaa xalayichaa danqan keessaa muraasa.................................................................42

Gabatee 4.3. Jechoota xalayaalee keessatti dogoggoraan laafanii barreeffamuun ergaa xalayichaa jijjiiraniifi hiika dhaban keessaa muraasa.........................................48

Gabatee 4.4. Jechoota xalayaalee keessatti dogoggoraan jabaatanii barreeffamanii hiika duraa jijjiiraniifi hiika dhaban keessaa muraasa. .........................................................49

Gabatee 4.5. Jechoota Xalayaalee Keessatti Dubbachiiftuun Sadii Walitti Aanee Barreeffame. ..........................................................................................................50

Gabatee 4.7. Jechoota HanqinaaleeAdda Addaa Qaban. .....................................................51

Gaatee 4.6. Jechoota Xalayaalee keessatti Dogoggora Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu Qaban 50

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan saba bal`aa haata'u malee, afaan barreeffamaan tajaajilu ta'ee hin turre. Yaada kana Asafaa (2009)fi Geetaachoon (1998) yoo ibsan, Afaan Oromoo waggoota muraasaan achitti Afaan hojii,Afaan qorannoo,Afaan barreeffamaa akka hin turre ibsaniiru. Gragg (1976) fi Gadaa (1988), akka ibsaniitti; bara 1970 dura Afaan Oromoo barreessuun kan danda'amu qubee Gi'iiziitiin yookiin qubee Afaan Arabaa qofa fayyadamuun akka ta`e addeessu. Afaan Oromoo bal'inaan dubbatamuun sadarkaa olaanaa haa qabaatu malee Afaan barreeffamaa otoo hin ta'iin sababi hanga jaarraa 19$^{ffaa}$tti tureef Makuriyaan (1995) ibseera. Kunis, dhiibbaa karaa siyaasaan jaarraa tokkoo ol saba Oromoofi Afaan Oromoo irra ga'aa ture irraa kan ka'e Afaan Oromoo barachuufi qorannoo ittiin gaggeessuun waan hin yaadamne ture. Sabni Oromoo jaarraalee darban keessa afaan isaatti gargaaramee akka seenaa isaa, falaasama isaa, aadaasaafi og-barruu isaa hin guddifanneef akkasumas, mootummoonni abbaa irree irratti ciqilfachaafi maqaa hintaane kennaniifii dhiibbaa irraan ga'aa turuu isaanii seenaan ragaa ba'a. Haa ta'u malee, Afaan Oromoo afaan barreeffamaa akka ta'uuf namoota biyya keessaafi biyya alaatiin yaaliin baay'een taasifamaa tureera. Fakkeenyaaf, Fayyisaa (1996) namoota lammii biyya alaa keessaa namichi lammii Awurooppaa 'James Brus' jedhamu bara 1805 qubee Laatiniin Afaan Oromoo barreessuu eegaluu isaa ibseera.

Pankhurst (1976),"Joomaardi Odeeffannoo Waareefi Gaboo irraa argateen Bara (1839)tti barruulee faarfannaa qabu Afaan Oromootiin maxxansiiseera" jedha. Dabalataanis, Paankiraasti (1976) "Kaarl Tuusheek, Akkafedhe Daalleefi Oshuu Aagaa irraa odeeffannoo funaannachuun faaruufi sirboota maxxansiiseera" jedha. Kana malees, KaarliTuusheek(1943) galmee jechootaa Oromoo-English-German qopheessee ture. Obboleessi isaa Looreenzii Tuushek, Bara (1844) akka maxxansiiseef ibsa (Paankiraasti,1976).

Joon Luudush Kiraaf hiriyyaa isaa waliin Bara (1839) Shawaa seenuun macaafa Qulqulluu Wangeela Yohaannis, qubee Laatinii gargaaramee, gara Afaan Oromootti jijjiireera. Gama biraatiin, yaalii Afaan Oromoon barreessuuf taasifamu kana keessatti qubeen Saabaa Afaan Oromoof mijataa akka hin taane Paankiraasti (1976) ibseera. Kan inni rakkisaa ta'eefis,

qubeen Saabaa guutummaatti sagalee Afaan Oromoo bakka waan hinbuuneefidha. Kunis, haala sagalee dheeraa, sagalee gabaabaa, sagalee jabaa, sagalee laafaa Afaan Oromoo bakka hinbu'u (Andrzejekski, 1980).

Rakkoo kanaaf furmaata barbaaduuf, hojiin adda addaa hojjetamaa tureera. Fakkeenyaaf, qubee Afaan Oromoof mijatu bara (1972) tokkummaa barattoota Oromoo Awurooppaatiin qubee Laatinii irraa qophaa'e (Fayyisaa, 1996). Haata'u malee, Afaanichi kan inni Afaan barreeffamaa ta'ee uummata Oromoo bifa idileen tajaajiluu eegale, bara kufaatii Dargii irraa eegaleeti. Dhimma kana Askaalee (1998) akkasitti ibsiti,"*Even though Oromo [Afan Oromo] is the language with greater number of speakers in Ethiopia it has the chance of becoming a written language after the overthrown of the military government. Accordingly, it was then the program to develop orthography for Oromo language was launched.*"

Yaada kana irraa kan hubatamu, Afaan Oromoo Itoophiyaa keessatti Afaan dubbataa hedduu qabu ta'us kan inni afaan barreeffamaa ta'e kufaatii Mootummaa Dargii booda ta'uu agarsiisa. Afaan Oromoo yeroo ammaa Itoophiyaa keessaa Naannoo Oromiyaatti Afaan barnootaa, Afaan hojii Waajjiraalee, Afaan Sabqunnamtii, Afaan dhaabbileen adda addaa tajaajila garaa garaa hawaasaaf kennanii ta'ee jira. Gama barnootaatiin Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> keessatti afaan barnootaa, sadarkaa 2<sup>ffaa</sup>fi qophaa'ina keessatti, akka gosa barnootaa tokkootti, koollejjiifi yuunversiitii addaa addaatti sadarkaa dippiloomaa irraa hanga digirii sadaffaatti kan baratamaa jirudha. Kun immoo, Afaan Oromoo yeroo gabaabaa keessatti akka dagaaguufi qorannoof qo'annootiin akka gabbatu gochaa jira. Dabalataanis, Afaan Oromoo akka waalta'uufi afaan hojii federaalaa akka ta'uuf nigumaacha. Haata'umalee, Afaan oromoo sadarkaa kanarra ga'ee osoo jiruu dogoggorri qubeessuu barreeffama xalayaalee waajjiroolee mootummaa tokko tokko keessatti barreeffamanii bahan tokko tokko irratti mul'atan ammoo guddina afaan kanaarrattis ta'e tajaajila afaan kun kennurratti dhiibbaa fiduu kanneen danda'an hedduutu jiru. Qorannoon kunis, rakkoo guddina Afaan Oromoofis ta'e ergaa afaan sanaan darbaa jiru irratti dhiibbaa cimaa kan qabu sababa hanqina dogoggora qubeessuu barreeffama xalayaalee waajjiroolee mootummaa keessatti mul'ataniifi miidhaa inni geessisuu danda'u adda baasuun yaada furmaataa isaa lafa kaa'eera.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Mata duree "Xiinxala Dogoggora Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa Kan bara 2010fi 2011, Hanga Waxabajjii 30tti" jedhu kanarratti qorannoo akka gaggeessuuf qorataaf ka'umsa kan ta'e, Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan hojii Waajjiraalee Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'ee tajaajilaa osoo jiruu, dogoggorri qubeessuu barreeffama xalayaalee waajjiroolee mootummaa tokko tokko keessaa barreeffamanii bahan tokko tokko irratti mul'atan ammoo guddina afaan kanaarrattis ta'e tajaajila afaan kun kennurratti rakkoo kan fidu dogoggorri hedduun mul`achuu isaati. Barreeffama hanqina qubeessuutiin hin hamatamne barreessuun guddina Afaan Oromootiif gumaacha guddaa godha. Dhaloota hanqina Afaan Oromootiin qubeessuu irraa bilisa ta`e oomishuufi barreeffama qulqullina qabu kan ergaa darbuu qabu hin jallisne arguun hawwii qoratichaati. Kun ta`ee argamuuf immoo,adeemsa mana hojii mootummaa keessatti ogummaan barreessuu iddoo olaanaa qaba. Hojjettoonni mana hojii mootummaas oggummaa barreessuutiin gahumsa olaanaa ta'e qabaachuun barbaachisaadha.

Kanumarraa ka'uudhaan , qoratichis mata duree kana irratti qorannoo isaa akka geggeessuuf dhimoonni garaa garaa isa kakaasan ni jiraatu. Isaanis: Xalayaaleen dhimma hojiitiif hojjettoota waajjiraalee Mootummaa biraa barra'anii gara waajjiraalee birootti deeman namoota hedduu biratti dubbifamanii ergaan isaanii laayyootti kan hin hubatamne ta'uun argamuudha.

Isa qofa utuu hintaane, hanqinaalee Afaan Oromootiin qubeessuu xalayaalee Waajjiraalee aanaa Guutoo Giddaa ilaalchisee namoonni hedduun qeeqa yeroo yeroon isaan kaasan qoratichaaf kaka`umsa ta'uu danda'ee jira. Gama biroon, xalayaalee mana hojii mootummaa keessaa bahanii gara mana Barnootaa dhufan irratti barsiisonni sadarkaa adda addaarratti argaman dubbisanii yaada isaarratti walmormuudhaan ergaasaa irratti qeeqa qaban wayita dhiyeessan qoratichi ofiisaatii argeera. Walumaa galatti, xalayaaleen yeroo ammaa kana waajjiroolee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa keessaa barreeffamanii bahaa jiran hanqina qubeessuu bal'aafi walxaxaa qabaachuusaanii sababa hojiitiif qorataan yeroo yerootti argaa waan tureef, xalayaaleen bahaa jiran hanga namni biraa dubbisee hubachuu dadhabutti, hanga ergaa hin barbaachifne dabarsuutti, hanga bifa qindaa'aa ta'een ergaa dabarsuu

dadhabutti gahaa jiraachuusaanii argaa tureera. Kanaafuu, qorataan kana ka’umsa godhachuudhaan ka’umsi hanqiaalee kanneenii maal akka ta’e beekee furmaata isaa barbaaduuf qorannoo kana gaggeessee jira. Qorannoon kunis, rakkoo guddina afaan oromoofis ta’e ergaa afaan sanaan darbaa jiru irratti dhiibbaa cimaa kan qabu akaakuu hanqina dogoggora qubeessuu barreeffama xalayaalee waajjiroolee mootummaa keessatti mul’atanii, miidhaa dogoggora qubeessuufi sababa isaa adda baasuun furmaata isaa lafa kaa’eera. Kanumaan walqabatee qorannichi gaaffilee bu’uuraa armaan gadiif deebii kennuu danda’a jedhamee yaadama.

1. Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa keessaa bahan irratti dogoggora Afaan Oromootiin qubeessuu akaakuu akkamiitu mul’ata ?
2. Maddi dogongora seera Afaan Oromoo eeganii qubeessuu dhiisuu maalfa’i?
3. Seera Afaanichaa eeganii qubeessuu dhiisuun miidhaa akkamii qaqqabsiisuu danda’aa?
4. Furmaanni dogoggora qubeessuu waajjiraalee kanaa maal ta`uu danda`a?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa‘’Doggoggora Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa Kan Bara 2010fi 2011’’ Xiinxaluudha.

#### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoon Gooree qorannoo kanaa:

1. Akaakuu dogoggora qubeessuu xalayaalee waajjira mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul’atan adda baasuu.
2. Madda dogoggora seera Afaan Oromoo eeganii qubeessuu dhiisuu eeruu
3. Miidhaa doggorri qubeessuu geessisaa jiru adda baasuu.
4. Odeeffannoo argame irratti hundaa’uun furmaata hanqinaalee mul’atanii eeruu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun erga xumuramee booda faayidaalee adda addaa kennuu danda'a.

Faayidaalee kanneen keessaa:

- Waajjiraaleen Mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa seera (saayinsii) barreeffama Afaan Oromoo eeganii qubeessuun barreeffama qulqullina qabu barreessuu eegalu.
- Hanqinoonni jiran yoo maqan, dubbistoonni odeeffannoo barreeffama tokkoo rakkoo tokko malee dubbisanii salphaatti hubachuu danda'u.
- Barsiisonni barattoonni isaan har'a barsiisaa jiran boru hojjettoota waajjiraafi isaa ol ta'uu akka danda'an beekanii barnoota afaanii, keessumaa dubbisuufi barreessuu xiyyeeffannoon akka barsiisan karaa itti agarsiisaa.
- Dogoggora qubeessuu malee barreessuun waaltinaafi guddina Afaan Oromootiif gumaacha mataasaa qaba.ykn koree waaltina Afaan Oromootiif fayyaduu danda'a.
- Kanneen qorannoo mata duree kanaan walqabate geggeesuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Xiinxala Dogongora Qubeessuu Xalayaalee Waajjiroolee Mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa Keessaa Waajjira Barnootaafi BLTO irratti kan Xiyyeeffate yommuu ta'u, xalayaalee bara 2010/2011, hanga baatii Waxabajjii 30tti maxxanfamanii bahan irratti doggoggoroota mul'atan sakatta'uurratti xiyyeeffata.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Yommuu qorannoon kun gaggeeffamaa ture hanqinaalee adda addaatu qorataa mudataa ture. Kanneen keessaa hanqina guddaafi galma ga'insa qorannoo kanaa gufachiisuuf kanneen yaalan: haala nageenyaan walqabatee rakkoo mul`achaa tureef jecha qorataan ragaa gahaa sassaabbachuuf danqamuu isaa, kitaabilee wabii gahaan dhibuufi kkf turan. Kan biroon, barreeffamoota xalayaalee waajjiraalee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa keessatti argaman kan dogoggora qubeessuu qaban hunda bira ga'uun humna qorataa ol ta'anii argamaniiru. Haata'u malee, hanqinni kun kanumaan osoo jiruu qorataan kitaabotaafi barruulee afaan

Ingiliziitiin barreeffaman fayyadamuun,waraqaalee qorannoo mata-duree kana waliin walitti dhiyaatan dubbisuun hanqina kana keessa darbee qorannoon kun haala barbaadameen galma akka ga'u taasisee jira.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoqqoodamuun qindeeffamee jira. Boqonnaa isa duraa keessatti ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaatu keessatti argama. Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo sakatta'a barruutu bal'inaan dhiyaateera. Boqqonnaa sadaffaa keessatti, tooftaa qorannichaatu hammatameera. Innis, madda odeeffannoo, saxaxa qorannichaa, malleen odeeffannoo funaanuu, adeemsaafi mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu of keessatti qabata. Boqonnaa afraffaa keessatti immoo odeeffannoowwan funaanamantu bakka itti qaacceffamaniifi hiikaman ta'a. Boqqonnaa isa dhumaa keessatti cuunfaa, argannoofi yaada furmaataatu ka'ameera. Dhumarrattis, kitaabilee wabii, dabaleewwan akka odeeffannoo funaanuutti tajaajilanitu kaa'amanii jiru.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Yaadrimee Barreessuu

Barreessuun ogummaawwan waliigaltee ta`ee, yaada ofii haala qindoomina qabuufi ifa ta`een barreeffamaan ibsachuudha. Kun immoo, namni wanta barbaade sana dubbisuun yaada barreeffamichaa rakkoo tokko malee akka hubatu kan taasisu akka ta`e (Pincas, 1982) ibseera. Haaluma kanaan, barreeffamoota mana hojii keessatti barreeffamaniifi ittifayyadama afaanii achi keessa jiru ilaalchisee beektonni adda addaa kan ibsan haala bal`inaafi gadifageenya qabuun boqonnaa kana jalatti ilaalameera.

### 2.1.1. Barreessuu

Geetaachoon (2006:7), maalummaa barreessuu yoo ibsu, "Barreessuun karaa yaada yookiin ergaa ittiin dabarafatan keessaa tokko ta'ee, yaada kana immoo, Waraqaa irratti barreessuudhaan nama dubbisee hubachuu danda'uuf dabarsuu jechuudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa'uun kanneen akka waraqaa, sibila, dhagaa fi kan kana fakkaatan irraatti barreessuun dhaloota biiroodhaaf mala irratti walii galametti gargaarumuun yaadota qindaawaa ta'aniin ergaa dabarsuudha'' jedha.

Maalummaa barreessuu ilaachisee Beekan (2011:57), gubbaatti akka ibsutti "Barreessuun ogummaawwan isaan bu'uraa keessaa isa tokkodha. Ogummaan kun akka Ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu waan salphaatti baramu osoo hin taane Xiyyeeffannaan guddaan itti kennamee mana barnootaatti kan baratamudha. Sababa duraan mana keessatti yookiin maatii biratti muuxannoon isaa hin jirreef akka haarawaatti mana barnootaatti waan eegalamuuf, dandeettiin barreessuu kun akka ulfaatu  beektonni ni ibsu." Jedha.

Dabalaataanis, Geetaachoon (2006:7), maalummaa barreessuu yoo ibsu, "Barreessuun karaa yaada yookiin ergaa ittiin dabarafatan keessaa tokko ta'ee, yaada kana immoo, Waraqaa irratti barreessuudhaan nama dubbisee hubachuu danda'uuf dabarsuu jechuudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa'uun kanneen akka waraqaa, sibila, dhagaa fi kan kana fakkaatan irraatti barreessuun dhaloota biiroodhaaf mala irratti walii galametti gargaarumuun yaadota qindaawaa ta'aniin ergaa dabarsuudha'' jedha.

#### 2.1.1.1. Qubeessuu

Qubeessuu irratti hayyoonniifi qorattoonni adda addaa yaada adda addaa kennaniiru. Bulloo (2008), maalummaa qubeessuu yommuu ibsu, "Qubeessuun tooftaa tartiiba qubeewwan fudhatama qabaniin jecha uumuu ykn jecha barreessuuti" jedha. Kana jechuun qubeessuun qubeewwan jecha tokko keessatti argaman akkaataa hawaasa bal'aa biratti hiika kennuu danda'utti walduraa duubaan tartiibessanii kaa'uu ta'a.

Saamu'eel (2010), Cristal (1987) wabeeffachuun, "Qubeessuu sirriin qubeen jecha yookiin jechoota barreessuu ta'ee, sagaleewwan qubichaa tartiiba hiika kennuu danda'uun kaa'uudha"jedha. Akka yaada kanaatti qubeewwan sagalee bakka bu'anii hiriiraniif jecha hiika qabeessa uumuu akka hin dandeenyedha. Kanaaf sagaleeleen jecha keessatti bakka hiika kennuu danda'anitti galuu qabu jechuudha.

Agnes (2004), maalummaa qubeessuu yommuu ibsu,"Qubeessuu jechuun qubee gargaaramuun jecha yookiin jechoota akkaataa seera afaanichaan bakka qubichi galuu qabu galchuun barreessuudha" jedha. Dabalees, qubeessuu jechuun qubee fayyadamuun karaa jechoonni akkaataa waliigaltee hunda biratti fudhatamaa ta'een kaa'uu yookiin barreessuudha (Collins 2001). Akka yaada kanaatti, qubeessuu jechuun qubee barbaachisuun tartiiba fudhatamaafi baramaa ta'een jecha barreessuu ta'a jechuudha.

Asafaa (2009), "Afaanichaan caalaatti barreessuun, oguma Oromoo qorachuufi qo'achuun caasaa barreeffama Afaan Oromoo qajeelcha, jechoota hora, seer/caas-luga illee gabbisa, tumsa" jedha.

Samsonfi Weiner (1989), qubeessuu irratti yommuu hiika kennan ammoo , "*Spelling is manner of expressing or writing words with letters; orthography*" jedhu. Yaadni kunis, qubeessuu jechuun qubee fayyadamuun jecha barreessuu akka ta'e ibsu.

Kanaaf, sirni qubeessuu gaariin sirna barreeffamaa gaarii uumuudha. Kana jechuun, barreeffamni gaariin yaadaafi ergaa barreessaa haala barbaadameen akka darbu taasisa jechuudha. Kun ammoo, waaltina afaanichaaf ga'een taphatu guddaadha. Saamu'el (2010), Qubeessuun, ergaa darbuuf qofa osoo hintaane guddina afaanichaaf illee gumaacha akka qabu ibsa.

Farley (2015),*“Grammar requires correct spelling. Generally, words must be spelled correctly accordingly to the language used”* jedha.Yaada kanarraa akka hubannutti, seerlugni qubeessuu sirrii akka barbaachisuufi jechoonni akkaataa itti fayyadama afaan sanaatti akka barreeffamuu qaban ibsa. Dogoggorri, qubee hiika afaan tokkoo irratti dhiibbaa waan qabuuf, qubee dogoggoruun seera afaanii nicabsa jechuudha.

Walumaagalatti,yaadota armaan oliirraa kan hubatamu,dogoggora qubeessuu jechuun barreeffama keessatti seera afaanichaan ala qubee barbaachisu keessaa hambisuu, qubee hin barbaachifne itti dabaluufi bifa hintaaneen kaa’uun ergaan barreeffamichaa akka dabuufi seerri afaanichaas akka cabu gochuu kan danda’u ta’uu namatti agarsiisa . Kana malees, bakka hin barbaachifnetti qubguddeessa fayyadamuun, hudhaa iddoo hin barbaachifne galchuun, irra butaa akka malee barreessuun ergaan barreeffamichaa akka danqamu gochuun dogoggora qubeessuu jedhama. Kanaaf, ergaan barreeffama xalayaa tokkoo osoo hin harca’iin kallattiidhaan akka darbuuf osoo itti hin dabaliin ykn irraa hin hir’isiin seera barreeffama afaan sanaa eeganii ofeeggannoon barreessuun baay’ee barbaachisaadha.

**2.1.1.2. Maaliif Dogoggoraan Qubeessina?**

Dogoggora qubeessuu jechuun qubeewwan ykn sagaleelee afaan tokkoo karaa hin baratamneen ykn seera afaanichaa karaa hin eegneen jecha keessatti qubeessuun tajaajila afaan sun ilmaan namaatiif kennuu qabu akka inni hin kennine taasisuu jechuudha.

Afaan tajaajila yaada waljijjiiruu kennu kun ammoo karaa afaan dubbiifi afaan barreeffamaan ta’a. Haala kana keessatti tajaajila guutuu akka inni hin kennine kan taasisan wantoota baay’eetu jiru. Achi keessaa dogoggorri isa tokkodha. Dogoggorri kun ammoo bifa garaagaraan mul’ata. Dogoggorri afaan dubbiis ta’e afaan barreeffamaa keessatti mul’atu yoo ilaalamu haala qubeessuu, hennaa, caasaalee biroofi hiikarratti ta’a (Brown1993). Karaa biraatiin, dogoggora (error) akka waliigalaatti xiinqooqa waliin walqabsiifamee yoo hiikamu, dogoggora yookiin hir’ina jecha irratti, caasaa irratti, haala dubbii irrattiifi kan kana fakkaatan irratti mul’atu kan hammaatudha (Richards et.al 1985)

#### 2.1.1.3. Akaakuu Dogoggora Qubeessuu

Hayyoonni garaagaraa akkuma xiyyeeffannoo isaaniitti qoqqoodinsa adda addaa kaa'anii jiru. Fakkeenyaaf, seera qubeessuu eeguu dhiisuu, seera caaslugaa eeguu dhiisuu, sirna tuqaalee seeraan fayyadamuu dhiisuu, jechoota seera dhaabbataa qabaniifi adda ta'an adda baasuu dhabuu akka ta'e dubbatama (Glencoe 2001).

Akkaataa gosaan doggogora mul'atu qooduu kana Brown (1993) yoo ibsu, *"The most generalized break down can be made by identifying errors of addition, omission, substitution and ordering"* jedha. Yaadni waraabame kun yoo ilaalamu akaakuun dogoggoraa: itti dabaluu, keessaa hambisuu, bakka buusuufi tartiiba dogoggoruu akka ta'e kaa'a. Isaan kunneenis, warra ijoo akka ta'an adda baasuun ibsee jira. Yaada kana gara qubeessuu Afaan Oromootti, fidamee yoo ilaalamu itti dabaluu kan jedhu isa dhamsaga gabaabbachuu malu dheeressuu isa laafuu malu jabeessuu, kan jedhu ofkeessatti qabata.

Akkasumas, keessaa hambisuu kan jedhu immoo isa Afaan Oromoo keessatti kan dheerachuu malu gabaabsuu, isa jabaachuu malu laaffisuu kan jedhu hammata. Dabalees, bakka buusuu kan jedhu immoo kan dhamsagoonni haala dogoggora ta'een jechi yeroo barreeffamu bakka wal bu'u agarsiisa.

Yaada armaan oliirraa kan hubatamu haalli akaakuun dogoggora qubeessuu kaa'uun xiyyeeffannoo garaagaraafi qoqqoodinsa garaagaraa akka qabaatudha. Dabalees, akkaataa amala afaan isaaniittis gargar ta'uu mala. Kanaaf, dogoggorri kun, ammoo qaaccefamuun furmaanni itti kennamee tajaajila afaanicharraa argamu fooya'aa gochuun barbaachisaadha (Ellis 2009). Haaluma kanaan qorannoon kunis, barreeffama xalayaalee hojii keessatti dogoggora gama qubeessuutiin mul'atu qaaccessuun hanqinaalee mul'atan sakatta'uun xiinxala gaggeessee yaada furmaataa kaa'eera.

#### 2.1.1.4. Madda Dogoggora Qubeessuu

Afaan hundagaleessa waan ta'eef, dhimmoonni afaan ilaallatanii ka'an karaa adda addaan ibsamuu danda'u. Dabalees, haalli qabatamaa keessa jiramu (context) dogoggora uumamuuf sababa ta'a. Kana ilaalchisee, Brown(1994) akkas jedha; *"The sociolinguistic context of natural, untutored language acquision can rise to certain dialect acquision that may itself to be a source of error"*jedha. Yaadni waraabame kun yoo ilaalamu haala qabatamaa (galumsaa) xiinqooqaafi hawaasarraa afaan yoo baramu hanga tokko kan gaggeessaa (to'annaa) hinqabne gara looga addaa tokkootti geessuu danda'a. Kun ammoo afaan duraa namoonni akka giddugaleessaatti yookiin waalta'etti fayyadaman keessa galee yoo tajaajilu dogoggoraaf ka'umsa ta'uu danda'a. Kunis, adeemsi looga uumame suniifi loogni duraan tajaajilarra jiru sun amma tokko walfudhachuu dhiisuu isaatiin kan dhufu ta'a.

Sababni dogoggoraa inni biraan, dogoggora al tokko uumame sirreessuurra akkuma sirrii ta'etti bifa dhaabbataan itti fufanii fayyadamuudha. Namni tokko dogoggora wayii hojjetee osoo hinsirreeffatin bifa dhaabbataan itti fufee dogoggora isa ta'e sana akkuma sirrii ta'etti fayyadamuun sababa dogoggoraa ta'uu danda'a(Brown 1994).

Qabxii biraa sababa dogoggoraa irratti ka'u Fergus (1983:3) yoo ibsu, *"We have poor study habits and we are careless. We miss pronunce words, we fail to enunciate clearly, we do not use our eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables"*jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, haalli namoonni itti qo'atan laafaa ta'uu, dhibaa'ummaan barreessuu, yoo jechicha barreessan bifa dogoggoraan sagaleessuu (dubbisuu)fi ijaafi gurra keenya fayyadamnee waan qubeeffamu sana gargar baasaa adeemuu dhiisuudha. Dabalees, qubee yookiin birsaga itti dabaluu yookiin irraa hir'isuun dogoggora qubeessuu kanaaf madda akka ta'anitti kaa'a. Qabxiileen ka'an kunneen Afaan Oromoo keessatti yoo ilaalaman eddoo guddaa qabaachuu danda'u. Sababiin isaa, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko itti dabalamuu yookiin irraa hir'achuun hiika jecha sanaa jijjiiruu, kallattii tajaajilaa jijjiiruu yookiin hiika dhabsiisuu waan danda`uuf.

Namoota hubannoo fayyadama afaanii hinqabneef immoo kan duraan ibsame irratti dabalataan sababni dogoggoraa kan biraa isaan mudachuu danda'a. Kunis, namoonni yeroo afaan dubbiin (oral expression) yaada isaanii ibsatan bifa lamaan ibsachuu danda'u. Isaanis,

bifa idileefi al-idileen ta’uu mala. Haala namoonni bifa idileen yookiin al-idileen haasa’an garuu haala keessa jiran sana irratti hundaa’uun akka filatan haalichumti isaan affeeruu danda’a. Yaada kana Fergus(1983) yoo ibsu, *“Although most of us have two patterns of oral expression (formal and informal), the choice depending on circumstances, we must remember that written expression does not have two patters of spelling correctly”* jedha. Haala kanaan namoonni yoo waa barressan akkuma yeroo dubbataniitti fudhachuun jal’isanii sagaleessuun dogoggora barreessuu nidanda’u.

Haaluma walfakkaatuun, haalli yeroo barreessaan waan barreessu sana itti dubbisaa barreessu dogoggora qubeef sababa ta’uu danda’a. Kunis, haala sagaleessuu (dubbisuu) hinbaramneen dubbisuu yookiin looga hinwaaltofneen sagaleessuu ta’uu danda’a. Yaada kana Brown (1994) yoo ibsu, *“Faulty pronunciation may hide syntactic or lexical error,”* jedha. Yaanni kun yoo ilaalamu haalli dubbisuu dogoggoraa, dogoggora caasaa yookiin jechaarratti fiduu akka danda’u agarsiisa. Dabalees, qubee keessaa haquu, itti dabaluu, bakka qubee tokkoo kan biraa buusuufi tartiiba quboonni jechicha keessatti qaban dhiisanii tartiiba dogoggoraan kaa’uudha (Brown,1994).

**2.1.1.5.Miidhaa Dogoggoraan Qubeessuu**

Dogoggorri qubeessuu barreeffama keessa jiraannaan miidhaa adda addaa qaqqabsiisuu danda’a. Fakkeenyaaf, ergaa barreeffamni tokko dabarsuudhaaf kaayyeffame jijjiiruudhaan ergaa hin barbaachifne dabarsuu ykn barreeffamicha hiika dhabsiisuu danda’a. Kana malees, rakkoo dogoggora qubeessuu cimaa yookiin qubeessuu walxaxaafi sirraa’uu hindandeenye fida(Gefvert 1988), (Leggett et al 1978).

Dogoggorri qubeessuu gama ergaa darbuun yoo ilaalamu miidhaa cimaa qaqqabsiisuu danda’a. Glencoe (2001) miidhaa dogoggora qubeessuu yoo ibsu, *“one of your goals as a writer is to communicate your ideas clearly to your audience. If your writing is filled with misspelled words, your ideas may be lost.”*jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, kaayyoon barressaa tokkoo ergaa dabarsuu barbaade sana bifa ifaa ta’een dubbisaa isaaf dabarsuudha. Dogoggorri qubee jiraannaan ergaan darbuu malu darbuu dhiisuu danda’a. Keessattuu, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sana keessatti baay’ee muteessaadha. Sababni isaa Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko sagalee tokkoof bakka

waan bu’uuf jijjiiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fidu qaba. Kanaafuu, qubeen tokko jecha barreeffamu keessaa hafnaan, itti dabalamnaan yookiin dogoggorumti ta’e tokko irratti uumamnaan rakkoo cimaa fiduu danda’a. Kunis, akkaatuma humnaafi murteessummaa jechichi galumsa keessatti qabu irratti kan hundaa’u ergaa akka darbuuf yaadame sana kallattii jijjiirsisuu, humna dhabsiisuu yookiin ergicha addaan kutuufi hiika dhabsiisuu danda’a. Dogoggorri qubeessuu jecha tokkorra jiru hiika hima keessa jiru sana dogoggorsiisuu mala (Norrish 1983). Kun ammoo, barreeffamni tokko wantoota biroon gaarii ta’uu kan danda’u dogoggora barreessuu haala dubbisa hima tokkoo qofa kan jijjiiru osoo hintaane haala barreeffama keessatti argamu guutuu isaa jijjiiruu danda’a(Hodge 2009).

Miidhaan dogoggora qubeessuu kana qofa miti. Namoonni hojii argachuuf xalayaa iyyannoo waajjira (qaama) isaan qacaruu barbaade sanaaf nidhiyeessu. Dogoggorri barreeffama keessa jiraannaan garuu carraa qacaramuu dhabuu danda’u. Inni hojiirra jirus qabatuma kanaan guddina itti aanutti darbuu dadhabuu danda’a. Inni guddaan iddoo hundatti walfakkaatu ammoo barreessaafi dubbisaan walqunnamuu dadhabuu isaaniiti(Fergus 1983). Kana jechuun ammoo, yeroo itti guddinni hawaasummaa, saayinsiifi tekinooloojiin dagaagaa jirutti rakkoon kun itti fufinsaan jiraachuun miidhaa salphaa qofa osoo hintaane hawaasa abbaa afaan sanaafis ta’e afaanichaafis balaa guddaa ta’uu isaa qabxiilee armaan olitti ibsaman irraa hubachuun nidanda’ama.

Walumaagalatti, dogoggorri qubeessuu xalayaalee keessatti mul’atu jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gama guddina afaanichaanis ta’e, tajaajila afaanichaan kennamu irratti miidhaa guddaa fida. Miidhaawwan kunneenis, ergaa darbuu malu tokko danquu yookiin hiika dhabsiisuu danda’a. Kun immoo, gama guddina afaanichaatiinis ta’e tajaajila afaanichi kennu irratti dhiibbaa qabaachuu danda’a. Akkasumas, hawaasni nama barreeffama dogoggora qubee qabu barreesse sana akka nama dandeettii hinqabneetti waan fudhatuuf, yaada barreeffamichaafi namicha fudhatama dhabsiisuu danda’a. Faayidaan afaanicharraa argamu nihir’ata jechuudha. Haalli kun gama barreeffamaan hawaasni akka inni afaan isaa sanaan tajaajilamuufi faayidaa irraa argachuu qabu irratti mamii qabaatu taasisuu danda’a.

Afaan hundagaleessa waan ta’eef, dhimmoonni afaan ilaallatanii ka’an karaa adda addaan ibsamuu danda’u. Dabalees, haalli qabatamaa keessa jiramu (context) dogoggora uumamuuf sababa ta’a. Kana ilaalchisee, Brown(1994) akkas jedha; *“The sociolinguistic context of*

*natural, untutored language acquision can rise to certain dialect acquision that may itself to be a source of error"*jedha. Yaadni waraabame kun yoo ilaalamu haala qabatamaa (galumsaa) xiinqooqaafi hawaasarraa afaan yoo baramu hanga tokko kan gaggeessaa (to'annaa) hinqabne gara looga addaa tokkootti geessuu danda'a. Kun ammoo afaan duraa namoonni akka giddugaleessaatti yookiin waalta'etti fayyadaman keessa galee yoo tajaajilu dogoggoraaf ka'umsa ta'uu danda'a. Kunis, adeemsi looga uumame suniifi loogni duraan tajaajilarra jiru sun amma tokko walfudhachuu dhiisuu isaatiin kan dhufu ta'a.

Maddi dogoggoraa inni biraan, dogoggora al tokko uumame sirreessuurra akkuma sirrii ta'etti bifa dhaabbataan itti fufanii fayyadamuudha. Namni tokko dogoggora wayii hojjetee osoo hinsirreeffatin bifa dhaabbataan itti fufee dogoggora isa ta'e sana akkuma sirrii ta'etti fayyadamuun sababa dogoggoraa ta'uu danda'a(Brown 1994).

Qabxii biraa sababa dogoggoraa irratti ka'u Fergus (1983:3) yoo ibsu, *"We have poor study habits and we are careless. We miss pronunce words, we fail to enunciate clearly, we do not use our eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables"*jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, haalli namoonni itti qo'atan laafaa ta'uu, dhibaa'ummaan barreessuu, yoo jechicha barreessan bifa dogoggoraan sagaleessuu (dubbisuu)fi ijaafi gurra keenya fayyadamnee waan qubeeffamu sana gargar baasaa adeemuu dhiisuudha. Dabalees, qubee yookiin birsaga itti dabaluu yookiin irraa hir'isuun dogoggora qubeessuu kanaaf madda akka ta'anitti kaa'a. Qabxiileen ka'an kunneen Afaan Oromoo keessatti yoo ilaalaman eddoo guddaa qabaachuu danda'u. Sababiin isaa, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko itti dabalamuu yookiin irraa hir'achuun hiika jecha sanaa jijjiiruu, kallattii tajaajilaa jijjiiruu yookiin hiika dhabsiisuu waan danda`uuf.

Namoota hubannoo fayyadama afaanii hinqabneef immoo kan duraan ibsame irratti dabalataan sababni dogoggoraa kan biraa isaan mudachuu danda'a. Kunis, namoonni yeroo afaan dubbiin (oral expression) yaada isaanii ibsatan bifa lamaan ibsachuu danda'u. Isaanis, bifa idileefi al-idileen ta'uu mala. Haala namoonni bifa idileen yookiin al-idileen haasa'an garuu haala keessa jiran sana irratti hundaa'uun akka filatan haalichumti isaan affeeruu danda'a. Yaada kana Fergus(1983) yoo ibsu, *"Although most of us have two patterns of oral expression (formal and informal), the choice depending on circumstances, we must remember that written expression does not have two patters of spelling correctly"* jedha.

Haala kanaan namoonni yoo waa barressan akkuma yeroo dubbataniitti fudhachuun jal'isanii sagaleessuun dogoggora barreessuu nidanda'u.

Haaluma walfakkaatuun, haalli yeroo barreessaan waan barreessu sana itti dubbisaa barreessu dogoggora qubeef sababa ta'uu danda'a. Kunis, haala sagaleessuu (dubbisuu) hinbaramneen dubbisuu yookiin looga hinwaaltofneen sagaleessuu ta'uu danda'a. Yaada kana Brown (1994) yoo ibsu, *"Faulty pronunciation may hide syntactic or lexical error,"* jedha. Yaanni kun yoo ilaalamu haalli dubbisuu dogoggoraa, dogoggora caasaa yookiin jechaarratti fiduu akka danda'u agarsiisa. Dabalees, qubee keessaa haquu, itti dabaluu, bakka qubee tokkoo kan biraa buusuufi tartiiba quboonni jechicha keessatti qaban dhiisanii tartiiba dogoggoraan kaa'uudha (Brown,1994).

#### 2.1.1.6. Dogoggora Qaaccessuu

Afaan tokko yoo hojjetaa jira ta'e kallattii gara garaatiin tajaajila inni kennu bal'ataa adeema. Akkuma kana jechoonni isaa baay'ataa adeemu; waan haaraa dhufuuf jechoonni kennamaafii (maqaan mogga'aafii) adeema. Namni itti tajaajilamus, baay'ataa, sadarkaa barnootaatiinis ta'e muuxannoon kan guddataa adeemu ta'a. Haala kana keessatti afaanichaan barreessanii tajaajilamuun bifa walfakkaatuun seera afaanichaafi waaltina afaanichaa eegee hindeemu taanaan miidhaan dhufu cimaa ta'a. Dhimma kana ilaalchisee rakkoo Afaan Ingilizii qunname Geetoo(2012) Gefvert (1988) wabeeffachuun yoo ibsu,

> *Why is English spelling so trouble some and unpredictable? There are at least two reason first spelling was originally a way to represent speech in writing. As pronunciation changed over the centuries, so did spelling, so that our spelling system was up until about fiftenth century, roughly phonetic. When manuscripts had to be copied by hand, each scribe would spell the words as they represented the sounds of his particular regional dialect, and as manuscripts were copied, the scribes changed the spelling to reflect the changes that had occurred. The second reason English spelling is so confusing is that we have borrowed words from hundreds of other languages with diffirent spelling systems and then have gradually changed the spelling and pronunciation.*

Barreeffama olii kanarraa akka hubatamutti Afaan Ingilizii qubeessuu (spelling) irratti rakkoo cimaa kan qabaateef sababoota gurguddaa lamatu jiru jedha. Kunneenis: Tokkoffaa, addaa addummaa haalli sagaleessuun (pronounciation) jijjiiramaa adeeme qubeessuunis

sanuma faana jijjiiramaa deeme. Namoonnis yoo barreessan akkuma looga naannoo naannoo isaaniitti barreessuu itti fufan. Haalli sunis, osoo hinsirraa'iin itti fufe. Kun ammoo, namoonni looga waalta'e tokko osoo hintaane kanuma dhuunfaa isaanii barreessu. Kun yoo walitti dhufu qubeessuu irratti adeemsa garagaraa fiduu danda'a. Sababiin inni lammaffaa, Afaan Ingilizii jechoota afaanota dhibbaan lakkaa'aman irraa liqeeffate. Yeroo liqeeffatu kanas, adeemsa qubeessuufi Afaan Ingilizii haala kanaan sirraa'uu qaba jedhamee itti xiyyeeffatamee hin hojjetamne. Erga haalli kun cimee jabaatee, sadarkaa sirreefamuu hindandeenye irra ga'ee garuu sirreessuuf yaalii hedduutu ta'e. Kun kan agarsiisu, yeroo yeroon haala qubeessuus ta'e dogoggora qubeessuu irratti xiyyeeffannoon irratti kennamee dogoggorri hinqaacceffamu taanaan rakkoon akkasii uumamuu danda'a. Kanaafuu, dogoggora jiru sirreessuun adeemsi qubeessuu sirriitti hordofamuu akka qabamu hubachuun barbaachisaadha.

#### 2.1.1.7. Adeemsa Dogoggorri Qubeessuu Ittiin Sirreeffamu

Adeemsi dogoggora sirreessuu afaan keessatti yoo ilaalamu yaaxxinoonni gurguddoo lama yaadatamuu qabu. Isaanis, kan garee warra amaleessitootaafi warra dogoggorri adeemsa keessa bada jedhaniiti. Haa ta'u malee, gareen lamaanuu yoo ilaalamu kallattiitiinis ta'e alkallattiitiin dogoggorri sirreefamuu akka qabu kaa'uu isaanii hubachuun nidanda'ama.

Gara sadarkaa yaadaatti yoo gadbu'amee ilaalame immoo namoonni garaagaraa adeemsota garaagaraa nikaa'u. Adeemsa dogoggora irraa of fooyyessuu yookiin sirreeffachuun barreessuu keessatti qabxiileen akka seerota qubeessuu afaanichaa, haala dubbisuu, sirriitti xiyyeeffannoon barreessuu, beekumsa xiinsagaa, birsagaafi xiinjecha afaanichaa qabaachuun barbaachisaa ta'a (Fergus 1983),( Lunsford et al 1989).

Gama biraatiin, Glencoe (2001) yoo ibsu, *"one of the best ways to become a good speller is to be an avid reader; the more you see a word the better you remember it,"* jedha. Yaadni kun yoo ilaalamu namni baay'ee dubbisu yeroo waa barreessu qubee dogoggoruu irraa bilisa ta'uu akka danda'u agarsiisa. Sababiinsaa, yeroo waan baay'ee dubbisu sana jechoota bifa adda addaafi caasaa garaagaraan ijaaraman arga; yaadattis qubachuu danda'a. Kanaaf, yeroo barreessu jechoota kana dura yeroo dubbisu sana arge waan yaadatuuf sirriitti qubeessuu danda'a jedhamee amanama. Crstal(1987) yaada Glencoe(2001) kana mormuudhaan yoo

ibsu, "*Good readers do not always make good writers… there are many people who have no difficult in reading but who have a major persistent handcap in spelling,*" jedha. Yaadni waraabame kun yoo ilaalamu, namoonni dubbisuutti qaxalee ta'an hundi yeroo baay'ee barreessuu irratti cimaa ta'uu ykn ta'uu dhiisuu akka danda'anidha. Crstal (2001) yaada kenne keessattis, ragaa dhiyeessuudhaan hubachiisuudhaaf yaalii godheera. Innis, namoonni baay'een dubbisuu irratti hanqina kan hin qabne ta'anii garuu barreessuu keessatti dogoggora qubeessuu cimaan kan isaan mudatu ta'uu ibsa.

Karaa biraa, Shaw (1978) immoo adeemsa dogoggora qubeessuu sirreessuu yookiin fooyyessuu irratti yaada isaa yoo ibsu, "*The first and most important step in correct spelling is to have the desire to learn, really to want to become a competent speller. The second is to devote the necessary time to lerning,*" jedha. Yaadni waraabame kun akka ibsutti, namni sirreessee qubeessuuf haala ittiin sirreessanii qubeessan barachuuf fedhii qabaachuu qaba. Kunis, callisee osoo hin taane sirriitti qubeessaa cimaa (dorgomaa) ta'uuf itti yaadee ta'uu qaba. Inni lammaffaa kana barachuuf yeroo barbaachisu kan kennu ta'uutu irra jira. Kana irratti dabaluunis, qabxiilee armaan gadiitti tarreeffaman waliin walbaruu barbaachisa.

1. Jechoota haala sirriin sagaleessuu (Pronounce)
2. Namni tokko sammuu isaa keessatti jechoota barreessu (qubeessu) sana ilaaluufi dhaga'uu.
3. Jechoota caasaan isaanii xiqqoo rakkisaa ta'e sammuutti qabachuun yaadachuu.
4. Seera jechoonni ittiin barreeffaman baruu (barachuu).
5. Yoo barreessu xiyyeeffannoon (ofeeggannoon) barreessuu. Kunis, dogoggora dhibaa'ummaan dhufurraa bilisa godha.
6. Jechoota yeroo baay'ee dogoggortu addatti baasuun galmeeffachuun qo'achuun barbaachisaadha.

Gama biraatiin, erga barreesitee kaatees qubee sirriitti qubeessuufi dhiisuu bifoota garaagaraan ilaalun barbaachisaadha. Bifoonni kunneenis, dubbifamaa/dubbachiiftuu itti dabaluufi irraa hir'isuu, sirriitti dubbisuu (pronounce), hima keessa gale sana keessatti hiika maal akka kennu dhugoomfachuu suuta jedhanii gadi fageenyaan dubbisa mirkaneeffannaa dubbisuun barbaachisaadha (Fergus, 1983), (Sabin 1996), (Legget et al 1978). Yaaduma kanaan walitti dhiyaatu waa'ee suuta jedhanii dubbisuu waan barreeffame tokko qubee isaa

sirreessuuf Troyka (1996) Yoo ibsu, *"slow down your reading of the words."*Yaadni waraabame kun yeroo waan barreeffame tokko qubee isaa sirrii ta'uu isaafi dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf barbaadan sana guutuutti sammuutti waan qabaniif mirkaneeffannaaf yoo dubbisan xiyyeeffannoon isaanii qubeewwan jechoota sanaa osoo hintaane yaada (hiika) sammuu isaanii keessa jiru sana ta'a. Namoota akkasiif yaadni olii kun baay'ee gargaara.

Karaa biraan, haala sirriitti qubeessuu fooyyeffachuuf beekumsa jechootaa gabbifachaa ademuu, hiika jechoonni gareen taa'anii kennaniifi walitti dhufenya isaaniifi qubeessuu isaanii walsimsiisanii barreessuu danda'uun barbaachisaadha. Yaada kana waliin walfakkaatu Diyaan and Hoyii (1998) yoo ibsan, "*To improve your spelling while increasing your vocabulary, the spelling of words in claster to discover the relation ship among words and to connect the spelling of words in claster  to discover the relation ship among and to connect the spelling of words with their meaning,"* jedhu. Yaadni waraabame kunis, sirreessanii qubeessuu keessatti ga'ee qaba. Ga'een isaas, namoonni jechuma beekaniif barreessuu qofa osoo hintaane akka isaan akkaataa hiika jechichi yeroo sana kennaa jiru yookiin galumsa sanaan hiika keennaa jirutti caasaa isaa sirreessaa, haala sagaleessuu sirreessaa, qubee sirrii iddoo sanaaf barbaachisu sana akka fayyadaman taasisa.

**2.1.1.8. Seera Qubeessuu Afaan Oromoo**

Adeemsa ittiin dogoggorri qubeessuu sirratu keessaa inni hangafaafi ijoon seera qubeessuu Afaan Oromoo beekuudha.Hanqinaalee barreeffamoota adda addaa keessatti mul'atan keessaa raakkoo qubee guddaa fi xiqqaa walitti makuu, dheerreessuu fi gabaabsuu, jabeessuu fi laaffisun barreessuun dhimmoota qubeessuun walqabatanidha.

Afaan oromoo keessatti haala barbaachiisuun qubeessuu dhabuun barreeffama tokko irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kana ilaalchisee Tafariin (1998:153) yoo ibsu, "Seera barreeffamaa keessatti qubee guddaa fi xiqqaa walkeessa makuun barreessuun sirrii miti. Sabaabni isaas, gaalee ykn himni barreeffame seera hin eegne yoo ta'e ergaan isaa jallachuu danda'a. Kanaaf, Yeroo barreessinu haala qubee eegnee barreessuun barbaachisaadha" jedha. Akka Yada hayyuu kanatti, qubee guddaa fi xiqqaa walkeessa gargaramuun barreessuun sirrii akka hin taanee fi barreeffama tokko keessatti haala barbaachisummaa isaanitiin fayyadamuu akka qabnu hubachiisa. Afaan Oromoo keessatti wal maknee barreessuun seera afaanichaa ni

cabsa. Akka Fedhaan (1999:85) ibsutti, “Hanqina barreessuu keessaatti dhimma qubeessuun walqabatee mul’atu keessaa dheeressuu, gabaabsuu, laaffisuu fi jabeessuun barreessuun isa tokkodha. Kunis haala hin barbaachisneen yoo dheerate, gabaabbate, laafee fi jabaate, ergaan barreeffamaa jallachuu yookiin yaada ergichi qabatee jiru gadi lakkisuu danda’a.” Kana jechuun barreeffamichi ergaa barbaachiseef dabarsuu irraatti rakkoo qaba jedhama. Afaan oromoo keessatti sagaleen tokko qubeema tokkoon waan bakka bu’amuuf, qubee dachaas, yoo ta’e mallattoon lama wal bira bu’ee dhabbataadhaan akka qubee tokkootti waan tajaajiluuf, iddoo bakka bu’e sanatti waan bakka bu’e sanaaf sagalee tokkoof dhaabbata. Kun immoo afaan tokkoof baay’ee barbaachisaa dha. Akkasumas, Barnt and Stubbs (1980:385) yoo ibsan, *“Life would be easier if asound were always represented by the same letter.”* Akka yaada kanatti, qubeen tokko yeroo hundaa sagalee tokko bakka osoo bu’ee gaarii ta’uu dha. Kun immoo Afan Oromoof baay’ee mijata. Garuu sagalee bakka bu’u sanaaf qubee bakka bu’u sana hin keenye tanaan dogogorri barreessuu dhufuun isaa beekamaa dha. Kanarraan kan ka’e akkataan itti dubbifamu kallattii hiika jecha sanaa yookiin qubeewwaan jechi sun ittiin ijaaramuu male jijjiiruu danda’a. Kun immoo, Jijjiirraa hiikaa, Jijjiirraa Caasaa fi jecha ijaaramu sana hiika dhabsiisuu danda’a. (Andrzejewski, 1980).

#### 2.1.1.8.1. Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee

Seera barreessuu Afaan Oromoo keessatti bu`uura qubeessuutiif sagalee dubbifamaan sagaleewwan afaanichaa keessatti akkaataa fayyadamaa irratti xiyyeeffannoo kan barbaadanidha. Adeemsa jabeessuufi laaffisuu sagaleetiif qabata kan ta`anis isaan kana. Kanaafuu, wayita Afaan Oromootiin barreeffamu wanti sagaleessan qubeedhaan bakka bu`ee waraqaarra qubachuun barbaachisaadha. Kana yoo ta`uu baate, ergaan darbus kan gufate ta`uu isaati. Yaaduma kana ilaalchisee Geetaachoon (2006:28) haala kanaan ibsee jira.

> *Seera katabbii Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaa agarsiisuuf yommuu lama katabna. Seerri kun dubbifamtoota qubee yookiin mallattoo qeentee qaban qofaaf ta`a. Dubbifamtoonni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yommuu laafanis yummuu jabaatanis unka tokkoon barreeffamu waan ta`eefuu,dubbifamtoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessaatti jabinni sagalee gidduu hiriiraa yookiin jechaa qofaatti argama. Jalqabaa fi dhuma jechaa irratti Afaan Oromoo jabaachuu hin danda’u.*

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun akkuma dandaa'amu, dubbifamaan qeenxee ta'an yeroo lama jecha tokko keessatti kan katabaman yoo ta'e, sagaleen jecha sana keessatti dhagaahamu yookiin dubbifamu sagalee jabaadha. Akkasumas, Sagalee qeenxeen yeroo tokko kan katabamu yoo ta'e jechichi katabame sagalee laafaa ta'e qabaachuu nuuf mirkaneessa. Kanaafuu, Sagaleen jechoota katabnuu ulaagaa kana kan hin hordofne yoo ta'e ergaa barbaadame galmaan gahuu hin danda'u jechuudha.

#### 2.1.1.8.2. Dheeressuu fi Gabaabsuu Sagalee

Adeemsa qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa qaba jennee murteessuuf seeraa katabbii Afaan Oromoo hordofuun ta'uun barbaachisaadha. Akkuma, jabeessuu fi laaffisuun sagalee dubbifamarratti hundaa'ee adda baafamu, sagalee dheeraa fi gabaabaan immoo dubbachiisaa bu'uura kan godhatudha. Yaada kana ka'umsa godhachuun Getaachoo (2006:26), haala armaan gadittiin yoo ibsu,

> *Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan Oromoo warra bu'uuraa shananiin jechoonni gabaaboon yommuu uumamanidha. Sagalee dheeraa uumuuf yeroon barbaachisu sagalee gabaabaa uumuuf yeroo barbaachisu nicaala. Dabalata yeroo kanaan sagaleen uumamu hiika duraan qabu ni jijjiira. Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu gosa tokko lamaan barreessina jedha.*

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun kan dandaa'amu, uumamsa sagalee dheeraafi gabaabaa gidduu garaagarummaan yeroo akka jiruu fi akkasumas garaagarummaa hiikaas akka qaban salphaatti nu hubachiisa. Kanaafuu, adeemsa ijaaruu sagalee dheeraa fi gabaabaa keessatti dubbachiiftota xiyyeeffannoo keessa galchuun isa barbaachisaadha. Walumaa galatti, bifa gabaabaafi qorannoo kanaaf mijachuu danda'uun seerri (qajeelchi) qubeewwan Afaan Otromoo walitti jechoota ijaaruu danda'an kan armaan gadii ta'u.

**Dubbifamaa ilaalchisee**

- Dubbifamaan gosa tokkoos ta'e gosa garaagaraa qaama lama ta'ee jalqaba jechaa irratti hindhufu.
- Dubbifamaan gosa tokkoos ta'e gosa garagaraa qaama jechaa gidduu irratti lamaa ol ta'ee hinbarreeffamu.

- Dubbifamaan dhuma jechaarratti argamu osoo dubbachiiftuun boodarra hingalin gosa tokkoos ta’e gosa garaagaraa lama ta’ee hindhufu (hinqubeefamu).
- Gidduu jechaa irratti dubbifamaa irra butni yoo jiraates, dubbifamaan lamaa ol walitti aanee hindhufu.
- Dubbifamaan yoo gidduu jechaa jiraatu jabaatee barreeffamu (sagalee jabaa qaba ta’e) dubbifamaa gosa tokkoo lamatu walitti aanee barreeffama.
- Dubbifamtoota jiran keessaa ‘h’n eessattuu jabaachuu hin danda’u.

**Hudhaa (‘) ilaalchisee:**

Afaan Oromoo keessatti hudhaan iddoo qubeewwan garaagaraa galuun tajaajila kenna. Iddoo qubeewwan inni galu kunis, qubeewwan dubbifamtootaadha (Tafarii 1998). Fakkeenyaaf, hudhaan bakka qubeewwan (h, l, y) galee tajaajiluu danda’a. Fkn. Tahe (ta’e), ballaa (bal’aa), baayyee (baay’ee) kanneen jedhaman ilaaluun nidanda’ama. Kanaaf, hudhaan dubbifamaatti ramadama jechuudha. Mallattoo inni ittiin bakka bu’amus (‘) ta’a. Kanaaf, jechoota keessatti bakka inni galu galchuufi mallattoo isaaf kenname qofa fayyadamuutu eegama (Tamasgeen 1993). Sana ta’uu baannaan hiika dhabuu jechichaa, ergaa addaan kutuufi waaltiina barreeffama afaanichaa dhowwata. Hudhaa[‘]n yoomiyyuu hinjabaatu (lama ta’ee walitti aanee hinbarreeffamu).

**Dubbachiiftuu Ilaalchisee:**

- Dubbachiiftuun gosa tokkoo walitti aanee lamaa ol jalqaba, gidduufi dhuma jechaa irratti hindhufu.
- Dubbachiiftuun gosa adda addaa walitti aanee jecha keessatti hindhufu.
- Jechi sagalee gabaabaadhaan barreeffama yoo ta’e qubee dubbachiiftuu tokko qofaa fudhata. Kanaa ala jechichi hiika dhabuu, yookiin hiika jijjiiruu danda’a.
- Dubbachiiftuun sagalee dheeraa yoo bakka bu’u, dubbachiiftuu gosa tokkoo lamatu walitti aanee dhufa ( Geetaachoo,2005); (Tafarii,1998).

Dhamjechoota yoo barreessan kan waalta’aa akka waalta’ettiifi kanneen biroo ammoo akka Oromoon dubbatutti qubeessuun barbaachisaadha. Dabalees, dhamjechi hirkataan yoo of

danda’aa irratti maxxanu amala inni agarsiisu beekuun sirreessanii qubeessuun ni eegama (Nagaashiifi Kaawwan 1995).

Karaa biraa, Gass and Selinder (2008) immoo dogoggora qubeessuu xiinxaluuf qabxiilee ja’a tartiibaan kaa’u. Isaanis:

- Ragaa funaanuu (collective data)
- Dogoggora jiru adda baasuu (identify errors)
- Dogoggoroota mul’atan gareen kaa’uu.
- Lakkoofsaan kaa’uu (quantifying errors)
- Madda dogoggorichaa barbaaduu (analyzing source errors).
- Furmaata yookiin dogoggora sanaaf sirreefama kennuutti (remediating for errors) qooduun kaa’a.

Qabxiileen armaan olitti taa’an kun Afaan Oromoofis waan mijatan fakkatu. Kanaaf, qorannichis irra caalaa haala adeemsa kanaa hordofee jira. Gama biraatiinis, haalli itti ibsuu isaa immoo dogoggora sana keessaa tokko tokkoon gosoota dogoggoraa kam akka ta’an adda baafamuun ibsi itti kennama ( Ellis 2009).

Akkaataa gosaan dogoggora mul’atu qooduu kana Brown (1994), Lennon (1991) wabeeffachuun yoo kaa’u, “*The most generalized breakdown can be made by identifying errors of addition, omission, substitution, and ordering*,” jedha. Yaadni kun kan agarsiisu dogoggora tokko qoqqoodanii yoo kaa’an: itti dabaluu, keessaa hambisuu, bakka buusuufi tartiibadha. Adeemsi kun kan akka Gass and Selinker (2008) adeemsa bal’aa qabaachuu baatus qabxii isaan gareen qooduu jedhee kaa’e jala gala. Kunis kanuma afaan oromoo keessatti laaffisuu, gabaabsuu, jabeessuu, dheeressuu fi iddeesaa kan jedhaman waliin walfakkaata. Akaakuuwwan dogoggoraa kana keessatti hanga sadarkaa xinsagaa, jechaa, caasaafi haasbarruutti argamuu danda’a.

Qorannoon kunis, akkaataa dogoggora adda addatti qoodanii ilaaluun mul’atu kana ka’umsa godhachuun qabxiilee tarreefaman keessaa kan amala Afaan Oromoo waliin deemuu danda’u filachuun itti fayyadameera. Kunis, qoodinsa hayyuun tokko kaa’e qofa osoo hintaane, iddoo iddoo walitti fuudhuudhaani dha. Sababiinsaas, Afaan Oromoo irratti dhimma kana ilaalchisee qorannoon waliigalaa adeemsifame akka amala Afaan Oromoof ta’utti taa’e

hinjiru. Kanaafuu, kan hayyoonni yeroo garaagaraa xiyyeeffannoofi muuxannoo garaagaraan lafa kaawwatan keessaa akkaataa Afaan Oromoof ta'utti qabxiilee barbaachisan iddoo garaagaraatii walitti fiduun barbaachisaa ta'ee mul'ate. Qabxiileen walitti funaanaman kunniinis hanga tokko walfakkeenya qabu waan ta'eef yoo walitti dhufan kan walsimatanii deeman

## 2.2. Yaaxxinaalee Qaaccessa Dogoggoraa

Qaaccessi dogoggoraa hojii xinqooqaati. Xiinqooqa immoo baroota adda addaa keessatti yaaxinaalee garaagaraa kaa'uun hojii kana hojjechuuf yaalii taasisaa turan (Gass and Selinker, 2008). Yaaliiwwan taasifaman kanneenis jaarraa digdamaffaa keessa qaaccessa waldorgomsiisaa (contrastive analysis) uuman. Qaaccessi waldorgomsiisaa kun caasaa afaan tokkoffaafi lammaffaa walbiratti ilaaluun kan gaggeefamudha. Inni biraan, qaaccessa dogoggoraati (Error analysis). Kun ammoo hanqina qaaccessi walbira qabanii ilaaluun dogoggora qaaccessan qeeqquudhaan kan hanqina sana guutuuf jedhamee yaadamee uumamedha. Yaaxinaaleen kunniinis, akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 2.2.1. Yaaxxina Qaaccessa Waldorgomisiisaa

Qaaccessi waldorgomsiisaa kun yaada warra amaleessitootaafi caasessitootaa irratti hundaa'uudhaan kan baroota gara jalqaba 1960 keessa kan uumamedha(Brown, 1994). Yaadni qaaccessa waldorgomsiisaa kun adeemsa afaanota lama (afaan tokkoffaaafi afaan lammaffaa) walbira qabuudhaan waldorgomsiisee bakka caasaa afaanonni lamaan itti walfakaataniif gargar ta'an adda baasuudha.

Gama warra amaleessitootaatiin yoo ilaalamu, afaan ni amaleefatama; kan amaleeffatame sanatu isa haaraa nama quunnamu sana keessa seena jedhu. Yaada kana Gass and Selinker, (2008) yoo ibsan, *"Contrastive analysis is based on the theory of language that claims the language is habit and that language learning involves the stablishment of a new set of habits"* jedhu. Akka yaada waraabame kanaatti qaaccessi waldorgomiisaa yaada bu'uuraa afaan amaleeffannaadha.

Gama warra caasessitootaatiin immoo caasaan afaanota lamaan walbira qabamanii ilaalaman sanneen kan hammatudha. Akka yaada warra qaaccessa waldorgomsiisaatti, namni tokko kan

dogoggora uumu afaan tokkoffaa sana keessatti kan barate (amaleeffate) afaan isa lammaffaa sana keessa fiduudha jedhu (Grass and Selinker,2008). Kunis, kan ta'u afaanota lamaan caasaa isaaniitiin wal-hinfakkaannedha.Akka jecha isaaniitti 'interlanguage' jedhama(Brown, 1994); (Grass and Selinker, 2008).

Kan afaan tokkoffaa gara afaan lammaffaatti dhufuun dogoggora ta'anis, haala sagaleessuu (Pronunciation)fi seerota biroo ta'uu danda'u. Fakkeenyaaf, namni afaan Ingilizii afaan tokkoffaa isaa ta'e tokko jechoota afaan Oromoo hanga tokko baree jira yoo ta'e hima gadii akkasittiin kaa'uu danda'a.

'He saw her' kan jedhu 'Inni arge ishee.' jedhee kaa'uu dnda'a. Kun sadarkaa himaatti yoo ta'u, sadarkaa jechaatti yoo gadi dhufe jecha 'caalaa' jedhu 'chala' jechuu mala. Kun dhiibbaa afaan tokkoffaa irraa gara afaan lammaffaatti dhufedha. Sadarkaa sagaleessuutti yoo dhufne ammoo namni afaan Amaaraa Afaan tokkoffaa isaa ta'e jecha 'dhadhaa' jedhu 'dadaa' jedhee sagaleessuun yoo nibarreessa ta'e barreessuu yookiin yoo nidubbata ta'e dubbachuu danda'a. "Dadaa' jechi jedhu Afaan Oromoo keessatti gadqabamee yoo ilaalame hiika hinqabu. Yoo qabaates, waan barbaadame sanaaf osoo hin taane hiika biraa qabaachuu danda'a. Sababiinsaas, qubeen dhamsaga /dh/ bakka buutu Afaan Amaaraa keessa hinjiru (Gragg,1977). Haata'umalee, haalli qaaccessa kanaa hanqina garaagaraa qaba. Innis, dogoggorri dhiibbaa afaan tokkoffaa isa lammaffaa irratti taasisu qofaa miti. Afaanuma fayyadamaa jiran sana keessatti dogoggorri bifa adda addaan argamuu danda'uufi kan biroo tuquun hayyoonni qeeqa kaa'u (Brown,1994); (Grass and Selinker,2008). Kanarraa kan ka'es yaaxina qaaccessuu yaada guutuu qabata jedhamu kan biroo qophessuutti deemame. Haaluma kanaan qaaaccessi dogoggoraa uumame(qophaa'e).

### 2.2.2. Yaaxxina Qaaccessa Dogoggoraa

Hayyoonni hanqina qaaccessa waldorgomsiisaa guutuuf jedhanii walakkkessa jaarraa digdamaffaa booda jechuun baroota gara dhumaa 1960fi gara jalqaba 1970 keessa qaaccessa dogoggoraa kan uumaniifi ittiin hojjetanidha (Grass and Selinker,2008). Namichi kana beeksisuun beekames hayyuu 'Sephen J.Corder' nama jedhamudha. Yaadni bu'uuraa dogoggora qaaccessaa kanaa dogoggora namoonni afaanuma fayyadamaa jiran sana keessatti uuman qaaccessuu irratti kan xiyyeefatudha(Intralangauge). Gosa qaaccessa kanaa kessatti

baay’inaan kan mul’atu, namni tokko seera isa tokko yoo beeka ta’e isa fuudhee kan seera (caasaa) sana fudhachuu hindandeenye irratti hojiirra oolchuudha. Gabaabaadhumatti, seeruma tokkoon warra kaan dimshaashessuudha (Littlewood, 1984). Inni biraa, haala qabatamaa nannoodha (Norrish,1983). Kun haala sagaleessuu, dubbachuu hawaasa naannoo ofkeessatti qabachuufi haala qabatamaa meeshaaleen duraan jiran dogoggora yoo ta’e namni sana argee kan ofii isaa hojjetus dogoggoruu akka danda’u hammata(Littlewood, 1984); (Brown,1994); (Yeshitla, 1999). Akkasumas, dhibaa’ummaan dogoggora dhufutu jira. Kun kaka’umsa waliinillee walqabachuu kan danda’uufi xiyyeeffannoo dhabuu kan agarsiisu ta’uu danda’a. Haalli kun immoo afaan tokkoffaa keessattis nimul’ata(Ellis,2009). Dogoggoroonni mul’atan kunniin dogoggora qubeessuu, caasaafi hanga hiikaatti deemuu danda’u. Haata’u malee, qorannoon kun akkuma kaayyoo isaatti qubeessuun kan walqabatu qofaarratti yaaxina kana fayyadame.

Qaaccessa dogoggoraa kana irratti, Corder (1974) yaada yommuu kennu, *“The procedure for error analysis was as comprising five stages: selection of a corpus of language, identification of errors in the corpus, classification of the errors identified, explanation of the psycholinguistic causes of the errors, evaluation of the errors,”* jedha. Yaada kanarraa waanti hubatamu dogoggora qaaccessuuf sadarkaalee shan keessa darbuun akka barbaachisudha. Isaan keessaa ragaa funaanuu, dogoggora jiru adda baasuu, dogoggora mul’atan gareen kaa’uu, madaaluutiin ta’uu akka danda’u qorataan qaaccesseera.

Walumaagalatti, dogoggora qubeessuu qorannoo kana keessatti qaacceffamuuf yaaxxinaalee kanneen ka’umsa godhachuudhaan dogoggorri jiru kan qaaccefamedha. Yeroo ammaa namoonni Afaan Oromoon hojii gaggeessaa jiran afaanicha baay’inaan akka afaan tokkoffaatti kan fayyadaman ta’anis ta’e, kan afaan lammaffaa isaanii ta’eefis jiru. Kanaafuu, yaaxinaalee olitti ka’an bakka barbaachisaa ta’etti fayyadamuuf barbaadame. Qorannoo kana keessatti irra caalaa dogoggora qaaccessaatu hojiirra oole. Sababiinsaa irra caalaa dogoggoroonni mul’atan kan dhiibbaa afaan biraa irraa dhufu osoo hintaane kan afaanicha keessatti uumamudha waan ta`eef.

## 2.3. Sakatta`a Qorannoo Walfakkii

Qorannoowwan Afaan Oromootiin dhimma kana ilaalchisee gaggeeffaman muraasadha. Kan jiranis Alamuu (2007) mana barumsaa Alam Tafrii Wallagga Lixaatti kan argamu fudhachuun barattoota irratti kan gaggeesse yoo ta’u kaayyoon isaas dogoggora qubeessuu barattoonni agarsiisan kan yeroo sanaa qaaccessuudha. Dabalataanis, Bulloo (2008 ) mataduree “Xiinxala Dogoggora Xalayaalee Hojii: Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa’inaa Gudayyaa Biilaa Irratti Xiyyeeffate.” jedhurratti kan gaggeesse yommuu ta’u, kaayyoon isaa dogoggora qubeessuufi qubguddeessaa xalayaalee hojii mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa’inaa keessatti argaman sakatta’uun fala kaa’uudha. Kan biraan ammoo, Geetoo (2012) mata duree “Xiinxala Dogoggora Qubeessuu: Xiyyeeffannoo Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Baalee Gasgaar” jedhu irratti kan gaggeesse yommuu ta’u, kaayyoon isaa rakkoo qubeessuu waajjiraalee mootummaa aanaa Balee Gasgaar keessa jiran balballoomsuufi furmaata kaa’uudha.

Qorannoon kun garuu waajjira mootummaa kan xiyyeeffateefi hanqina dogoggora qubeessuu xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atan adda baasuudhaan furmaata kaa’uudha. Hanqinni qubeessuu kunis, miidhaa inni gama caasaafi hiikaan qabu irratti kan xiyyeefatedha. Kunis, adeemsi isaas barachuufi barsiisuu kan xiyyeefatu osoo hintaane beekumsa waliigalaa dandeettii Afaan Oromoo irratti qubeessuu hojettoonni waajjiraalee mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa qaban ilaallata. Maddi odeeffannoo isaas, dookimentii sakatta’uufi afgaaffiin odeeffannoo funaannachuun qaaccesseera. Akkasumas, iddattoon qorannoo kanaaf fudhatamanis, sakatta`a dookumentiifi hojjettoota mootummaa waajjiraalee mootummaa aanaa Guutuu Giddaa keessaa hojjetanidha.

# BOQONNAA SADII: MALEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti, akkaataa qorannoon kun ittiin adeemsifameefi mala yookiin tooftaa qorannoon kun ittiin gaggeeffametu dhiyaata. Haaluma kanaan, saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoofi mala filannoo iddattoo, meeshaalee ragaan ittiin funaanaman, adeemsa odeeffannoon ittiin walitti qabameefi mala ragaaleen itti qaacceffaman boqonnaa kana keessatti hammatamaniiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun Xiinxala Dogoggora Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atan xiyyeeffatee ragaalee argaman sakatta'ee xiinxaluun yaada furmaataa eeree jira. Saxaxni qorannoo kanaa qorataan mata-dureefi kaayyoo isaa irratti hundaa'uun ragaa argate lakkoofsaan osoo hin taane jechootaan ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf saxaxni qorannoo kanaa ibsaadha. Malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'e, maaltu akka ta'aa jiru, kan ittiin addaan baafannudha. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Cohen and others(2005) Addunyaa(2011) keessatti yoo ibsan,'*Research design is governed by the notion of fitness for purpose.The purposes of the research determine the methodology and design of the research.*' jedhu.

## 3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf qorataan odeeffannoo gahaafi barbaachisaa ta'e argachuuf kan inni dhimma itti ba`e xalayaalee waajjira Barnootaafi waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessaa bara 2010-2011 keessa bahanii raabsamaniifi hafii isaanii faayila keessatti hidhamanii argaman, akkasumas, xalayaalee ibsa garaagaraa qabatanii iddoo adda addaatti maxxanfaman xiinxaluudha. Dabalataanis, hojjettoota Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Gutoo Giddaa keessaa hojjetan irraa odeeffannoo funaannachuunidha. Kanaafuu, irraawwatamni qorannoo kanaa xalayaalee sakatta`amaniifi hojjettoota Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa keessa hojjetan irrattidha.

## 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Iddattoo tooftaalee adda addaatiin filachuun nidanda'ama: carraa, mit-carraafi lamaanuu walitti makuun ta'uu danda'a(Addunyaa, 2011). Adeemsa isaaniifi kaayyoo qorannoo isaarraa ka'uun qorataan iddatteessuu mit-carraatti dhimma baheera. Iddatteessuun mit-carraa akkuma maqaa isaa irraa hubannu deebistoonni kan filataman carraadhaan osoo hin taane, kaayyoo irratti hundaa'uun kan filatamanidha. Iddatteessuu akkayyoo (kaayyoo irratti hundaa'uun) iddattoo filachuun akaakuu iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko ta'ee kan qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessu ilaallata (Addunyaa, 2011). Kanaaf qorataan waajjiraaleen mootummaa sadarkaa aanaatti kanneen amalaafi adeemsa hojii mataasaanii qaban hedduun waan jiraniif hunda isaanii irratti qorannoo geggeessuuf humna qoratichaa ol ta'u. Haaaluma kanaan waajjiraalee jiran keessaa  Waajjira Barnootaa Aanaa Guutoo Giddaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa iddatteessuu miticarraatiin filateera. Sababiinsaa, hariiroon hojii qorataafi waajjira barnootaa tokko waanta'eef; akkasumas hariiroon Waajjira BLTOfi waajjira barnootaas walitti hidhannaa waan qabuuf akkasumas waajjiraalee kana lamaan naannoo tokkotti argatee odeeffannoo irraa walitti qabachuufidha. Erga waajjirri miticarraan filatamee booda iddattoon  xalayaalees tooftaa iddatteessuu akkayyoo irratti hundaa'uun xalayaalee jiran keessaa kan bara 2010fi 2011 keessa barreeffaman keessaa xalayaalee 90 filachuun isaan keessaa xalayaalee 30 sakatta`uuf adda baafateera. Sababni xalayaaleen kan bara 2010fi 2011 akka filataman ta`eefis haala yeroo wajjin walqabsiifnee yoo ilaalle Afaan Oromoo yeroo ammaa kana qulqullinaan barreeffamuu akka qabu qorataan  ilaalcha keessa galchuun xalayaalee yeroo dhiyoo as haaromsa wajjin wal qabatanii barreeffaman irratti xiyyeeffate. Xalayaalee  kanas mala iddatteessuu akkaayyootiin xalayaalee 90 walitti qabaman, keessaa 30 sakatta`uun qorataan qaaccesseera. Saabni xlayaaleen 30  keessaa filatamaniifis isaan dogongora irra caalaatti qaban waan ta`aniif malee isaan hafanis dogongora hin qaban jechuu miti. Iddattoon namootaas tooftaa iddatteessuu akkayyoo irratti hundaa'uun  hojjettoota waajjira barnootaa keessaa: Itti gaafatamaa, itti aanaafi barreessituun, akkasumas, waajjira BLTO keessaa itti gaafatamaa, hojjetaafi barreessituun akka filataman ta'eera. Sababiinsaa, yeroo hedduu xalayaa warra barreessisuufi warra barreessan waan ta'aniif, hubannoo tokko qabu tokko qabaachuu dhiisuu waan danda'uuf,

odeeffannoo bal’aafi gadifageenya qabu namoota adda addaa irraa argachuufidha. Karaa biraatiin, hojjettoonni waajjira sanaa kan yeroo dheeraa hojjetan, kan yeroo muraasa hojjetaniifi kan reefuu qaxaramanii hojiitti bobba’an jiraachuu danda’u. Hojjettoota beekumsaafi muuxannoo adda addaa qabanirraa odeeffannoo bal’aafi barbaachisaa funaannachuun kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uun qorannicha ni milkeessa jedhee qorataan waan itti ameneefi.

Kanaafuu, qoratichis qabxiilee armaan olitti  jiran xiinxaluun karaa itti ragaa ga’aa argachuu danda’u keessaa iddatteessuu mit-carraa keessaa akkayyoo filateera. Haaluma kanaan, iddatteessuun qorannoo kanaa hojjettoota Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa filatamaniiru. Kunis,kan barbaachiseef ragaa barreeffamoota adda addaa sakatta’uudhaan argame cimsuufidha. Haala kanaan iddatteessuun waajjiraa, xalayaaleefi namootaa  raawwatameera.

### 3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Qorannoo gaggeessuuf odeeffannoon baay’ee barbaachisaadha. Kunis ta’uu kan danda’u odeeffannoon funaanamuu qaban meeshaalee isaaniif ta’uun yoo funaanaman qofaadha. Odeeffannoo lakkoofsaan ibsamaniifi jechaan ibsamaniif meeshaan isaan ittiin funaanaman garaagara. Odeeffannoo akkamtaaf funaanuuf afgaaffii hincaaseffamne, marii garee xiyyeeffannoo, daawwannaa, dokimentii garaagaraa xiinxaluufi kkf gaggeessuun funaanama. Qorannoo kanaaf, qorataan odeeffannoo bal’aafi gadfagoo argachuudhaaf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman isaan armaan gadii filateera.

#### 3.4.1. Dookimentii (Xalayaalee) Sakatta’uu

Xalayaalee Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessaa kanneen dhaaba manaafi eddoo garaagaraatti hapheeffaman (dhoobaman)fi hafii xalayaaleetu sakatta’ameera.Xalayaaleen kunis kan bara 2010fi 2011 keessa barreeffaman xiyyeeffata. Bushoo(2008) Clandinin(2000) wabeeffachuun,“Dookimentii sakatta’uun xalayaalee dookimentii ta’anii jiran yookiin walitti qabamanii jiran irra deebi’anii ilaaluun hanqina achi keessaa xiinxaluu akka ta’e” ibsee jira. Achuma keessatti dabalee akka ibsetti gosoonni dookumentii sakatta’amuu qaban waantoota barreeffamanii jiran, kanneen akka waraqaalee

shaakallii (work sheet), xalayaalee garaa garaa, galmeewwan uummataa(public recoreds), maxxanfamoota adda addaa (posters), kaartaa, suurota adda addaafi waraabbii sagaleewwan garaagaraa akka ta'an ibseera. Odeeffannoon sakatta'aan argamu kan afgaaffiin argamu caalaa fudhatama akka qabu qoratichi meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannatan keessaa mala kanatti dhimma baheera. Sababni dookimentiin filatameefis, hanqina qubeessuu haala qabatamaan akka xiinxalamu barbaadameeti.

### 3.4.2. Afgaaffii

Meeshaalee funaansa ragaatiif barbaachisan keessaa tokko afgaaffiidha. Dastaa (2002) faayidaa afgaaffii yoo ibsu, "yeroo afgaaffiidhaan odeeffannoo funaannannu kan inni afaaniin dubbatu caalaa fuullisaa yommuu jijjiiramu, sagaleensaa yommuu jijjiiramu, hidhiinsaa yommuu gogu, sochii harkaafi ijaarraa odeeffannoon argamu jiraachuu danda'a" jedha. Kanarraa waanti hubatamu afgaaffiin odeeffannoo haqaafi qabatamaa argamsiisuuf humna guddaa kan qabu ta'uusaati. Kanarraa ka'uun qorataan afgaaffiif hojjettoota dhiira 3, dubara 3, walitti 6f gaaffilee hin caaseffamne dhiyeessee jira.

Afgaaffii qophaa'e deebistootaaf dhiyeessuun odeeffannoo isaan kennan qorataan barreeffateera. Kunis, dhimmicharratti odeeffannoo ga'aa haala ifaa ta'een argachuuf barbaadameeti. Faayidaan afgaaffii kun warra odeeffannoo irraa argamu sana qaaamaan yookiin sagalee isaaniin waan dhiyeessaniif odeeffannichi qabatamaa ta'a jedhamee yaadama. Yaada kana irraa kan hubatamu odeeffannoon argame sun amanamaa ta'a jechuudha. Dabalees, yaada bal'aafi guutuu argachuun akka dandaa'amus, Saraantakos (2006) ni ibsa. Kanaafuu, qoratichis qorannoo isaa irratti odeeffannoo amanamaa, gadfageenya qabuufi guutuu ta'e argachuuf meeshaalee ittin odeeffannoo funaannatu keessaa tokko afgaaffii taasiseera.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen meeshaalee garaa garaan funaanaman mala akkamtaa (qualitative meathod) fayyadamuun qorataan qaaccessee jira. Haaluma kanaan, qorataan ragaalee sakatta'a dokimentootaarraa argaman akka ifa ta'utti jalqaba akkaataa walfakkaataniin gosa gosaan gabateen kaa'eera. Dogoggoroonni kanneenis kan bakka hinbarbaachifnetti dheeratan gabatee tokko jalatti, kan osoo dheerachuu qabanii gabaabbatan immoo gabatee biroo jalatti

qooduun akkasumas, kanneen osoo laafuu qabanii jabaatan, osoo jabaachuu qabanii laafan, hanqina hudhaarratti, irra butaa irratti, dubbachiisaa irratti qabaniif adda addatti gabateen qoodee kaa’eera. Itti aansee, kanneen jechaan taa’an qaaccessuunis jechoota dogoggora qubeessuu qabaatanii funaanaman akka adeemsi isaa sirrii ta’utti dogoggora kan jedhu jalatti tarreessuun gara itti sirreeffaman immoo sirrii kan jedhu jalatti tarreessee kaa’eera. Achii booda, qaaccessa irratti gaggeesseera. Dabalataanis, qorataan afgaaffii hojjettoota waajjiraalee filatamaniif dhiyeesserraa deebii argate qaaccessee jira. Erga ragaaleen sakatta’a dookimentiifi afgaaffii irraa funaanaman xiinxalamanii booda odeeffannoo karaa lamaanuu argaman walitti fiduun yaada argatee irraa hubate ragaa godhachuudhaan ibsa itti kenneera. Ragaalee argaman kanneenis, mala akkamtaan ibsa dabalataa bal’inaan itti kennuun qorataan odeeffannoo argate jechaan qaaccesseera. Adunyaan, (2011:60) waa’ee mala akkamtaa yommuu ibsu,“Malli kun odeeffannoo aslii hanqina qoratamu sana gadi fageenyaan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuurratti humna qaban xiyyeeffata.” jedha. Dhuma irratti yaada argannoofi furmaataa kaa’eera.

# BOQONNAA AFUR: RAGAALEE QAACCESSUUFI HIIKUU

Boqonnaan kun odeeffannoo argame dhiyeessuu, qaaccessuufi hiikuurratti kan xiyyeeffatedha. Odeeffannoowwan boqonnaa kana keessatti qaacceffaman kunneenis odeeffannoowwan xalayaalee Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa, mana galmee keessatti argaman,xalayaalee mana barumsaaf ergamaniifi afgaaffii iddattoowwan filatamaniif dhiyaaterraa kan argamedha.

## 4.1. Qaaccessa Akaakuu Dogongoraan Qubeessuu

Akaakuu dogoggora qubeessuu kan qorataan dookimentii sakatta'ee akkasumas, afgaaffii iddattoota filataman waliin taasiserraa argate walduraa duubaan haala armaan gadiitiin qaaccesseera.


### 4.1.1. Dogoggora Sagalee Dubbachiiftuu Osoo Dheerachuu Qabanii Gabaabbatan

Barreeffama keessatti sagaleen dheeraan sagalee dubbachiiftuu gosa tokko ta'an lama bakka barbaachisaa ta'etti walitti aansanii qubeessuudha. Jechoota sagalee dheeraan barreeffamuu qaban keessaa yeroo hir'isan immoo gabaabaa ta'ee dhaamsa jechichi dheeratee qubeeffame dabarsuu danda'u hiika dhowwata. Xalayaalee waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessaa ba'an qorataan erga sakatta'ee jechoota osoo dheeratanii qubeeffamuu qabanii warri barreessan dogoggoraan gabaabsanii barreessan adda baasee qaaccessuun ibsa itti kennee jira. Dogoggoroonni mul'atanis haala armaan gadiitiin qaacceffamanii jiru.

*Xalayaa Lak. Galmee WBAGG 1233/694/0-1* gaafa guyyaa *4/07/2011* ta'ee barreeffame keessatti jechoota dogoggoraan qubeeffaman yommuu ilaallu, akkanatti barreeffamee jira. Kan xalayicha irratti barreeffamee jiru sirriitti waan hin mul'anneef akka dubbifamuu danda'utti qorataan haala armaan gadiin qindeesseera. *"Dhimmi:- Deeggarsa kennuu ta`a. Innis B/saa Mokonnon Raggaasaa kan jedhaman raga qorannoodhaf/waraqaa eebbaa/guurrachuuf gara manneen barnootaa sad.2ffaa aanaa keenyaa yommuu dhufaan deeggarsa akka taasifnu W/B/A/Jimmaa Arjoo xalayaa lakk 1585/D-04/2011 gaafa 19/04/2011 barreessen nugaafatera haaluma kanaan barsiisaa maqaan isaanii armaan olitti*

*caqafame kana isinis gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa akka gootaniif xalayaa kanaan gara keessant erguu keenya nibeksifna.*

Ragaa



Lakk. 1233/694/D-1
Guyyaa 4/7/2011

M/B Ukkee sad 2ffaa fi Luugoo sad 2ffaa

B/J

Dhimmi isaa :Deegarsa kennuu ta'a

Innis B/saa Mokonnon Raggaasaa kan jedhaman raga qorannoodhaf/waraqaa eebbaa/guurrachuuf gara manneen barnootaa sad.2ffaa aanaa keenyaa yommuu dhufaan deeggarsa akka taasifnu W/B/A/Jimmaa Arjoo xalayaa lakk 1585/D-04/2011 gaafa 19/04/2011 barreessen nugaafatera haaluma kanaan barsiisaa maqaan isaanii armaan olitti caqafame kana isinis gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa akka gootaniif xalayaa kanaan gara keessant erguu keenya nibeksifna.

Nagaa wajjiin

Tamasgeen Gabbisaa Yanfaa

G/G


- B/saa Mokonnon Raggaasaa

B/J

Xalayaa kana keessatti jechoonni akkaataa ittiin barreeffamuu qabaniin ala seera barreeffama Afaan Oromoo cabsanii kan barreeffaman hedduutu jiru. Isaanis: ***raga, qorannoodhaf, dhufaan, lakk, barreessen, nugaafatera, keessant, nibeksifna***. Jechoonni osoo dheerachuu qabanii gabaabbatanii dhaamsa xalayaa kanaa gufachiisan: ***raga, qorannoodhaf, barreessen, nugaafatera, nibeksifna*** kan jedhanidha. Jechoonni armaan olitti dogoggoraan qubeeffaman akka armaan gadiitti walduraa duubaan sirreeffamanii qubeeffamuu qabu: ***ragaa, qorannoodhaaf, dhufan, lak., barreesseen, nugaafateera, keessanitti, nibeeksifna*** kan jedhutti sirreeffamuu qabu. Hamma kana hintaanetti xalayaan armaan olii ergaa hin dabarsu, seera barreeffama Afaan Oromoos cabseera.

*Xalayaan lakk.WB/AGG-1566//694/0-1 gaafa guyyaa 13/9/2011 ta'ee barreeffame keessatti akka ibsutti: Dhimmi:-Deggarsa kennuu ta`a. Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalame B/saa Katamaa Raggaassaa iyyata gaafa 13/09/2011 dhiyeeffataniin haadha manaa isaanii kan ta`an kaadhimamtuu B/stu Fayinee Gammachuu kan jedhamtuf kolleejjii keessanitti barataa kan jirtu yommuu ta`u yeroo eebbifamtutti gara Aanaa isaan keessatti hojjechaa jiran kanatti akka ramaddiin kennamuuf deggarsi akka barreeffamuuf nu gaafataniiru. Haaluma kanaan B/saan kun hojjetaa dhaabataa Aanaa Guutoo Giddaa ta`u isaanii fi barii qacarii isaanii 1/2/2002 fi miindaan isaan ji`an argatan qarshii 3579(kuma sadii fi dhibba shanii fi torbaatamii sagal) ta`u ibsaa karaa gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa akka gootaniif kabajaan isin gaafanna.* Xalayaa kana keessatti jechoonni osoo dheerachuu qabanii gabaabbatanii osoo jabaachuu qabanii laafanii qubeeffaman: ***jedhamtuf, dhaabataa, ta`u, barii, qacarii, ji`an, ta`u*** kan jedhaman nimul`atu. Fakkeenyaaf xalayaa kana keessatti ***'barri'*** jedhanii barreessuu barbaadanii garuu, ***'barii'*** jedhanii barreessani. Jechoonni kun lamaan immoo hiika garaa garaa qabu. As keessatti jechi 'barii' jedhu ganama/obboroo hiika jedhu  qaba malee jecha 'barri' jedhu bakka bu`uu hin danda`u. Jechoonni seera Afaan Oromoo eeganii hin barroofne kanneen biroonillee hiika hin qabani. Xalayaa kana hiika dhowwateera, seerri barreeffama Afaan Oromoo cabeera, ergaan barbaadame guutummaan guutuutti akka hin dabarre gufuu ta'eera, qabee waan nama dhaabuuf fedhii dubbisaa illee ni ajjeesa

Ragaa



Lakk 1566/694/D-1

Guyyaa 13/9/2011

Kollejjii Barsiisota Naqamteef

Naqamtee

Dhimmi isaa:- Deggersa kennuu ta'a

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalame B/saa A/G/Giddaa kan ta'an **B/saa Katamaa Raggassaa** kan jedhaman iyyata gaafa 13/09/2011 dhiyeeffataniin haadha manaa isaanii kan ta'an kaadhimamtuu **B/Stu Fayinee Gammachuu** kan jedhamtuf kolleejjii keessanitti barataa kan jirtu yemmuu ta'u yeroo eebbifamtutti gara Aanaa isaan keessatti hojjechaa jiran kanatti akka ramaddiin kennamuuf deggarsi akka barreeffamuuf nu gaafataniiru.

Haaluma kanaan B/saan kun hojjetaa dhaabataa Aanaa Guutoo Giddaa ta'u isaanii fi barii qacarii isaanii **1/2/2002** fi miindaan isaan ji'an argatan qarshii **3579(Kuma sadii fi dhibba shanii fi torbaatamii sagal)** ta'u ibsaa, karaa gama keessaniin deggersa barbaachisaa akka gootaniif kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Solomoon Abbabaa

Raawwataa Hojii A/M/Barsiisotaa

Kanaafuu, jechoonni dogoggoraan qubeeffaman kunneen haala kanaan barreeffamuu qabu: ***jedhamtuufi, dhaabbataa, ta`uu, barri, qacarrii, ji`aan***, jedhamanii seeraan barreeffamuu qabu.


**Gabatee 4.1: Jechoota xalayaalee keessatti dogoggoraan gabaabbatanii barreeffamanii hiika duraa jijjiiraniifi hiika dhaban keessaa muraasa:**

| Jechoota Dogoggoraa | Hiika | Jechoota Sirrii | Hiika | Dabalee irra haa ilalamu |
|---|---|---|---|---|
| Raga | - | Ragaa | Odeeffannoo | $E_1$ |
| qorannoodhaf | - | Qorannoodhaaf | Xiinxaluudhaaf | $E_1$ |
| Nugaafatera | - | Nugaafateera | Nuqabsiiseera | $E_1$ |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Barreessen | - | Barreesseen | Katabeen | $E_1$ |
| Nibeksifna | - | Nibeeksifna | Niibsina | $E_1$ |
| Jedhamtuf | - | Jedhamtuuf | Waamamtuuf | $E_2$ |
| Kollejjii | - | Kolleejjii | Dhaabbata | $E_2$ |
| ta`u | - | ta`uu | | $E_2$ |
| Ji`an | | Ji`aan | Baatiidhaan | $E_2$ |

*Xalayaan Lak.Galmee isaa WB/AGG/ 20105/69-2 gaafa guyyaa 24/01/2010 ta'ee barreeffame immoo akkas jedha, "Dhimmi:- Deggersa sukkaaraa fi zayitaa kennuu ta`a. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame hojjetaa aanaa keenyaa kan ta`an obboo Malkaamuu Nagaash hojeetaa degaraa M/B Ukkee sad.1ffaa yemmuu ta`u deggarsa sukkaaraafi zayitaa akka kennamuuf iyyata barreeffamaan gaafatanis rabisaan buffaa Ukkee qacarii Haraa Waxabajjii 2/2009 kan qacaarameef karaa Gandaa bajeetaa hin qabanuu jechuu waan orikameef kara keesaan idoo itti degaramuu deendaa`utti deggersi akka godhamuuf kabajaan isin gaafanna* kan jedhu barreeffamee jira. Xalayaa kana keessatti dogoggora qubeessuu hedduutu mul'ata. Jechoota dogoggoraan osoo sagaleen isaanii gabaabbachuu qabanii dheeratanii, osoo jabaachuu qabanii laafanii, akkasumas osoo laafuu qabanii jabaatanii barreeffamuun dhaamsa xalayichaa jijjiiran akka itti aanutti adda bahanii akkamitti sirreeffamuu akka qaban qoratichi adda baaseera. Jechoonni dogoggoraan barreeffaman: ***obboo, hojeetaa, degaraa, rabisaan, buffaa, qacarii, Haraa, qacaarameef, bajetaa, hin qabanuu, jechuu, orikameef, kara, keesaan, idoo, degaramuu, deendaa`utti***, kanneen jedhaman turan. Jechoonni kun seera Afaan Oromoo eeganii waan hin barreeffamneef, guutummaan xalayichaa akka dhaamsa dhabu taasisanii jiru. Qaamni xalayaa kana dubbisus ergaa isaa hubachuu hin danda`u. Kanaafuu, jechoonni armaan olitti dogoggoraan qubeeffaman walduraa duubaan akka itti aanutti sirreeffamuu qabu. Isaanis: ***Obbo, hojjetaa, deggarsaa, raabsaan, buufata, qacarrii, haaraa, qacarameef, baajeta, hinqabnu, jechuun, dhorkameef, karaa, keessan, iddoo, deggaramuu, danda`utti*** kan jedhamanitti sirreeffamuu qabu.

Ragaa



Lakk

Guyyaa 24/1/2010

**Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Aanaa Guutoo Giddaaf**

**Naqamtee**

**Dhimmi isaa:-** **Deggersa sukkaaraa fi zayitaa kennuu ta'a**


Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame hojjetaa aanaa keenyaa kan ta'an **obboo Malkaamuu Nagaash** hojeetaa degaraa M/B **Ukkee sad.1ffaa** yemmuu ta'u deggarsa sukkaaraa fi zayitaa akka kennamuuf iyyata barreeffamaan gaafatanis rabisaan buffaa Ukkee qacarii Haraa Waxabajii 2/2009 kan qacaarameef karaa Gandaa bajeetaa hin qabanuu jechun waan orikameef kara keesaan idoo itti degaramuu deendaa'utti deggersi akka godhamuuf kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Tamasgeen Bulchaa Bereddaa

*Xalayaa Lak.WBAGG-14103//472/B-1 gaafa guyyaa 06/09/2011 ta'ee barreeffame keessa dogoggorri jiru immoo akka itti aanu kana fakkaata. Innis, 'Dhimmii isaa mannen barnoota muuxannoo gagaarii dabarsuuf filatame isiin beeksiisuu ta`a. Akkumaa armaan oliitti ibsamuuf yaalametii koreen managimeentii walga`ii guyyaa gaafa 5/9/2011 ta`een manneen barnootaa muuxannoo gagaarii dabarsuuf dhiyaatan keessaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessaa manni barumsaa Horroo Alaltuu muuxannoo dabarsuuf akka danda`uu filatamee manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessaa m/b Luugoo sadarkaa 2ffaafi Qopha`ini Ukkee muuxannoo dabarsuu kan dandaa`n ta`uu isaa ibsaa, xalaaya gageesituu kanaan murtoo koreen managimeentii kana walii qabsiifne isiin erguu keenyaa kabajan isiin beeksifna'* kan jedhamu barreeffamee jira. Xalayaa kana keessatti dogoggoroonni garaagaraa bal'inaan ni mul'atu. Jechoonni rakkoo qubeessuu qabanis, ***Dhimmii, mannen, barnoota, gagaarii, isiin, beeksiisuu, yaalametii, ta`een, danda`uu, Qopha`ini, dandaa`n, xalaaya, gageesituu, walii qasiifne, isiin, kenyaa, kabajan*** kanneen jedhamanidha. Dogoggoroonni kunneen immoo dhaamsa xalayaan kun dabarsuuf barreeffame ni harcaasu..

Ragaa


Lakk 14103/472/B-1

Guyyaa 06/9/2011

Qajeelchaa Barnootaa Godina wallagga Bahaaf

Naqmtee

**Dhimmii isaa mannen barnoota muuxannoo gagaarii dabarsuuf filatame isiin beeksiisuu ta'a**

Akkumaa armaan oliitti ibsamuuf yaalametii koreen managimeentii walga'ii guyyaa gaafa 5/ 09/2011 ta'een manneen barnootaa muuxannoo gagaarii dabarsuuf dhiyaatan keessaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessaa manni barumsaa Horroo Alaltuu muuxannoo dabarsuuf akka danda'uu filatamee manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessaaa m/b Luugoo sadarkaa 2ffaa fi Qopha'ini Ukkee muuxannoo dabarsuu kan dandaa'n ta'uu isaa ibsaa, xalaaya gageesituu kanaan murtoo koreen managimeentii kana walii qabsifne isiin erguu kenyaa kabajan isiin beeksifna


Nagaa wajjiin

Ragaa kanarraa hubachuun akka danda'ametti jechoota dogoggoraan qubeeffamanii ergaa xalayichaa dabsan hedduutu jiru. Fakkeenyaaf, ***ibsamuuf yaalametii***, kan jedhu qubeen keessaa hafeefi itti dabalame waan jiruuf hiika hinqabu. Kanaaf, ***ibsamuuf yaalametti,*** jedhamee sirrachuu qaba. ***Akka danda`uu,*** kan jedhuttis qubeen seeraan ala dabalame waanjiruuf hiika dhowwata. Kanaaf, ***akka danda`u*** jedhamee akka hiika qabeessa ta'utti qubeeffamuu qaba. Dabalataanis, ***isiin erguu keenyaa*** kan jedhu kun haala amma jiru kanaan hiika hin qabu. ***Isiin*** jechi jedhu yaad-rimee ***isin*** jedhu caalaa ***isheen*** ykn ramaddii 3ffaa qeentee argisiisa. Kanaafuu, ***'isin erguu keenya'*** kan jedhutti sirreeffamee barreeffamuu qaba. Jecha dogoggoraan qubeeffame kan biroo yoo ilaalle immoo, jecha ***'kabajan'*** jedhu arganna. Akka jecha kanaatti ***ulfina kennaniif*** yaada jedhu qaba. Sirreeffamee yommuu qubeeffamu immoo ***'kabajaan'*** kan jedhu yommuu ta'u, ***'ulfinaan'*** hiika jedhu qaba. Mana barumsaa muuxannoo gaggaarii dabarsuuf filatame, ***isiin beeksisuu*** ta`a' kan jedhu kun

immoo,***‘isheetu beeksisa’*** hiika jedhu of keessaa qaba. Kun immoo ergaa xalayichaa jijjiireera. Kanaafuu ***‘isin beeksisuu ta`a’*** kan jedhutti sirreeffamee barreeffamuu qaba.

*Xalayaa Lak.WBAGG-1242/472 barreeffame keessa dogoggorri jiru immoo akka itti aanu kana fakkaata. Innis, ‘Dhimmi: isaa bay`ina barsiisootaafi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fodhataan fi kan milkaan isiin beksiisuu ta`a. Akkumaa armaan oliit ibsamuuf yaalameti bay`ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhaatanfi kan milkaan % dhaan guutuun waraqaa fuula lama(2) xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsifnee isniif erguu keenya ni beeksifna*. Xalayaa kana keessatti jechoota dogongoraan qubeeffaman hedduu argina. Fakkeenyaaf isaan keessaa jecha ***‘Akkumaa’*** jedhu yoo fudhanne hiika, maqaa nama ***‘Akkumaa’*** jedhamuu qaba. Ergaa xalayichaa wajjin hin deemu. Kanaafuu ***‘akkuma’*** jedhamee sirraawuu qaba.

Ragaa



Lak-1242/472
Guyyaa 5/7/2011

Waajjira Barnootaa Godina Wallagga Bahaaf.

Naqamtee

Dhimmi:isaa Baay’ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhataan fi kan milkaan isiin beksiisuu ta’a.

Akkumaa armaan oliit ibsamuuf yaalameti baay’ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhaatanfi kan milkaan % dhaan guutuun waraqaa fuula lama(2) xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsifnee isniif ...

Nagaa wajjin


Suusii Toleeraa Dabaloo
Raawwataa Hojii K/E/Ogu/fi
H/Barfi Hoogganaa Barnootaa

Kanaafuu, xalayaan kun haala armaan gadiitiin sirreeffamee barreeffamuu qaba. *'Dhimmi isaa: Baay`ina barsiisotaafi hoggantootaa qormaata hanga ammaatti fudhataniifi milkaa`an isin beeksisuu ta`a. Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti baay`ina hoggantootaa qormaata hanga ammaatti fudhataniifi kan milkaa`an % dhaan guutuun waraqaa fuula lama(2) xalayaa geggeessituu kanaan wal qabsiifnee isiniif erguu keenya ni beeksifna'* jedhamee haala ifaafi ergaa dabarsuu danda'uun sirreeffamee barreeffamuu qaba. Kanaafuu, jechoota osoo dheerachuu qabanii dogoggoraan gabaabbatanii qubeeffaman kan qorataan sakatta'ee adda baasee qaaccesse dabaleerraa ilaalaa.

### 4.1.2. Dogoggora Sagalee Dubbachiiftuu Osoo Gabaabbachuu Qabanii Dheeratan

Barreeffama garaagaraa keessatti sagalee gabaabaan yommuu dubbachiiftuu gosti tokko, tokko ta'ee dubbifamaa dura, gidduufi booda galu kan uumamudha. Jecha sagalee gabaabaan barreeffamutti dubbachiiftuu isa fakkaatu itti dabalanii yoo barreessan dheeratee dhaamsa inni gabaabaan dabarsuu danda'u akka hin dabarsine taasisa. Xalayaaleen Waajjira Barnootaa Aanaa Guutoo Giddaa keessaa hanqina akkasii ykn sagalee gabaabaa dheeressanii qabatanii bahan haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

Ragaa


Lak-1242/472
Guyyaa 5/7/2011

Waajjira Barnootaa Godina Wallagga Bahaaf.

Naqamtee

Dhimmi:isaa Baay'ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhataan fi kan milkaan isiin beksiisuu ta'a.

Akkumaa armaan oliit ibsamuuf yaalameti baay'ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhaatanfi kan milkaan % dhaan guutuun waraqaa fuula lama(2) xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsifnee isniif

Nagaa wajjin

Suusii Toleeraa Dabaloo

Raawwataa Hojii K/E/Ogu/fi
H/Bar/fi Hoogganaa Barnootaa


*Xalayaa lak. Galmee  WBAGG  -1242/472 gaafa guyyaa 5/07/2011 barreeffame akka ibsutti, Dhimmi: isaa Baay`ina barsiisootaafi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fodhataan fi kan milkaan isiin beksiisuu ta`a. Akkumaa armaan oliit ibsamuuf yaalameti bay`ina barsiisootaafi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhataanfi kan milkaan % dhaan guutuun waraqaa fuula lama(2) xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsifnee isiniif erguu keenya ni beeksifna* kan jedhu ture. As keessatti dogoggorri garaa garaa nimul’ata. Jechoonni osoo gabaabbachuu qabanii dheeratanii qubeeffamuun dhaamsa barreeffamichaa jijjiiranis nimul’atu. Jechoonni kunneenis: ***Barsiisootaa, hangaa, fudhataan, isiin, beksiisuu, akkumaa, oliit*** kanneen jedhaman nimul’atu. Kanaaf walduraa duubaan akka itti aanu kanatti yoo sirreeffaman gaarii ta’u. isaanis, ***Barsiisotaa,hanga, fudhatan, isin, beeksisuu, akkuma, olitti*** kan jedhamanitti sirreeffamuu qabu. Jechoonni kunneen haala kanaan erga sirreeffamanii booda xalayicha keessatti iddoo iddoo isaaniitti yoo barreeffaman xalayichi dhaamsa sirrii dabarsuu danda’a.

**Gabatee 4.2. Jechoota xalayaalee olii keessatti dogoggoraan dheeratanii qubeeffamanii ergaa xalayichaa danqan keessaa muraasa**

| Jechoota dogoggoraa | Hiika | Jechoota Sirrii | Hiika | Dabalee irra jiru |
|---|---|---|---|---|
| Baay`ina barsiisootaa | - | Baay`ina barsiisotaa | Meeqa akka ta`an | E21 |
| Hangaa | - | Hanga | Turtii yeroo | E21 |
| Fudhataan | Argataan | Fudhatan | Qoraman | E21 |
| Isiin | Isheen(1ffa qeentee) | Isin | Nama 3ffaa danuu | E21 |
| Qabnuu | Qaqqabnuu | Qabnu | Keenya | E21 |
| Beksiisuu | - | Beeksisuu | Hubachiisuu | E21 |
| Armaan oliit | - | Armaan olitti | Gubbaatti | E21 |
| Akkumaa | Maqaa namaa | Akkuma | Walqabsiiftuu ida`ama yaadaa | E21 |

*Xalayaa lak.WBAGG-41/694/D-1 barreeffame keessatti, 'Dhimmi isaa: 'Deggarsaa kennu ilaalaa'* kan jedhudha. Xalayaa kana keessatti jechoonni seeraan ala qubeeffamanii dhaamsa xalayichaa dabsuun xalayicha hiika dhabsiisan, akkasumas, seera barreeffama Afaan Oromoo cabsan: ***Deggarsaa, kennu, ilaalaa, Haaymanoot, jedhamaan, hojjetuu, wajjira, taatee, hawaasumaa, barreesaniin, abbaa waraa, Biraatuu, jiraan, dandaa`an, deggarsaa, bareessinuu, nuu, gaafataniru, ta`u,gotaniif, isin gaafanaa*** kanneen jedhamanidha. Jechoonni kunneen sirreeffamanii hin qubeeffaman taanaan ergaa xalayichaa harcaasuu danda'a, ergaa dabarsaa ykn barreessaafi ergaa fudhataan ykn dubbisaan walhubachuu dhiisuu danda'u, waaltinaafi guddina afaanichaa irrattis dhiibbaa mataasaa geessisuu danda'a. Kanaaf, jechoonni dogoggoraan barreeffaman kunneen haala kanaan sirreeffamanii qubeeffamuu qabu. ***Deggarsa, kennuu, ilaala, Hayimaanot, jedhaman, hojjettuu, waajjira, taate, hawaasummaa, barreessaniin, abbaa warraa, Birraatuu, jiran, danda`an, deggarsa, barreessinu, nu, gaafataniiru,ta`uu, gootaniif, isin gaafanna*** jedhamanii sirreeffamuun qaama xalayichaa keessatti bakka isaaniif ta'utti yoo galan ergaa guutuu dabarsuu danda'u. Dabalee $\mathbf{E_5}$ haa ilaalamu.

Ragaa


Lakk 41/694/ D-1

Guyyaa 7/(9)/ 2010

Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Distriktii Naqamteef

Naqamtee

Dhimmi Isaa:- Deggarsaa Kennu Ilaalaa.

Akkuma armaan olitti ibsametti B/Stuu Aagaree Haaymanoot kan jedhamaan hojjetuu Wajjira Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa kan taatee sababa rakkoo hawaasumaa irraa kan ka'e iyyaata guyyaa gaafa 3/9/2010 nuuf barreesaniin Abbaa Waraa isaanii Obbo Kidaanuu Biraatuu hojjataa Baankii Gamtaa Oromiyaa Damee Mii[illegible] Amaan hojjachaa jiraan waliin adda adda jiraachaa kan jiran ta'uu isaanii ibsuun jijjiiraan akka walitti dhiyaachuu dandaa'an deggarsaa gara keessanitti akka isaaniif bareessinuu nuu gaafataniru .

Haalumaa kanaan B/Stuu Aagaree Haaymanoot hojjatuu Wajjira Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa ta'u isaanii ibsaa deggarsaa akka gotaniif isin gaafanaa.

Nagaa Wajjin


Solomoon Abbaba

Ogeessa Adeemsa Hojii Misooma Barsiistoota

Fakkeenyaaf, jecha ***'Dandaa`an'*** jedhu fudhannee yoo ilaalle dammeessa`uu/siibiila bokkaan erga itti roobee booda bifa duraan qabu yoo jijjiirrate maqaa ittiin waamamudha. Kanaafuu jechi kun xalayaa kana ergaasaa gara biraatti jijjiireera.

*Xalayaan lak.WB/AGG-1612/694/D-1 gaafa guyyaa 23/9/2011 ta'ee barreeffame, 'Dhimmi isaa: Deggarsa kennuu ta`a'* jedhamee barreeffame keessatti jechoonni dogoggoraan qubeeffamanii dhaamsa xalayichaa danqan: ***Hangaa, beekamaa, haatuu, Ragaaa, barumsaaa, xuruun, niyaadtama, ragaaa*** kanneen jedhamanidha. Dogoggoroonni akkasii kun ammoo dhaamsi xalayichaa akka jijjiiramu godhu. Fakkeenyaaf, jecha ***'xuruun'*** jecha afaan xalayaan kun ittin barraa`een aladha.  Ergaa xalayichaa dabsuu akka danda`us qorqtaan qaaccesseera. Kanaafuu ***'xumuruun'*** kan jedhutti sirrffamee yoo barraa`e hiika qaba.

Ragaa



Lakk 1612/694/D-1
Guyyaa 23/9/2011

Kollejjii Barsiisota Naqamteef

Naqamtee

**Dhimmi isaa:-** Deggersa kennuu ta'a

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalame B/saa A/G/Giddaa kan ta'an **B/saa Adunyaa Asaffaa** kan jedhaman bara 2001 hangaa 2011 ta'u isaa ni beekamaa .haatuu malee iyyata gaafa **23/09/2011** dhiyeeffataniin Ragaaa barumsaaa bara 2005 baratee xuruun isaa niyaadtama.

Hatuu malee ragaa barnootaaisaa waan jalaa badeef karaa gama keessaniin deggersa barbaachisaa akka gootaniif kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Kanaaf, jechoonni dogoggoraan qubeeffaman kunneen haala kanaan sirreeffamanii barreeffamuun akka xalayichi dhaamsa guutuu dabarsuu danda'u gochuu qabu: ***Hanga, beekama, haata`umalee, ragaa, barumsaa, xumuruun, niyaadatama, ragaan,*** kanneen jedhamanitti sirreeffamuu qabu.


### 4.1.3. Dogoggora Sagalee Dubbifamaa Osoo Jabaachuu Qabanii Laafan

Sagaleen jabaa yeroo dubbifamaan gosa tokkoo lama ta'anii walitti aananii barreeffaman kan uumamudha. Kuniyyuu immoo, gidduu jechaatti yoo ta'e malee, jalqabaafi dhuma jechaa irratti sagaleen jabaan uumamuu hin danda'u. Dogoggorri immoo yommuu isa lama ta'ee barreeffamuu qabu tokko taasisanii barreessanidha. Xalayaaleen waajjiraalee mootummaa aanaa Guutuu Giddaa keessaa bahan dogoggora seera malee laafuu dubbifamaatiin kan barreeffaman akka armaan gadiitti qaacceffamanii jiru.

*Xalayaa lak.WBLTO-131/2285/D-1 barreeffame kanarraa akka mul'atutti, 'Dhimmi isaa: Muudama keessan isin beeksisuu ta`a'* kan jedhu keessatti jechoonni dogoggora qubeessuu

qabaatanii barreeffamanii dhaamsa xalayichaa jijjiiran: ***beeksisu, waajira, ta`udhan, hojjetan, ramadin, isini, kenname, hojjecha, turun, muudamatti, jijjiramef, waxabajii, egalee, ji`a, kaabine, argacha, hojjii, ciminafi, amanamummaadhan, muudamu, yamu, beeke, mindaa*** kanneen jedhamanidha.

Ragaa



Lakk B1/22 85/2010
Guyyaa 12/10/2010

Obbo Amsaaluu Mokonnonif

Naqamtee

Dhimmi isaa : Muudamu keessan isin beeksisu ta'a

Kana dura I/G/W/Waajira BTO ta'udhan akka hojjetan ramdin isini kenname hojiecha turun keessan ni beekama.

Haa ta'u malee ramdin keessan gara muudamatti waan jijjiramef waxabajji 1/2010 egalee miindaa ji'a sadarkaa kaabine 1ffaa q/6582 argacha hojjii isinitti kenname cimina fi amanamummaadhan hojjecha akka turtan muudamu keessan yamu isin beeksifnu Waajirri MWD A/G/Giddaas kana beeke mindaa keessan akka isini kanfalu g/galacha kanaan ni beeksifna.

Nagaa wajiin

G/G


- Biiroo PSMQH Oromiyyaaf
  Finfinnee
- W/BLTO G/W/Bahaaf
- W/BLTO A/G/Gidaaf
- W/MWD A/G/Giddaaf
- W/Dh.D.U.O A/G/Giddaaf
- M/Maree Kaabinee A/G/Giddaaf
  Naqamtee
- W PSMQH A/G/Giddaaf

Kanaaf, jechoonni kunneen: ***beeksisuu, ta`uudhaan, isiniif, kennamee, hojjechaa, turuun, muudamaatti, jijjiirameef, eegalee, ji`aa, kaabinee, argachaa, hojii, ciminaafi, amanamummaadhaan, muudamuu, yommuu, beekee, miindaa*** jedhamanii sirreeffamuu qabu. Jechoota dogoggoraan qubeeffaman kanneen keessaa dogoggora seera malee laafuu dubbifamaatiin kan qubeeffamanii hiika jijjiiran: ***waajira, hojjetan, ramadin, waxabajii*** kanneen jedhamanidha. Fakkeenyaaf, ***hojjetan*** kan jedhu qaama hojii tokko hojjechuuf dhaabbate jechuu osoo hin taane, **'isaan hojjetan'** hiika jedhu of keessaa kan qabu yommuu ta`u, ***waajira*** kan jedhu Biiroo osoo hin taane **waan ta`e jiraachuu isaa** quba nama qabsiisa.

Kanaaf, walduraa duubaan: **waajjira, hojjettan, ramaddiin, Waxabajjii** kanneen jedhamanitti sirreeffamanii yoo barreeffaman dhaamsa sirrii dabarsuu danda'u.

Akkasumas, *xalayaan lak.WBLTO-39/235/2010 barreeffame, 'Dhimmiisaa: Horannaa miseensa WMO ta`a'* kan jedhudha. Xalayaa kana keessatti jechoonni dogoggoraan qubeeffamanii dhaamsa xalayichaa hambisan hedduudha. Dogoggoroota kanneen keessaa osoo jabaatanii barreeffamuu qabanii laafanii kan barreeffaman: ***gurmeesun, hojechaa, barreesun, jira, irrati, barreefamef*** kanneen jedhamanidha. Kanaafuu, jechoonni kunneen: ***gurmeessuun, hojjechaa, barreessuun, jirra, irratti, barreeffameef*** jedhamanii sirreeffamuun barbaachisaadha.

Ragaa



Lakka 39/235/2010

Guyyaa 1-12-2010

Waajjira BLTo tiif

Nagamtee

Dhimmiisaa:-Horannaa miseensa WMO ta'a

Waldaan misooma Oromoo qaawwa misooma baajata mootummaan guutuu hin dandenyee kutaa hawaasa adda addaa gurmeesun busii miseensa hortamu irraa argamun hojii misooma gurguddaa hojechaa kan jiru ta'u yeroo adda addaa irratti mariin godhamee kallattin laatame xalayaas barreesun isin qaqqabsisne jira. Akkaataa mariin irrati godhamen seekterooti miseensa horatan gabaasaas jiru.

Akka seekitera keessanitti hanga ammaatti xalaayaa guyyaagaafa 19/10/2010 isinii barreefamef deebi hin laatin jirtu. Kana hubattanii dhimmichaaf xiyyeefannoo kennitanii hanga gaafa 15-12-2010 murtoo irraa geessan gabaasaan akka nu-beeksiftan cimsinee isin hubachisan.

Nagaawajjin

G/G

- KHR Aanaa G/Giddaaf
- Wa/ wmo Dame G/W/Bahaaf
- Wa/ Bulchiinsa G/W/Bahaaf

Nagamtee

Xalayaalee kanneen irraa dogoggorri laaffisuu, jabeessuu, dheeressuu, gabaabsuu akkuma jirutti ta'ee, dogoggorri jechoota lama walitti butanii barreessuun dhaamsi xalayichaa akka harca'u ta'uunsaallee nimul'ata. Fakkeenyaaf, **'Dhimmiisaa'** kan jedhu walitti aanee barreeffamee dubbisuufillee kan nama danquufi ergaa kan hin dabarsine ta`ee argameera. Kanaaf, xalayaan kun akka itti aanu kanatti sirreeffamuu qaba. *''Dhimmi isaa: Horannaa Miseensa WMO ta`a. Waldaan Misooma Oromoo qaawwa misoomaa baajeta mootummaan guutuu hin dandeenye kutaa hawaasa adda addaa gurmeessuun buusii miseensa horatamu irraa argamuun hojii misoomaa gurguddaa hojjechaa kan jiru ta`uu yeroo adda addaa irratti mariin godhamee kallattiin laatamee xalayaas barreessuun isin qaqqabsiifnee jirra. Akkaataa mariin irratti godhameen sekterooti miseensa horatan gabaasaas jiru. Akka sektera keessaniitti hanga ammaatti xalayaa guyyaa gaafa 19/10/2010 isiniif barreeffameef deebii hin laatin jirtu. Kana hubattanii dhimmichaaf xiyyeeffannoo kennitanii hanga gaafa*

*15/12/2010 murtoo irra geessan gabaasaan akka nubeeksiftan cimsinee isin hubachiifna''* jedhamee sirreeffamuun barbaachisaadha.

**Gabatee 4.3. Jechoota xalayaalee keessatti dogoggoraan laafanii barreeffamuun ergaa xalayichaa jijjiiraniifi hiika dhaban keessaa muraasa.**

| Jechoota dogoggoraa | Hiika jecha dog Oggoramee | Jechoota sirrii jedh amuu barbaadame | Hiika | Dabalee |
|---|---|---|---|---|
| Hojjetan | Dalagan | Hojjettan | Akka dalagdan | E12 |
| Hojjetuu | Hojjechuu | Hojjettuu | Dalagduu | E5 |
| Barii | Obboroo/ganama | Barri | Waggaa/jabana | |
| Waxabajii | - | Waxabajjii | Maqaa baatii | E12 |
| Hawaasumaa | Gaaffii uummatu maa jedhu | Hawwaasummaa | | E5 |
| Bareessinuu | - | Barreessinu | Katabnu | E5 |
| Waajira | Waantokko jira | Waajjira | Biiroo | E12 |
| Idoo | - | Iddoo | Bakka | E11 |
| Gagaarii | - | Gaggaarii | Babbayeessa | |
| Degaramuu | - | Deggaramuu | Gargaaramuu | E11 |

### 4.1.4. Dogoggora Sagalee Osoo Laafuu Qabanii Jabaatan

Sagalee laafaa kan jedhaman dubbifamtoota Afaan Oromoo 24'n sagaloota ijaaramani (Geetaachoo,2011). Dubbifamaan tokko sagalee dubbachiiftuu waliin ta'uun jechoota keessatti yoo galee tajaajile sagalee laafaa jedhama. Dogoggoraan qubeessuun ammoo sagalee dubbifamaa tokko ta'ee barreeffamuu qabu yommuu lama taasisanii qubeessanidha. Dogoggorri bifa kanaan uumamus hiika jijjiiruun, hiika dhabsiisuun dhaamsa barreeffamichaa irratti rakkoo qaba. Dogoggora sagalee laafuu qaban jabeessanii qubeessuu xalayaalee waajjiroolee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa keessaa bahan irratti nimul'ata. Haata'umalee, jechoota dogoggora akkasii qaban xalayaa tokkoofi lamarraa hedduminaan argachuun ulfaataa waanta'eef, xalayaalee adda addaa armaan duraa irraa kanneen walitti qabaman haala gabatee armaan gadiitiin qaacceffamaiiru.

**Gabatee 4.4. Jechoota xalayaalee keessatti dogoggoraan jabaatanii barreeffamanii hiika duraa jijjiiraniifi hiika dhaban keessaa muraasa.**

| Jechoota dogoggoraa | Hiika jecha dog Goggoramee | Jechoota sirrii Jedhamuu barbaadame | Hiika | Dabalee |
|---|---|---|---|---|
| Gummii | - | Gumii | | E4 |
| Dhiyyeefataniin | - | dhiyeeffattaniin | Beeksiftaniin | E13 |
| Hojjettaa | Dalagdaa? | Hojjetaa | Qacaramaa | E20 |
| Rammadamtanitti | | Ramadamtanitti | Iddoo ilaallatu | E22 |
| Hojjii | - | Hojii | Dalagaa | E22 |
| Raggaassaa | - | Raggaasaa | Maqaa namaa | |

### 4.1.5. Dogoggora Jechoota Dubbachiisaan Sadii Walitti Aananii Qubeeffaman

Yeroo dubbachiiftuu gosa tokkoo lama ta’anii walitti aananii barreeffaman kan uumamu sagalee dheeraadha.. Yeroo dubbachiisaan tokko ta’ee barreeffamu ammoo sagalee gabaabaatu uumama jenneerra. Kanamalees, karaa hiika qabeessa ta’een dubbachiisaan gosa adda addaa lama iddoo walitti aanee dhufutti hudhaatu gidduu gala. Akkasumas, iddoo itti dubbachiisaan gosa tokkoo lamaafi sadii ta`anii dhufanitti hudhaan ni tajaajila. Haata’umalee, xalayaaleen waajjiraalee mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa keessaa bahan yommuu sakatta’aman, dubbachiisaan gosa tokkoo sadii walitti aananii barreeffamanii akka argaman qorataan qaaccesseera. Kun ammo dhaamsi xalayichaa akka harca’u gochuu caalaatti seera afaaniillee kan cabse ta’uu namatti agarsiisa.

**Gabatee 4.5. Jechoota Xalayaalee Keessatti Dubbachiiftuun Sadii Walitti Aanee Barreeffame.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Ragaaa | Ragaa | | Barumsaaa | Barumsaa | |

### 4.1.6. Jechoota Dogoggora Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu Qaban

Gabaajeen maqaa dhaabbilee adda addaas ta'e kanneen biroo jechoota lamaafi oliin moggaafamanii kan beekaman irraa gabaabsanii barreessuuf qubee jechootaa warra jalqabarra jiran walitti fidanii barreessuudha. Fakkeenyaaf, BBO (Biiroo Barootа Oromiya). Kottoonfachiiftuun ammoo, jechuma tokko keessaa qubee muraasa fayyadamuun gabaabsanii barreessuudha. Fakkeenyaaf, Hub.(Hubachiisa). Haata'umalee, xalayaaleen waajjiroolee mootummaa Aanaa Guutoo Giddaa keessaa bahan yommuu sakatta'amanitti bifa baramaa ta'een ala gabaajeefi kottoonfachiiftuu hin baratamne hojiirra ooluun hubatameera. Kun ammoo qaama barreesse duwwaatu hubachuu danda'a malee dubbisaan dubbisee ergaasaa salphaatti hubachuun ulfaataadha.

**Gaatee 4.6. Jechoota Xalayaalee keessatti Dogoggora Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu Qaban**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakk | Lak. | E20 | W/B/A/Jimmaa Arjoo | WBAJA | E10 |
| M/Btti | M/Barumsaatti | | A/G/Giddaa | AGG | E7 |
| w/ra | Waajjira | | w/t | Walitti | |

### 4.1.7. Jechoota Dogoggora Hudhaa, Irrabutaafi Qubee Tokko Qubee Biraan Bakka Buusuu Qaban

Jechoota hanqinaalee adda addaa qaban kana keessatti dogoggorri itti fayyadama hudhaa nimul'ata. Hudhaan jecha keessatti dubbachiiftuu gosa adda addaa lamaafi dubbachiiftuu gosa tokkoo sadii walitti aanee yoo dhufe jidduu galuun akka inni hiika qabaatu taasisa.

Qooda kanaa xalayaalee sakatta'aman keessatti hudhaan akka qoodduutti gadsiqee barreeffamee argama. Fakkeenyaaf, **hundaa,uun, socho,uu, bu,ureeffachuun**fi kkf.dha. Kanaaf***, hundaa`uun, socho'uu, bu'uureffachuu*** jedhamanii sirreeffamuu qabu.

Irra butaan jecha keessatti dubbifamaan gosa gara garaa lama walitti aananii dhufuun kan uumamudha. Xalayaalee sakatta'aman keessatti garuu gidduu sagaleewwan irra butamaniitti yeroo dubbachiiftuun dogongoraan saagamee barreeffamutu argama. Fakkeenyaaf, ***gutinee, ilalitaanii, rabisaan, orikameef,*** jechoota jedhaman keessatti gidduu sagaleewwan irra butamaniitti dubbachiiftuu saaguun dogongoradha. Kanaafuu, ***guutnee, ilaaltanii, raabsaan, dhorkameef*** jedhamanii sirreeffamuun barbaachisaadha.

Qubee bakka walii bu'uu hin dandeenye tokko qubee biroon bakka walbuusuun dhaamsi xalayichaa akka danqamu gochuun akka jiru, xalayaalee waajjiroolee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa sakatta'aman keessatti mul'ateera. Fakkeenyaaf: ***fodhataan, deenda`utti, orikameef, kakaqaa, deggersa kanneen jedhaman yommuu ta'an, fudhatan, danda`utti, dhorkameef, kalaqaa, deggarsa*** jedhamanii sirreeffamanii barreeffamuu qabu..

**Gabatee 4.7. Jechoota HanqinaaleeAdda Addaa Qaban.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Hundaa,uun | Hundaa`uun | E4 | Buffaa | Buufata | |
| Dhufaanf | Dhufaniif | E1 | gutinee | Guutnee | E4 |
| man | mana | E2 | keessant | keessanitti | E10 |
| human | humna | E3 | milkaan | Milkaa`an | E21 |
| kakaqaa | kalaqaa | E4 | Baali`inii | Bal`inni | E2 |
| Ilaalitanii | Ilaaltanii | | Fodhatan | Fudhatan | |
| Deendaa`utti | Danda`utti | | Deggersa | Deggarsa | |

Akaakuun dogoggora qubeessuu xalayoota sakatta'aman kanneen irratti mul'atanis: sagalee gabaabbachuu malu dheeressuu, sagalee dheerachuu qabu gabaabsuu, sagalee jabaachuu malu laaffisuu, sagalee laafuu malu jabeessuu, dubbachiiftuun sadii walitti aanee barreeffamuu, rakkoo itti fayyadama hudhaa, itti fayyadama irrabutaa, qubee tokko qubee biroon bakka walbuusuu akka tahan qorataan qaaccesseera. Dabalataais, Akaakuu

dogongora qubeessuu xalayaalee Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa ilaalchisee yaada odeefkeitoota/barreessitoota Waajjiraalee lamaan irraa odeeffate qorataan akka armaan gadiitti qaaccesseera: Xalayaaleen waajjira keessanii bahan dogonngora qubeessuu akaakuu akkamii qabu sitti fakkaata jedhamtee yommuu gaafatamtu ZS, 16/08/09 akka deebistetti, sagaleen dubbifamaan keessaa hafuu, sagaleen dubbachiiftuun keessaa hafuu, sagaleen dubbifamaan itti dabalamuu, sagaleen dubbachiiftuu itti daalamuu akka ta`an ibsitee jirti.

Gaaffichuma kana IW,16/08/09 yommuu deebistu, irra butaa qubeessuu irratti, qubee dubbachiisaa saaguun qubeessuu, hudhaa iddoo malee fayyadamuu akka ta'an himtee jirti.

Yaada isaanii kanarraa waanti hubatamu, xalayaalee waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessaa bahaa turan irra dogoggorri qubeessuu adda addaa kan jiran ta'uusaati. Dogoggoroota qubeessuu hedduminaan mul'atan keessaa, Fakkeenyaaf, sagaleelee bakka hin barbaachifnetti jabeessuu, bakka hin barbaachifnetti laaffisuu, bakka hin barbaachifnetti dheeressuu, bakka hin barbaachifnetti gabaabsuu, irrabutaa qubeessuu irratti rakkoon jiraachuu, qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo sadii qubeessuu, hudhaa bakka hin barbaachifnetti fayyadamuu akka ta'an qorataan qaaccesseera.

Daalataanis, Itti gaafatamtootaafi Itti Aantota waajjiraalee kana lamaaii irraa akaakuu dogongora qubeessuu irratti yaada odeeffate qorataan akka itti aanee jiru kanatti qaaccesseera. Xalayaaleen waajjira keessanii bahan dogoggora qubeessuu akakaakuu akkamii qabu isinitti fakkaata? jedhamanii TG, 16/08/09, AG, 18/08/09, BDfi TG, 17/08/09 qofaa qofaatti yommuu gaafataman deebii isaan kennan waan walfakkaatuuf, qorataan bakkuma tokkotti yaadasaanii qaaccessuu danda'eera. Haaluma kanaan akka deebistoonni jedhanitti akaakuuwwan dogoggora qubeessuu xalayaalee waajjira Barnootaafi waajjira BLTO irratti mul'atan,bakka dheerachuu hin malletti dheeressuu, bakka gabaabbachuu hin malletti gabaabsuu, bakka jabaachuu hin malletti jabeessuu, bakka laafuu hin malletti laaffisuu, irrabutaa qubeessuuf qubee sadii walitti aansuu, hudhaa bakka malee fayyadamuu, qubee barbaachisu keessaa hambisuu ykn qubee itti dabaluu dogoggora qubeessuu hedduminaan mul'atan ta'uu dubbataniiru.

Yaada kana Brown(1993) boqonnaa lama(f.9) irratti yoo ibsu, *“The most generalized break down can be made by identifying errors of addition, omission, substitution and ordering.”* jedha. Akka waraabbii gabaabduu armaan olii kanarraa hubachuun danda’amutti akaakuun dogoggora qubeessuu warri ijoo ta’an: itti dabaluu, keessaa hambisuu, bakka buusuufi tartiiba dogoggoraa akka ta’an ibsee jira.

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu, dogoggoraan dheeressuun, dogoggoraan gabaabsuun, dogoggoraan jabeessuun dogoggoraan laaffisuun akaakuuwwan dogoggora qubeessuu warren ijoo akka ta’an hubachuun nidanda’ama.

Walumaagalatti, ragaa sakatta’a dookimentii irraa argameefi afgaaffii odeef kennitoota waajjira Barnootaafi waajjira BLTO aanaa Guutoo Giddaa waliin taasise irratti hundaa’uun qorataan akaakuu dogoggora qubeessuu haala armaan gadiin qaaccessee jira. Haaluma kanaan dogoggorri qubeessuu xalayoota waajjiraalee Barnootaafi Waajjira BLTO aanaa Guutoo Giddaa keessatti argamanis kanneen akka: sagalee gabaabbachuu malu dheeressuu, sagalee dheerachuu malu gabaabsuu, sagalee laafuu malu jabeessuu, sagalee jabaachuu malu laaffisuu, irrabutaa barreessuuf qubee sadii walitti aansanii qubeessuu, hudhaa iddoo malee fayyadamuu, qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo sadii walitti aansanii qubeessuu, qubee keessaa hambisuu ykn bakka hin barbaachifnetti qubee itti dabaluun akaakuu dogoggora qubeessuu ta’uusaanii qorataan qaaccesseera. Qaaccessa Ragaalee Sababa Dogoggora Qubeessuu Irratti

### 4.2. Qaaccessa Ragaalee Madda Dogoggora Qubeessuu

Madda dogoggora qubeessuu xalayaalee Waajjira Barnootaafi WBLTO Aanaa Guutoo Giddaa irratti mul’atan afgaaffii odeefkennitoota waajjiraalee kanneenii waliin gaggeessuudhaan qorataan adda baafatee jira. Gaaffiifi deebiin qorataan gaggeesse haala kanatti fufee jiruun qaacceffameera.

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf afgaaffiin itti gaafatamtootaafi itti aantota Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO aanaa Guutoo Giddaa akkasumas, barreessitoota waajjiroota kanneen keessaa hojjetanii sababni dogoggora qubeessuu maal akka ta’e, adda baafachuuf

gaaffiin qaxxaamuraa hojjettoota iddattoota kanneeniif dhiyaatee jira. Gaaffiifi deebiin barreessitoota akka iddattootti filataman waliin taasifame haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

Yaadni odeefkennitoota/barreessitoota waajjiraalee kaanneen lamaaniis akka itti aanu kana ture. Sababni hanqina qubeessuu xalayaalee waajjira keessan keessaa bahan irratti mul'atanii maal ta'uu danda'aa? jedhamtee yommuu gaafatamtu, ZS, 16/08/2011 akka deebistetti, Sababiin isaas, 1[ffaa] sirriis haata'u dogoggora waanuma warri barreessisan barreessanii kennan irraa akka galagalchitu ibsiteetti. Inni 2[ffaa] kutaaleen waajjiraa hedduun kompiitera galfatanii waan jiraniif hedduun isaanii ofii waan barreeffataniif rakkoon akkasii babbal'achaa akka jiru himteetti. Inni 3[ffaa] kuufama hojii jiru irratti waanti ariifachiisaan dafee barreeffamuu qabu yommuu dhufu baay'ina hojiifi ariitii irraan kan ka'e dogoggorri akka uumamus dubbatteetti. Itti dabalees, yemmuu isheen barreessitu kan isheef gulaalu ykn irra deebi'ee dubbisu namni biraan akka hinjirre ibsiteetti. Kanamalees, xalayaaleen hedduun kompiitera keessatti 'save' godhamanii waan kaawamaniif, gaafa barbaadaman guyyaafi maqaa qofa sirreessuun baasuun xalayaan sun doggogora qubeessuu qaba yoo ta'e, dogoggora baay'isuu akka ta'e himteetti. "Karaa biraa ammoo nutis ta'e barsiisonni keenya mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti barnoota afaaniif xiyyeeffannoo waan hin kennineef seera afaanii guutummaan guutuutti beekna jechuunis rakkisaadha," jettee yaada ishee ibsiteetti.

Gaaffii walfakkaatu IW, 16/08/2011 gaafatamtee yommuu deebistu, sababni hanqina qubeessuu: seera barreeffamaa wallaaluu, baay'ina hojiirraa kan ka'e dadhabuu, qulqullina dhabuu barreeffama harkaa, xiyyeeffannoon barnoota afaanii keessumaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti laafaa ta'uu, barreessituun osoo hin baasiin dura ofii gulaaluu ykn gulaalchisuu dhiisuun sababa dogoggora qubeessuu akka ta'an ibsitee jirti.

Gaaffiifi deebii barreessitoota waajjiraalee mootummaa keessaa iddatteeffamanii fudhataman qorataa waliin godhan kanarraa waanti hubatamu, xalayaalee hojii waajjiraalee mootummaa irra dogoggorri qubeessuu bal'inaan kan jiru ta'uu, sababni dogoggora kanneenii ammoo qulqullina dhabuu barreeffama harkaa, itti gaafatamtoonni ykn hojjettoonni xalayaa barreessisan tokko tokko qulqullinaan barreessanii barreessituutti kennuu dhiisuu (qubeessuurratti rakkoo qabaachuu), barnoota ykn muuxannoo tokko malee hojjettoota adda addaatiin xalayaan barreeffamee bahuu, baay'ina hojii salphisuuf ariitiin barreessuun, sababa

dogoggora qubeessuu waajjiraalee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa akka ta'an namatti agarsiisa. Dabalataanis, xiyyeeffannoon barnoota afaanii keessumaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaa cimsuuf tattaaffiin taasifamaa jiru laafaa ta'uu, qaamni gulaalu dhibuun irra deebi'anii dubbisuu dhiisuu, hordoffiifi deeggersi jiru laafaa ta'uu, miidhaa dogoggorri qubeessuu geessisuu danda'u hubachuu dadhabuun uumamuu dogoggora qubeessuuf sababa ta'uu isaanii qorataan qaaccesseera.

Haala walfakkaatuun, boqonnaa lama (f.12) irratti sababni dogoggora qubeessuu, namni dogoggora al tokko uumame sirreessuurra akkuma sirrii ta'etti bifa dhaabbataan itti fufanii fayyadamuun sababa dogoggoraadha (Brown 1994). Haaluma walfakkaatuun, sababa dogoggora qubeessuu irratti ka'u Fergus (1983:3) yoo ibsu, *"We have poor study habits and we are careless. We miss pronounce words, we fail to enunciate clearly, we do not use our eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables''* jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, haalli namoonni itti qo'atan laafaa ta'uu, dhibaa'ummaan barreessuu, yoo jechicha barreessan bifa dogoggoraan sagaleessuu (dubbisuu)fi ijaafi gurra keenya fayyadamnee waan qubeeffamu sana gargar baasaa adeemuu dhiisuudha. Dabalees, qubee yookiin birsaga itti dabaluu yookiin irraa hir'isuun dogoggora qubeessuu kanaaf sababa akka ta'anitti kaa'a. Qabxiileen ka'an kunneen Afaan Oromoo keessatti yoo ilaalaman eddoo guddaa qabaachuu danda'u. Sababiin isaa, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko itti dabalamuu yookiin irraa hir'achuun hiika jecha sanaa jijjiiruu, kallattii tajaajilaa jijjiiruu yookiin hiika dhabsiisuu danda'a.

Kanaaf, deebiin barreessitoonni waajjiraalee mootummaa kennaniifi yaada sakatta'a barruu irraa argate qorataan walbira qabee yoo ilaalu, sababni hanqinaalee qubeessuu xalayaalee waajjiroolee mootummaa dogoggora akka sirrii ta'etti irra deddeebiin fayyadamuun amaleeffachuu,waan barreeffame irra deebianii dubbisuun gulaaluu dhiisuu, dhibaa'ummaan qubeessuu ta'uusaanii qorataan hubachuu danda'eera.

Sababa dogongora qubeessuu ilaalchisee odeefkennitoonni/Itti gaafatamtoonniifi Itti aantonni waajjiraalee kana lamaanii kan isaan jedhan akka itti aanee jiru kanatti qaacceffameera.
Sababni hanqina qubeessuu xalayaalee waajjira Barnootaafi WBLTO Aanaa Guutoo Giddaa irratti mul'atanii maal ta'uu danda'aa? jedhamee yommuu gaafatamu, TG,16/08/2011 akka

deebisetti, qubeessuu shaakalsiisuu irratti kennaan barnoota afaanii sadarkaa 1ffaa laafaa ta'uu, shaakaluu dhiisuu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, qaamni dogoggora argus walitti himuu saalfachuun madda dogoggora akka ta'an qaacceffamaniiru. Gaaffii walfakkaataaf TG, 17/08/2011 deebii yommuu kennu, Sababoota xalayaaleen waajjiraalee aanaa Guutoo Giddaa keessatti dogoggora qubeessuu akka qabaatan taasise ilaalchisee, gaheen qaamota adda addaa keessa jiraatus, rakkoo dogoggora qubeessuu kana uumuu irratti gaheen barreessittootaa ol'aanaa akka ta'e ibsaniiru. Sababiinsaas, kanuma sirreeffamee barreeffamee itti kenname qulqullinaan barreessuurra, dogoggora qubeessuu uumanii akka barreessan eeraniiru. Barreessitoonni qaxaleen tokko tokko immoo, kanuma hojjetaan waajjiraa dogoggoraan qubeessee itti kennellee sirreessanii kan barreessan akka jiranis himaniiru. Sababni inni biroon isaan eeran immoo dhiibbaa sagaleessuu loqoda ykn looga naannoo dhalootaa akka ta'es ibsaniiru. Sagaleessuun sababa guddaa qubeessuutiif kan ta'uuf, garaagarummaa loogaafi hubannaa xiinqooqaa dhabuun waan uumamuuf, sababa hanqina qubeessuu hojjettoota waajjiraalee mootummaa xalayaalee irratti mul'atanii akka ta'e ibsaniiru. Dabalataanis, seera afaanii wallaaluu, irra deebi'anii qulqullina xalayaa barreeffamee gulaaluu ykn ilaaluu dhiisuu, hanqina gahumsa barreessitootaa, itti yaaduu dadhabuun madda dogoggora qubeessuu akka ta'an ibsee jira. BD, 17/08/2011 deebii yommuu kennu, dogoggora qubeessuuf sababa kan ta'an: barreessitoonni fedhii dhabuu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, kenniinsi barnootaa mana barumsaa keessatti laafaa ta'uu, dogoggora akka sirriitti fudhatanii jiraachuu, seera Afaan Oromoo qulqulleessanii beekuu dhabuu, dhiibbaa afaan biroo akka ta'an dubbatee jira. AG,18/08/2011 deebii yommuu kennu, dogoggorri qubeessuu kan maddu, dandeettii dhabuu qaama barreessuufi xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu irraa akka ta'e ibsee jira.

Afgaaffii hojjettoota kanneen wajjiin godhamerraa hubachuun kan danda'amu, xalayaalee waajjiraalee aanaa Guutoo Giddaa keessaa bahan irratti dogoggorri qubeessuu bal'inaan kan argamu yommuu ta'u, sababni dogoggora qubeessuu: kennaan barnoota afaanii sadarkaa 1ffaa laafaa ta'uu, shaakaluu dhiisuu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, qaamni dogoggora argus walitti himuu saalfachuu, gahumsi barreessittootaa ol'aanaa ta'uu dhiisuu, dhiibbaa sagaleessuu loqoda ykn looga naannoo dhalootaa, irra deebi'anii qulqullina isaa ilaaluu dhiisuu, namni biraa akka barreessu gochuu, itti yaaduu dadhabuu, namoota Afaan Oromoo mana barumsaatti hin baranneen xalayaa barreessisuu, barreessitoonni fedhii dhabuu,

xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, dogoggora akka sirriitti fudhatanii jiraachuu, seera Afaan Oromoo qulqulleessanii beekuu dhabuu, dhiibbaa afaan biroo  akka ta'an hubachuun danda'ameera. Dabalataanis, hordoffiifi deeggersi jiru laafaa ta'uun akka rakkichi daraan babbal'atu kan taasise ta'uu afgaaffii gaggeeffame kanarraa ka'ee qorataan sababa dogoggora qubeessuu kanneen qaaccesseera.

Boqonnaa lama(f.11) keessatti, Brown(1994) sababa dogoggora qubeessuu yommuu ibsu akkas jedha, *"The sociolinguistic context of natural, untutored language acquision can rise to certain dialect acquision that may itself to be a source of error."*jedha. Yaadni waraabame kun yoo ilaalamu haala qabatamaa hawaasa naannoorraa afaan yoo baramu hanga tokko kan gaggeessaa (to'annaa) hinqabne gara looga addaa tokkootti geessuu danda'a. Kun ammoo afaan duraa namoonni akka giddugaleessaatti yookiin waalta'etti fayyadaman keessa galee yoo tajaajilu dogoggoraaf ka'umsa ta'uu danda'a. Kunis, adeemsi looga uumame suniifi loogni duraan tajaajilarra jiru sun amma tokko walfudhachuu dhiisuu isaatiin kan dhufu ta'a.

Walumaagalatti, qorataan afgaaffii gaggeesseefi dookimentii sakatta'e irratti hundaa'uun, sababa dogoggora qubeessuu xalayaalee Waajjiraalee Barnootaafi WBLTO Aanaa Guutuu Giddaa kanneen ta'an: xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, qulqullina dhabuu barreeffama harkaa, itti gaafatamtoonni ykn hojjettoonni xalayaa barreessisan tokko tokko qulqullinaan barreessanii barreessituutti kennuu dhiisuu (qubeessuurratti hanqina qabaachuu), barnoota ykn muuxannoo tokko malee hojjettoota adda addaatiin xalayaan barreeffamee bahuu, baay'ina hojii salphisuuf ariitiin barreessuun, barreessitoonni barnoota afaaniitiin kan hin eebbifamne ta'uun, xiyyeeffannoon barnoota afaanii keessumaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaa cimsuuf tattaaffiin taasifamaa jiru laafaa ta'uu, qaamni gulaalu dhibuun ykn irra deebi'anii dubbisuu dhiisuu, hordoffiifi deeggersi jiru laafaa ta'uu, miidhaa dogoggorri qubeessuu geessisuu danda'u hubachuu dadhabuun, namni dogoggora al tokko uumame sirreessuurra akkuma sirrii ta'etti bifa dhaabbataan itti fufanii fayyadamuun, dhibaa'ummaan barreessuu, dhiibbaa afaan biroo, dhiibbaa loogaafi loqoda naannoo akka ta'an qorataan qaaccesseera.

### 4.3. Qaaccessa Ragaalee Miidhaa Dogoggora Qubeessuu

Miidhaa dogoggorri qubeessuu xalayaalee waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa irratti mul'atu geessisu adda baafatee yaada furmaataa eeruuf qorataan afgaaffii barreessitoota, itti aantotaafi itti gaafatamtoota waajjiraalee kanneenii waliin taasiseen kan adda baafate walduraa duubaan haala armaan gadiitiin qindeesseera. Yaada barreessitoota waajjiraalee kanneen lamaaniis qorataan akka itti aanutti qaaccesseera

Xalayaalee waajjira keessanii bahan irra dogoggorri qubeessuu yoo jiraate miidhaa akkamii geessisuu danda'aa? gaaffii jedhu ZS, 16/08/2011 akka deebistetti, xalayaan dogoggora qubeessuu qabu hiika jechaa akka jijjiiru, ergaa xalyichaa jijjiiruu akka danda'uufi ergaa xalayichaa hiika dhabsiisuu akka danda'u ibsitee jirti.

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu dogoggorri qubeessuu xalayaalee waajjiroolee mootummaa kanneen irratti mul'atu hiika jechootaa jijjiiruun akka isaan hiika biraa godhatan taasisa, ergaa waajjirri qaama biroof dabarsuuf karoorfatee xalayaa barreesse jijjiira, akkasumas, dhaamsa xalayichi akka dabarsuuf karoorfamee barreeffame hiika dhabsiisuu akka danda'u qorataan qaaccesseera.

Gaaffichuma kana IW, 16/08/2011 yommuu deebistu, dogoggorri qubeessuu kun hin fooyya'u taanaan, jechoonni waalta'anii afaanicha keessa jiran looga adda addaa ta'anii iddoo adda addaatti hiika adda addaa godhachuu danda'u. Kun ammo guddina afaanichaa duubatti harkisuu danda'a. Karaa biraa dogoggora dhaloota dhaalchisaa deemuufi waaltina afaanichaa irrattis miidhaa guddaa geessisuu akka danda'u dubbattee jirti. Akka yaada armaan olii kanaatti dogoggorri qubeessuu jechoota waalta'anii hawaasa bal'aa biratti tajaajilanillee gara loogaa ykn loqoda adda addaatti qoodamanii bakka dhaamsa adda addaa akka qabaatan gochuun waaltina afaanichaa irratti miidhaa guddaa kan qabu ta'uusaa, guddina afaanichaa kan miidhu ta'uusaa, afaanichi afaan saayinsiifi tekinooloojii akka hin taane gochuun miidhaa geessisii akka danda'u qorataan qaaccesseera.

Haaluma walfakkaatuun, boqonnaa lama(f.10) irraatti, Glencoe (2001) miidhaa dogoggora qubeessuu yoo ibsu, *"one of your goals as a writer is to communicate your ideas may be lost."*jedha. Akka yaada waraabame kanaatti, kaayyoon barressaa tokkoo ergaa dabarsuu

barbaade sana bifa ifaa ta'een dubbisaa isaaf dabarsuudha. Dogoggorri qubee jiraannaan ergaan darbuu malu darbuu dhiisuu danda'a. Keessattuu, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sana keessatti baay'ee muteessaadha. Sababni isaa Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko sagalee tokkoof bakka waan bu'uuf jijjiiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fidu qaba. Kanaafuu, qubeen tokko jecha barreeffamu keessaa hafnaan, itti dabalamnaan yookiin dogoggorumti ta'e tokko irratti uumamnaan rakkoo cimaa fiduu danda'a. Kunis, akkaatuma humnaafi murteessummaa jechichi galumsa keessatti qabu irratti kan hundaa'u ergaa akka darbuuf yaadame sana kallattii jijjiirsisuu, humna dhabsiisuu yookiin ergicha addaan kutuufi hiika dhabsiisuu danda'a.

Yaada odeefkennitoota/Itti gaafatamtootaafi itti aantota waajjiraalee kana lamaaniis qorataan akka itti aanu kanatti qaaccesseera. Xalayaalee waajjira keessanii bahan irra dogoggorri qubeessuu yoo jiraate miidhaa akkamii geessisuu danda'aa? gaaffii jedhuuf BD, 17/08/2011 deebii yommuu kennu,dogoggorri qubeessuu xalayaa irra jiraannaan, hiika jijjiiruu danda'a, kan hin jedhamnetu himama, hiika dhabeessa ta'a, bu'uura afaanichaa jijjiiruu danda'a, barumsa irratti dhiibbaa geessisuu danda'a, waaltina irrattis rakkoo qaba jechuudhaan deebisanii jiru.

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu, dogoggorri qubeessuu rakkoo walxaxaa kan qabu ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, hiikni akka jijjiiramu gochuufi hiika dhabsiisuu irra darbee hanga bu'uura afaanchaa jijjiiruu danda'uutti geessisuu akka danda'u, afgaaffii gaggeeffameefi xalayaa qorataan sakatta'aa turerratti qabatamaan kan mul'atu ta'uusaa qaaccesseera.

Dabalataan,TG 16/08/2011 yaada yommuu kennitu, miidhaan dogoggora qubeessuu oolee bulee dogoggorri akka amaleeffatamu godha, xalayaan dogoggora qubeessuutiin barreeffame hiika biraa godhachuu danda'a, qaamni xalayaa barreesseefi xalayicha fudhatee dubbisu walhubachuu dhiisuu danda'a, guddina afaanii irrattis dhiibbaa geessisuu danda'a jechuudhaan miidhaa dogoggora qubeessuu irratti yaada ishee kenniteetti.

Haaluma walfakkaatuun TG,17/08/2011fi AG,18/08/2011 miidhaa dogoggora qubeessuu irratti yaaduma walfakkaatu kennanii jiru; waaltina afaanii irratti gufuu ta'uu danda'a, dogoggorri akka amaleeffatamu godha, hiika biraa godhata, qaamni ergaa dabarsuuf ergaa fudhatu walhubachuu dhabuu akka danda'an, dogoggorri qubeessuu ergaafi hiika

barreeffamaa jijjiira, guddina afaanii irrattis danqaa ta'uun miidhaa geessisuu akka danda'u ibsanii jiru.

Miidhaan dogoggora qubeessuu boqonnaa lama(f.11) irratti akka ibsametti, Dogoggorri qubeessuu jecha tokkorra jiru hiika hima keessa jiru sana dogoggorsiisuu mala (Norrish 1983). Kun ammoo, dogoggorri qubeessuu haala dubbisa hima tokkoo qofa kan jijjiiru osoo hintaane haala barreeffama keessatti argamu guutuu isaa jijjiiruu danda'a(Hodge 2009).

Miidhaan dogoggora qubeessuu inni guddaan immoo barreessaafi dubbisaan walqunnamuu dadhabuu isaaniiti (Fergus 1983). Kana jechuun ammoo, yeroo itti guddinni hawaasummaa, saayinsiifi tekinooloojiin dagaagaa jirutti rakkoon kun itti fufinsaan jiraachuun miidhaa salphaa qofa osoo hintaane hawaasa abbaa afaan sanaafis ta'e afaanichaafis balaa guddaa ta'uu isaa qabxiilee armaa olitti ibsaman irraa hubachuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, miidhaa dogoggora qubeessuu xalayoolee waajjiroolee mootommaa ragaa argate irratti hundaa'uun qorataan qaaccessa gaggeesseera. Haaluma kanaan, haala qabatamaa Afaan Oromootiin miidhaa dogoggorri qubeessuu qaqqabsiisaa jiru ragaaleen sakatta'a dookimentiifi afgaaffii irraa argame haala armaan gadiitiin qaacceffamee jira. Haaluma kanaan miidhaan dogoggora qubeessuu: ergaan darbuu malu akka hin dabarre gochuu danda'a, sababiin isaa Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sana keessatti baay'ee murteessaadha. Kunis, Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko sagalee tokkoof bakka waan bu'uuf jijjiiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fidu qaba. Kanaafuu, qubeen tokko jecha barreeffamu keessaa hafnaan, itti dabalamnaan yookiin dogoggorumti ta'e tokko irratti uumamnaan rakkoo cimaa fiduu danda'a, kaayyoon barressaa tokkoo ergaa dabarsuu barbaade sana bifa ifa ta'een dubbisaa isaaf dabarsuu dhiisuu danda'a.

Miidhaan dogoggora qubeessuu inni biroon ammoo ergaa akka darbuuf yaadame sana kallattii jijjiirsisuu, humna dhabsiisuu yookiin ergicha addaan kutuufi hiika dhabsiisuu danda'a. Kana malees, waaltina afaanii irratti rakkoo qabaachuun, jechoota hawaasa keessatti nama saalfachiisaniifi nama qaanessan baasuun dogoggorri qubeessuu Afaan Oromoo kan miidhu ta'uunsaa qaacceffameera. Dabalataanis, yeroo itti guddinni hawaasummaa, saayinsiifi tekinooloojiin dagaagaa jirutti rakkoon kun itti fufinsaan jiraachuun miidhaa

salphaa qofa osoo hintaane hawaasa abbaa afaan sanaafis ta’e afaanichaafis balaa guddaa ta’uu isaa qabxiilee armaan olitti ibsaman irraa hubachuun nidanda’ama.

Dhumarratti, miidhaa dogoggorri qubeessuu xalayaa keessatti mul’atu geessisuu danda’u, gama guddina afaanichaatiinis ta’e tajaajila afaanichi kennu irratti dhiibbaa qabaachuu akka danda’u, afaan hojii Federaalaa akka hin taane gochuu akka danda’an qorataan qaaccesseera. Kanaaf, xiyyeeffannoofi hirmaannaa qaama hundaatiin irratti hojjetamee osoo sirreeffame gaarii ta’a

## 4.4. Tooftaalee Dogoggorri Qubeessuu Ittiin Sirreeffamuu Qaban

Dogoggorri qubeessuu adda addaa kan miidhaa adda addaa qaqqabsiisuu danda’an xalayoolee waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessa akka jiran qorataan qaaccesseera. Dogoggoroota qubeessuu xalayaalee irratti mul’atan kanneen ammoo tooftaalee adda addaa fayyadamanii hanqina jiru furuun barbaachisaadha. Tooftaalee dogoggorri qubeessuu ittiin sirreeffamuu danda’u kana irratti, afgaaffiin itti gaafatamtoota, itti aantotaafi barreessitoota waajjiraalee mootummaa kanneenii waliin qorataan taasise haala armaan gadiitiin qaaccesseera.

Tooftaalee dogongorri qubeessuu ittiin sirrachuu danda`u irratti yaadni barreessitootaa akka Itti aanu kanatti qaacceffameera: Dogoggora qubeessuu xalayaalee waajjira keessanii bahan keessatti mul’atan akkamiin fooyyessuun danda’amaa? gaaffii jedhuuf ZS, 16/08/2011 deebii yommuu kennitu, rakkoolee kana sirreessuuf gahee qaama tokkooti jedhanii dubbachuun rakkisaadha; kun xiyyeeffannoo nama hundaa ta’uu qaba. Kunis, qaamni xalayaa barreessu xiyyeeffannoon ilaaluu ykn irra deebi’ee gulaaluun sirreessuu, qaamni xalayaa fudhatullee saalfiifi sodaa tokko malee dogoggora qaba jedhee yaada kennuun namni hundi gahee isaa yoo bahe rakkoo kana fooyyessuun akka danda’amu ibsitee jirti.

IW, 16/08/2011 gaaffichumarratti yaada yommuu kennitu, dogoggora qubeessuu hambisuuf tattaaffii qaama hundaa ilaallata. Kana jechuun barataan, barsiisaan manneen barnootaa sadarkaa 1[ffaa] hanga Yuuniversiitii barsiisaa jiran sirriitti xiyyeeffannoon barsiisuun irratti hojjechuu qabu. Dabalataanis, hojjetaan waajjiraafi barreessitoonni waajjiraalee xiyyeeffannoo itti kennuun hojjechuu qabu. Dogoggora hojjechuurra dursanii isa beeku

gaafatanii hojjechuu, gulaaluun irratti yoo hojjetame hanqinni qubeessuu furamuu akka danda’u dubbattee jirti.

Tooftaa dogoggora qubeessuu ittiin fooyyessan boqonnaa lama(f.14) irratti, Glencoe (2001) yoo ibsu, *“one of the best ways to become a good speller is to be an avid reader; the more you see a word the better you rember it,”* jedha. Yaadni kun yoo ilaalamu namni baay’ee dubbisu yeroo waa barreessu qubee dogoggoruu irraa bilisa ta’uu akka danda’u agarsiisa. Sababiinsaa, yeroo waan baay’ee dubbisu sana jechoota bifa adda addaafi caasaa garaagaraan ijaaraman arga; yaadattis qubachuu danda’a. Kanaaf, yeroo barreessu jechoota kana dura yeroo dubbisu sana arge waan yaadatuuf sirriitti qubeessuu danda’a jedhamee amanama.

Afgaaffii qorataan barreessitoota waliin taasiseefi yaada sakatta’a barruu irraa argate ka’umsa godhachuudhaan tooftaalee ittiin dogoggorri qubeessuu fooyya’uu danda’u qaaccesseera. Haaluma kanaan: qaamni xalayaa barreessu irra deebi’ee dubbisuu ykn gulaaluu, qaamni xalayaa dogoggora qubeessuu qabu dubbisee arge warra barreessanitti hanqina qabaachuusaa himuu, suuta jedhanii xiyyeeffannoon barreessuu, barattoonnifi barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa hanga Yuunivarsiitii jiran dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti cimanii hojjechuun, xiyyeeffannoon qaama hundaan itti kennamnaan hanqinni dogoggora qubeessuu hafuu akka danda’u qorataan qaaccesseera.

Tooftaalee dogongorri qubeessuu ittiin sirreeffamuu danda`u irratti yaada itti Gaafatamtoota fi Itti aantotaas qorataan akka itti aanutti qaaccesseera. Dogoggora qubeessuu xalayaalee waajjira keessanii bahan keessatti mul’atan akkamiin fooyyessuun danda’amaa? gaaffii jedhuuf TG, 16/08/2011, deebii yommuu kennitu, barsiisaan sadarkaa 1ffaa irratti hojjechuu qaba, barattoonni cimanii shaakaluu qabu, hoogansi barnootaa cimuu qaba, xiyyeeffannoo kennuun, mari’achuun, yaada waliif kennuun, barnoota dabalataa waliif kennuun dogoggora qubeessuu hanbisuun akka danda’amu himanii jiru.

Gaaffii walfakkaattu BD, 17/08/2011, yommuu deebisu ammoo, barreessitoonni hundi xiyyeeffannootiin akka hojjetan gochuu, manneen barnootaa, Kolleejji hanga Yuunivarsiitii seerluga xiyyeeffannoon barsiisuu qabu, waajjirooleen Aadaafi Turiizimii cimanii irratti yoo hojjetan hanqinni kun hafuu akka danda’u dubbatanii jiru.

Haaluma walfakkaatuun, TG, 17/08/2011 yommuu deebisu, kitaabilee seera barreeffama Afaan Oromoo qaban bitanii dubbisuu, ogeeyyii afaanii waliin mari'achuu, xiyyeeffannoon hojechuu, waan barreessan gulaaluu, hubannoo waliif uumuun irratti hojjennaan dogoggora qubeessuu hanbisuun akka danda'amu ibsanii jiru.

Dhumarratti, AG, 18/08/2011 yaadasaa yommuu kennu, dogoggorri qubeessuu hafuu kan danda'u, qaamota xalayaa barreessaniif hubannoo uumuu, muuxannoo akka waljijjiiran gochuu, leenjii gaggabaaboo kennuun hubannoo uumuu akka ta'an ibsee jira.

Yaada walfakkaatu Shaw (1978) boqonnaa lama (f.15) adeemsa dogoggora qubeessuu sirreessuu yookiin fooyyessuu irratti yaada isaa yoo ibsu, "*The first and most important step in correct spelling is to have the desire to learn, really to want to become a competent speller. The second is to devote the necessary time to lerning,"* jedha.

Yaadni waraabame kun akka ibsutti, namni sirreessee qubeessuuf haala ittiin sirreessanii qubeessan barachuuf fedhii qabaachuu qaba. Kunis, calliseema osoo hin taane sirriitti qubeessaa cimaa (dorgomaa) ta'uuf itti yaadee ta'uu qaba. Inni lammaffaa kana barachuuf yeroo barbaachisu kan kennu ta'uutu irra jira yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Walumaagalatti, miidhaa dogoggorri qubeessuu qaqqabsiisaa jiruufi qaqqabsiisuu danda'u hambisuuf gahee qaama tokkoo qofa osoo hin taane tattaaffii qaama garaa garaa akka barbaadu afgaaffii taasise kanarraa qorataan hubateera. Kunis, manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa hanga Yuunivarsiitii ciminaan irratti hojjechuu qabu, barsiisonni dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa irratti ciminaan hojjechuu qabu, barattoonni cimanii shaakaluu qabu, xiyyeeffannoo kennuun, mari'achuun, yaada waliif kennuun, barnoota dabalataa waliif kennuun, barreessitoonni hundi xiyyeeffannootiin akka hojjetan gochuu, waajjirooleen Aadaafi Turiizimii cimanii irratti yoo hojjetan, kitaabilee seera barreeffama Afaan Oromoo qaban bitanii dubbisuu, ogeeyyii afaanii waliin mari'achuu, xiyyeeffannoon hojechuu, waan barreessan gulaaluu, hubannoo waliif uumuun irratti hojjennaan dogoggora qubeessuu hanbisuun akka danda'amu afgaaffii gaggeeffamerraa qorataan qaaccessuu danda'eera.

Akka bu'aa qorannichaatti, hanqinaalee Afaan Oromootiin qubeessuu xalayaalee waajjiroolee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa furuuf gumaachi qaamolee adda addaa murteessaa ta'us, gaheen barreessitootaa iddoo olaanaa yommuu qabatu; gaheen

ittigaafatamtootaa, itti aantotaafi hojjettoota waajjiraalees salphaa miti. Barreessitoonni yommuu barreessan ariitii malee suuta jedhanii barreessuu, erga barreessanii xumuranii booda irra deebi'anii dubbisuu ykn dubbisiisuu qabu. Dabalataanis, xalayaaleen barreeffamanii osoo hin raabsamiin dura itti gaafatamaatiin gulaalamanii mirkanaa'uun bahii tahuu akka qabu, ulaagaa qacarrii filannoo barreessitootaa ilaalchisee warra barnoota afaanii qabaniif dursa kennuun, barreessitootaaf deeggersa gochuun (leenjii gaggabaaboo kennuun), marii gaggabaabaa hojjettoota waajjiraa waliin gochuun dogoggora qubeessuu xalayoota waajjiroolee mootummaa keessaa bahan hanbisuun nidanda'ama.

Dhumarratti, dogoggora qubeessuu waajjiraalee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa hambisuudhaaf, hordoffiifi deeggersi karaa dhaabbilee barnootaa olaanoos ta'ee karaa mootummaa godhamu osoo cimee itti fufee baay'ee barbaachisaa ta'uusaa qorataan qaaccesseera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hanqinaalee Afaan Oromootiin qubeessuu xalayoota waajjiraalee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa xiinxaluun yaada furmaataa eeruudha. Kaayyoo kana irraa ka'uudhaan qorataan gaaffilee bu'uuraa qopheeffachuun ragaalee adda addaa funaannachaa tureera. Meeshaaleen ragaaleen ittiin funaanaman: xalayaalee bara 2010fi 2011 barreeffamanii bahaniifi hafii isaanii sakatta'uu, Afgaaffii hojjettootaaf dhiyeessuun, kan raawwatame dha. Odeeffannoowwan ragaalee kanneen irraa argamanis, mala akkamtaan boqonnaa afur keessatti qaacceffamanii jiru. Boqonnaa kana keessattimmoo,cuunfaa, argannoofi yaada furmaataatu dhiyaatee jira.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun mataduree ''Xiinxala Dogoggora Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi BLTO Kan Bara 2010fi 2011'' kan jedhu irratti kan adeemsifamedha. Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Haaluma kanaan boqonnaa tokko ariirrata qorannichaa jalatti, maalummaa Afaan Oromoo ilaalchisee, mallattoo tokkummaafi eenyummaa uummata Oromoo akka ta'e hubachuun danda'ameera. Afaan Oromoo, afaan hojii,afaan barreeffamaa,afaan barnootaa kan ta'e yeroo dhiyoo ta'us, waggaa digdamii-shanii ol lakkoofsiseera. Haata'umalee, xalayaaleen, beeksisoonniifi barreeffama Afaan Oroomootiin barreeffaman hedduurratti dogoggorri qubeessuu nimul'ata.

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqinaalee Afaan Oromootiin qubeessuu xalayoota waajjiraalee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa irratti mul'atan xiinxaluun yaada furmaataa eeruudha. Faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqinni qorannichaa adda bahanii gurmaa'anii jiru. Akkasumas, sakatta'a barruu qorannichaafi qorannoowwan kanaan dura dhimma kana waliin walqabaturratti adeemsifaman kaayyoo isaanii waliin ibsamanii jiru. Boqonnaa sadii jalatti mala qorannichaatu dhiyaateera. Haalumakanaan, malleen qorannichaa jalatti: saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi meeshaaleen funaansa odeeffannoo adda bahaniiru. Odeeffannoowwan barbaachisanis walitti qabamaniiru. Meeshaaleen ragaaleen ittiin funaanaman kunneenis: xalayaalee barreeffamanii baasii ta`an, hafii xalayaalee sakatta'uuniifi afgaaffii hojjettootaaf dhiyeessuun, kan raawwatamedha.

Xalayaaleen sakatta`maniifi namooni afgaaffiirratti hirmaatan mala iddattoo mit-carraa keessaa mala iddattoo akkayyoon kan filatamanidha. Achiin booda Boqonnaa afur jalatti immoo odeeffannoon fonaanaman akkaatuma adeemsa isaaniif ta'een qaacceffamuun ibsi itti kennamee jira. Dhumarrattis ragaaleen sakatta`a xalayaaleerraa argamaniifi afgaaffiirraa argaman mala akkamtaatti fayyadamuun qaacceffamanii jiru.

Haaluma kanaan, hanqinaaleen Afaan Oromootiin qubeessuu xalayaalee waajjiroota mootummaa aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atan addaan ba'anii jiru. Hnqinaaleen kunneenis: dubbifamaa iddoo malee jabeessuufi laaffisuu, dubbachiiftuu iddoo malee dheeressuufi gabaabsuu, dogoggora hudhaa, dogoggora irrabutaa, dogoggoraan qubee bakka walbuusuu, qubee dubbachiisaa gosa tokkoo sadii walitti aansanii qubeessuu, jechoota lama hanga sadii akka jecha tokkootti barreessuufaadha.

Maddi hanqina kanneeniis bira ga'amanii jiru. Isaanis, dhiibbaa afaan biro ( Afaan Ingilizii), oguma saayinsii (seera) Afaan Oromoo osoo hin baratiin hojii kanatti kan bobba'an ta'uu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, ariitiin barreessuu, qaamni gulaalu dhibuu, kan duraan 'save' ta'ee taa'e maqaafi guyyaa sirreessanii baasuu, hojjettoonni waajjiraa garaa garaa xalayaa ofii barreeffachuun baasii gochuu, hordoffiifi deeggersi jiru laafaa ta`uu akka ta'an adda baasuun danda'amee jira.

Miidhaa dogoggorri qubeessuu qaqqabsiisu ilaalchisee ergaa jijjiiruu, seera barreeffama Afaan Oromoo cabsuufi guddina afaanichaa irrattilee miidhaa akka geessisu adda baasuun danda`ameera.

Walumaagalatti, tooftaalee dogoggorri kun ittiin maqfamuu danda'u ilaalchisee, fayyadama qubee Afaan Oromoo ilaalchisee iddoo sirrii ta'etti dheeressuufi gabaabsuun, iddoo sirrii ta'etti laaffisuufi jabeessuun, xiyyeeffannoo itti kennuun barreessuun; akkasumas, irrabutaafi hudhaa haalaafi iddoo barbaachisu qofaatti fayyadamuun barbaachisaadha. Xalayaaleen barreeffamanii osoo hin raabsamiin dura itti gaafatamaatiin gulaalamanii mirkanaa'uun bahii tahuu akka qabu, ulaagaa qacarrii filannoo barreessitootaa ilaalchisee kan barnoota afaanii qabaniif dursa kennuun, barreessitootaaf deeggersa gochuun, marii gaggabaabaa hojjettoota waajjiraa waliin gochuun dogoggora qubeessuu xalayoota waajjiroolee mootummaa keessaa bahan hanbisuun nidanda'ama.

## 5.2. Argannoo

Hanqinni Afaan Oromootiin qubeessuu xalayaalee waajjira Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atan addaan ba'anii jiru. Hanqinni kunneenis, iddoo malee jabeessuufi laaffisuu, iddoo malee dheeressuufi gabaabsuu, dogoggora hudhaa, dogoggora irrabutaa, dogoggoraan qubee bakka walbuusuu, dogoggora dubbachiisaa gosa tokkoo sadii walitti aansanii qubeessuu, jechoota lamaa hanga sadii akka jecha tokkootti barreessuufaadha. Fakkeenyaaf, gutinee, ilalitaanii, orikameef, rabisaanfi k.k.f hanqinaalee qubeessuu ta'anii argatamaniiru.

Maddi dogoggora kanneeniis bira ga'amanii jiru. Isaanis, dhiibbaa afaan biroo( Afaan Ingilizii), oguma saayinsii(seera) barreeffama Afaan Oromoo osoo hin baratiin hojii kanatti kan bobba'an ta'uu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, ariitiin barreessuu, qaamni gulaalu dhibuu, kan duraan 'save' ta'ee taa'e maqaafi guyyaa sirreessanii baasuu, hojjettoonni waajjiroolee kutaa garaa garaa xalayaa ofii barreeffachuun baasii gochuu, kenninsi barnoota afaanii manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti laafaa ta'uu, qulqullina dhabuu barreeffama harkaa, hordoffiifi deeggersi jiru laafaa ta`uu akka ta'an qorataan argatee jira.

Xalayaaleen dogoggora qubeessuu qabatanii bahan miidhaa akka qaban adda baheera. Miidhaaleen kunneenis, dhaamsa xalayichaa salphaatti hubachuurratti danqaa ta'uu (dhaamsi xalayichaa hiika dhabuu), waaltina afaanii irratti rakkoo qabaachuu, dogoggora akka sirrii ta'eetti amaleeffataa deemuu, rakkoo hiika jechaa jijjiiruu fiduu akka danda'u bira gahameera. Kana jechuun jechi tokko yeroo barreeffamu dogoggoraan yoo barreeffame kaayyoo barreeffameef dhiisee hiika biroo qabaachuu ykn hiika qabaachuu dhiisuu akka danda'u argatameera..

Akka bu'aa qorannichaatti, hanqinaalee Afaan Oromootiin qubeessuu xalayaalee waajjiroolee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa furuuf gumaachi qaamolee adda addaa murteessaadha. Qaamolee kanneen keessaa gaheen barreessitootaa iddoo olaanaa yommuu qabatu; gaheen ittigaafatamtootaa, itti aantotaafi hojjettoota waajjiraalees salphaa miti. Barreessitoonni yommuu barreessan ariitii malee suuta jedhanii barreessuu, erga barreessanii xumuranii booda irra deebi'anii dubbisuu ykn dubbisiisuu qabu. Dabalataanis, xalayaaleen barreeffamanii osoo hin raabsamiin dura itti gaafatamaatiin gulaalamanii mirkanaa'uun bahii

tahuu akka qabu, ulaagaa qacarrii filannoo barreessitootaa ilaalchisee warra barnoota afaanii qabaniif dursa kennuun, barreessitootaaf deeggersa gochuun(leenjii gaggabaaboo kennuun), marii gaggabaabaa hojjettoota waajjiraa waliin gochuun dogoggora qubeessuu xalayoota waajjiroolee mootummaa keessaa bahan hanbisuun nidanda’ama. Hordoffiifi deeggarsi karaa mootummaas ta’e karaa dhaabbilee barnoota olaanaa  cimuunis baay’ee barbaachisaa akka ta’e qorannoo kanaan argatameera.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan hojii Biiroo/ Waajjiraalee Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta’ee tajaajiluu erga eegalee oolee buleera. Haata’umalee, barreeffamoonni kanneen akka xalayaalee waajjiraalee mootummaa tokko tokko keessaa maxxanfamanii bahaa jiran yoo ilaalaman seera afaanichaa eeganii qubeessuu irratti hanqinatu jira. Dogoggoraan qubeessuun immoo dhaamsa xalayichaa harcaasuu caalaatti, guddina afaanichaa irrattillee rakkoo mataasaa qaba. Kanaafuu, ragaalee gaaffilee bu’uuraa irraa argamanii qaacceffaman irratti hundaa’uun yaada furmaataa kaa’uun barbaachisaadha. Haalumakanaan, xiinxala hanqinaalee Afaan Oromootiin qubeessuu xalayoolee waajjiraalee mootummaa aanaa Guutoo Giddaa keesatti argaman ilaalchisee qorannoo geggeeffame irratti hanqinaalee dogoggora qubeessuu mul’ataniif yaanni furmaataa haala itti aanuun kaa’amee jira.

- Dandeettii namoota xalayaalee waajjiraalee mootummaa barreessanii cimsuuf, leenjii gaggabaaboon seera barreeffama Afaan Oromoo irratti osoo kennamee gaarii ta`a.
- Xalayaaleen dogoggoraan qubeeffamanii barreeffaman dhaamsa dabarsuuf kaayyeffame dabarsuu dhiisuu caalaa yaada birootti jijjiiramuu akkasumas, seera barreeffama Afaan Oromoo waan cabsuuf osoo ofeeggannoo itti kennanii barreessanii hanqinni kun uumamuu dhiisuu danda’a.
- Yeroo waabarreessan xiyyeeffannoo itti kennuun barreessuu, irra deebi’anii suutaan dubbisuun waan barreeffame sana qubee sirriin qubeeffamuu isaa mirkaneeffachuu ykn gulaaluun gaarii ta`a.
- Manneen barnootaa sadarkaa 1[ffaa] dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa cimsuurratti osoo xiyyeeffatanii fuulduraaf gaarii ta’a.

- Ittigaafatamtoonni waajjiraalee mootummaa hordoffiifi deeggersa cimsuun, xalayaaleen bahii tahan hundi karaasaanii mirkanaa’anii osoo bahii ta’anii gaariidha.
- Barreessitoonni yommuu qacaraman ulaagaaleen dursaa dandeettii kompiiteraa qofa osoo hintaane, barnoota afaaniin kan eebbifaman ykn seera Afaan Oromoo eeganii qubeessuu isaanii qoramanii osoo calalamanii gaariidha.

## Wabii


Abera Nefa, (1988). “Long Vowel in Oromo: agentive approach.” Addis Ababa University Unpublished MA Thesis.

Addunyaa Barkeessaa, (2011). Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo hujoo.Finfinne*:* Efficient Printing Press.

Alamuu Waaggaarii, (2007) “Qaaccessa dogoggora qubeessuu Afaan Oromoo: Haala Barattoota Kutaa Kudhanii Mana Barumsa Sadrkaa Lammaffaa Alam Tafari.” Addis Ababa: Unpublished MA Thesis.

Aron, J. E. (1995). *The Little, Brown handbook. Don mills, Ont*: Addison Westley Publishers.

Asafaa Tafarraa, (2009). *Eela.Seenaa oguma Oromoo.Finfinnee.Far. East trading PLC*.

Asher. R.E (ed). (1994). *The encyclopedia of language and linguistics.* New York: Pergamon Press.

Askale Lemma, (1998). “*Some Points On Oromo orthography*. The institute of Ethiopian Studies (1$^{st}$) Nazareth, pp. 323-337.

Beekan Gulummaa, (2011). “Xiinxala Qulqullina Barreeffama Afaan Oromoo”: Haala Barreeffama Afaan Oromoo Taappeellaa fi Beeksisoota magaalota naannoo Finfinnee. Univresiitii Amboo Oromia

Brown, D. (1993). *Principles of Language Learning and Teaching*. London: Prentice Hall

Bulloo Raffisaa,(2008). Xiinxala Dogoggora Qubeessuu Xalayaalee Hojii: Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa’inaa Gudayyaa Biilaa Irratti Xiyyeeffate. Yuunvarsiitii Wallaggaa: Unpublished MA Thesis.

Collins, (2001). *Collins cobuild English dictionary for advanced learners (3rded.)*. Glasgow: Harper Colllins.

Crystal, D. (1987). *The Cambridge enyclopedea of language. Cambridge:* Cambridge Unversity Press.

Diyanni, R. and Hoyii, C.P. (1998). *The Scribner handbook for writers (2nded).* New York: Oxford Unversity Press.

Ellis, R. (2009). *The study of second Language acquisition (2$^{nd}$ed).* New York: Oxford Unversity Press.

Eric, W. (1976).*Assignments in punctuation and spelling. Edward Ardold:* The Camel of Press Ltd.

Farely,S. (20014). *What are the Characteristics Oraditional Grammar? Uk:* Demand Media.Inc.

Fergus, P.M. (1983). *Spelling improvement: A program for self-instruction (4th ed).* New York: McGraw-Hill,Inc.

Fitzgerald, J.A. (1951). *A life spelling program for Catholic schools*. New York: The Bruce Publishing Company.

Gass.S.M. and Selinker.L. (2008).*Language acquisition: Introduction course (3rd ed).* New York: Noutledge.

Geetaachoo Rabbirraa, (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10*. Addis Ababa: Mega Publishing Interprise

Geetoo Dhufeeraa,(2012). Xiinxala Dogoggora Qubeessuu: Xiyyeeffannoon Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Balee Gasgaar. Yuunvarsiitii Addis Ababaa: Unpublished MA Thesis.

Gefvert, J.C. (1988). *The confident writer: A Norton handbook (2nd ed).* New York: W.W. Norton & Company. Inc..

Glencoe, (2001).*Writer's choice*: *Grammar and Composition (vol.2). Texas:* Glencoe McGraw Hill Companies Inc.

Gragg. (1977). *"Lexical aspects of Oromo-Amharic language"* In proceedings of the fifth international conference of Ethiopian studies pp. 107-124.

Leggett' G., Mead, C.D. and Charvat, W. (1978).*Essentials of grammar and compostion.* Little, Unversity Press.

Littlewood, W. (1984).*Foreign and Second Language Learning. Cambridge*: Cambrdge Unversity Press.

Lunsford, A., Connors, R. and segal, Z.J. (1989). *The St. Martin's handbook for Canadians. New York:* St. Martin's Paress, Inc.

McCrimmon. (1863). *Writing with a purpose (3rd ed). New York:* HoughtonfflinCompany.

Norrish, (1983).*Language Learners and their errors. London*: Illustrations Macmillan Publishers.

Pankhurst, R. (1976). "*Biginning of Oromo Studies in Ethiopia from Africa"*. Rivista di Studi Political Internazionali, Anno 43, no, 1, pp 95-206.

Picas, V. (1982).*Teaching English Writing. London*: Macmillan Publisher Ltd.

Rechards, J., Plat, and Weber, H. (1985).*Longman dictionary of applied linguistics.*London: Longman group Ltd.

Sabin, A.W. (1996). *The Gregg reference manual*. New York: McGraw-Hall.

Sampson, J.A. and Weiner, (1989).*The oxford English dictionary (2nd ed.). Clarendon*: Oxford Unversity Press.

Samuel Legese, (2010). Common Mistakes in using the Oromo and Philogy*:* Addis Ababa Unversity.

Sarantakos, S. (2005). *Social research (3rd ed.). Hound mills:* Palgrave MacMillan.

Shaw, H. (1978).*Handbook of English.*New York; McGraw-Hill.

Strong, W. (1996).*Writers choice: Grammar and composition.* New York: McGraw-Hill.

Tafarii Ayyaanaa, (1998). *Afaan Oromoo kutaa 7-10.* Finfinne.Aster Nega Publishing Interprise.

Tamasgen Nagaasaa, (1992). *'Qubee Afaan Oromoo.'* Wiirtuu: Barruulee waaltina Afaan Oromoo(jil.5ffaa). Finfinnee. Mana Maxxansaa Komershaal.

Tilahun Gamta, (1993). The Journal Of Oromo Studies: *Qubee Afaan Oromoo.* Volume.1. USA

Triggs, F. and Robbins, E.W. (1955).*Improve your spelling. New York:* Farrar & Rinehart, Inc.

Troyka, Q.L. (1996). *Simon & Schuster handbook for writers (3rd ed.).* New Jersey Prentice Hall.

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Kolleejjii Namoomaa, Qo`annoo Afaanii, Joornalizimiifi Qunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo Og-barruufi Fooklooriif Qophaa'e**

Kabajamtoota hojjettoota mootummaa Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO Aanaa Guutoo Giddaa afgaaffiiwwan armaan gadii mata-duree `Xiinxala Hanqinaalee Afaan Oromootiin Qubeessuu Xalayaalee Waajjira Barnootaafi Waajjira BLTO: Aanaa Guutoo Giddaa Keessatti Kan Xiyyeeffate` jedhu irratti qorannoo adeemsisuuf kan dhiyaatedha. Dhimmi kun immoo kallattiinis ta'e alkallattiin isin ilaallachuu danda'a waan ta'eef, deebiin isin kennitan qulqullummaafi amanamummaa qorannichaaf gumaacha guddaa taasisa. Deeggersa nuuf gootaniif dursinee isin galateeffanna.

**I. Ragaa Dhuunfaa**

A. Koorniyaa : Dhiira ☐ Dhalaa ☐

B. Umurii ☐ Tajaajila/muuxannoo/Waggaan ☐

C.Yuunivarsiitii irraa eebbifamtan_______________________________________

D.Gosa barnootaa: Ijoo________________Aantee_________________________

E. Sadarkaa barnootaa________________________________________________

**II. Afgaaffii hojjettoota mootummaa waajjira barnootaa aanaa Guutoo Giddaa kanneen filatamaniif qophaa'e**

1. Xalayaaleen waajjira keessanii ba'an dogongora qubeessuu akaakuu akkamii qabu isinitti fakkaata?
2. Xalayaaleen kunneen hanqina qubeessuu qabu yoo ta'e, maddi dogoggora kanaa maal ta'uu danda'a?
3. Xalayaalee waajjira keessanii ba'an irra dogoggorri qubeessuu yoo jiraate miidhaa akkamii geessisuu danda'aa ?
4. Hanqina qubeessuu xalayaalee waajjira Barnootaafi BLTO Aanaa Guutoo Giddaa keessatti mul'atan akkamitti fooyyessuun danda'amaa ?

**Dabalee B**

**Namoota Afgaaffiirratti Hirmaatan**

| T/L | Maqaa Guutuu | Koodii | Umurii | Saala | Tajaajila | Sadarkaa Barnootaa | Gosa Barnootaa | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 4 | Biraauu Dinqaa Tuulii | BD | 35 | Dhi. | 13 | Digi. | Fiiziksii | IG/BLTO |
| 2 | Tamasgeen Gabbisaa Yaanfaa | TG | 30 | Dhi. | 9 | Dig. | Hawaasa | IA/IG/WB |
| 6 | Zaaraa Shaafii Bare`an | ZS | 25 | Dub. | 3 | L-IV | IT | Barreessitu |
| 3 | IlfinashWayyeessaa Gammadaa | IW | 32 | Dub. | 7 | Dip. | Sec./Sience | Barreessitu |
| 1 | Alamuu Guutamaa Guddataa | AG | 31 | Dhi. | 10 | Dig. | Ikoonoomiksii | IG/WBABT |
| 5 | Tafarraa Gabayyoo Nugusee | TG | 42 | Dhi. | 18 | Dig. | Bus/Mgt | IA/IG/BLTO |

**Dabalee C**

**Dogoggora Qubeessuu Dubbachiiftotaa Sakatta'a Xalayaaleerraa Argame.**

**Dabalee $C_1$ Jechoota dogoggoraan dheeratanii barreeffaman.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| deggarsii | deggarsi | E1 | Dandaa`an | Danda`an | E5 |
| waajjiraa | waajjira | E3 | jiraan | Jiran | E5 |
| adeemsaa | adeemsa | E3 | Gostii | Gosti | E7 |
| Karooraa | Karoora | E3 | Yaalamee | Yaalame | E14 |
| gabaasaa | gabaasa | E4 | Waajirrii | Waajjirri | E14 |
| keessaan | Keessan | E4 | Erginuu | Erginu | E14 |
| beekamaa | beekama | E4 | Irrattii | Irratti | E14 |
| Jedhamaan | jedhaman | E5 | Ni beekamaa | Ni beekama | |
| gostii | gosti | E7 | Hangaa | Hanga | |
| dhibbaa | dhibba | E7 | Zayitaa | Zayita | E11 |
| Deggarsaa | Deggarsa | E9 | qilleensii | Qilleensi | F2 |
| Dhufaan | dhufan | E10 | Akkasumaas | Akkasumas | F20 |
| Iyyataa | iyyata | E13 | Jirtaan | Jirtan | F18 |
| hojjeetaa | hojjetaa | E13 | Gaafataniiruu | Gaafataniiru | F14 |
| Beeksiifna | beeksifna | E13 | Hin morminee | Hin mormine | E20 |

**Dabalee $C_2$ Jechoota dogoggoraan gabaabbatanii barreeffaman.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Barattootaf | Barattootaaf | E2 | barnootan | Barnootaan | E14 |
| Hunda,uun | Hundaa`uun | E4 | gutamu | Guutamu | E14 |
| gafachuun | gaafachuun | E4 | waiqabsifinee | walqabsiifnee | E14 |
| gutinee | Guutnee | E4 | godhamen | Godhameen | E15 |
| Wajjira | Waajjira | E5 | deebi | Deebii | E15 |
| Gaafataniru | Gaafataniiru | E5 | jedhun | Jedhuun | E17 |
| Ta`u | Ta`uu | E6 | gosafi | Gosaafi | E17 |
| isanii | Isaanii | E6 | gabaasu | Gabaasuu | E17 |
| barbaachisa | Barbaachisaa | E6 | cimsine | Cimsinee | E17 |
| raga | Raga | E10 | Gara Jimma | Gara Jimmaa | E17 |
| qorannoodhaf | qorannoodhaa f | E10 | Barsiisan | barsiisaan | E20 |
| Beeke | Beekee | E12 | Gotaniif | Gootaniif | E20 |
| mindaa | miindaa | E12 | jedhamtuf | Jedhamtuf | |
| Isini | Isiniif | E12 | qabsiifne | Qabsiifnee | |
| barbaachisa | Barbaachisaa | E13 | kabajan | Kabajaan | E13 |

**Dabalee $C_3$ Jechoota dogoggoraan dubbachiiftuun sadii walitti aananii barreeffaman.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Ragaaa | Ragaa | | barumsaaa | Barumsaa | |

**Dabalee D**

**Dogoggora Dubbifamtoota Qubeessuu Sakatta'a Xalayaaleerraa Argamee.**

**Dabalee $D_1$. Jechoota Dogoggoraan Laafanii Qubeeffaman.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Bareeffameen | barreeffameen | E4 | Gaafana | Gaafanna | E6 |
| hojjetuu | Hojjettuu | E5 | qacarii | Qacarrii | E5 |
| waxabajii | Waxabajjii | E12 | idoo | Iddoo | E11 |
| Hawaasumaa | hawwaasummaa | E5 | Waajira | Waajjira | E12 |
| barreesaniin | barreessaniin | E5 | degaramuu | deggaramuu | E11 |
| Waraa | Warraa | F5 | irrati | Irratti | E17 |
| Dhaabataa | Dhaabbataa | F6 | bareessinuu | Barreessinu | E5 |

**Dabalee $D_2$. Jechoota Dogoggoraan Jabaatanii Barreeffaman.**

| Jechoota dogoggoraa | Hiika | Jechoota sirrii | Hiika | Dabalee |
|---|---|---|---|---|
| Gummii | - | Gumii | | E4 |
| Dhiyyeefataniin | - | dhiyeeffattaniin | Beeksiftaniin | E13 |
| Hojjettaa | | Hojjetaa | Qacaramaa | E20 |
| Rammadamtanitti | | ramadamtanitti | Iddoo ilaallatu | E22 |
| Hojjii | - | Hojii | Dalagaa | E22 |
| Raggaassaa | - | Raggaasaa | Maqaa namaa | |

**Dabalee $D_3$. Jechoota Dogoggora Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu Qaban.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakk | Lak. | E20 | W/B/A/Jimmaa Arjoo | WBAJA | E10 |
| M/Btti | M/Barumsaatti | | A/G/Giddaa | AGG | E7 |
| w/ra | Waajjira | | w/t | walitti | |


**Dabalee $D_4$. Jechoota Hanqinaalee Adda Addaa Qaban.**

| Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee | Jechoota dogoggoraan Qubeeffaman | Jechoota sirrii | Dabalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Hundaa,uun | Hundaa`uun | E4 | Gutinee | guutnee | E4 |
| dhufaanf | Dhufaniif | E1 | keessant | keessanitti | E10 |
| man | mana | E2 | Milkaan | Milkaa`an | E21 |
| human | humna | E3 | Bali`inii | Bal`inni | E2 |
| kakaqaa | kalaqaa | E4 | Buffaa | buufata | |

# Dabalee E

## Dabalee E. Xalayaalee Sakatta'aman.

**Dabalee $E_1$**



Lakk 1159/694/0-2

Guyyaa 18/6/2011

**Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Aanaa Guutoo Giddaaf**

Naqamtee


**Dhimmi isaa:- Deggersa sukkaaraa fi zayitaa kennuu ta'a**

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame hojjetaa Aanaa Guutoo Giddaa kan ta'an **B/sa** Tamasgeen Gabbisaa M/B **H/Alaltuu** kan barsiisaa turan yemmuu ta'u Jijjiiraan gara **Wajjiraa barnootaa** waan dhufaanf deggarsii sukkaaraa fi zayitaa akka kennamuuf iyyata barreefamaan waan nu gaafataniif deggersi akka godhamuuf kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Suusii Toleeraa Dabaloo

## Dabalee $E_2$



Lakk 1327/472/W-1

Guyyaa 20/7/2011

**Biiroo Barnoota Oromiyaaf**

**Finfinnee**

**Dhimmi isaa:-** Rakkoolee nu qunamaniif furmaata akka itti nuuf laattan gaafachuu ta'a

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame manni barumsaa Qophaa'ina Ukkee Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa jalatti kan argamu ta'uun isaa beekamaa dha.

Haata'uu malee manni barumsaa kun baali'inji daree isaa istaandaardii kan hin guunee (Dhiphoo) man jireenyaa Qonnaa Mootummaa durii waan ta'eef akkasumaas haalli qilleensii isaa gammoojjii ta'uu isaa irraa kan ka'e haala baruu barsiisuu bifa miijataa ta'een barattootaf keenuuf waan nu rakkisaa jiruuf dabalataan istaandaardii eeguun baay'ina barattoota daree tokko keessatti nama 50(shantama) ramaduun barsiisuuf rakkoo guddaa uummaa waan jiruuf gama keessaniin rakkoo kan ilaaltanii furmaata akka itti nuuf laattan isin gaafanaa.


Nagaa Wajjiin

G/G

- Waajjira Barnoota G/W/Bahaaf

Naqamtee

## Dabalee $E_3$



Lakk 625/472 /B-1

Guyyaa 25/04/ 2011

Obbo Rabbirraa Dabaloof

Dhimmi isaa;. bakka bu'iinsaa hojii isiniif kennuu ta'a.

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalametti manajimantiin waajjira barnootaa walga'ii Gaafa 03/01/2011 gaggeessen sababa Obbo Mulugeetaa TSaggayee gara Waajjiraa Siviil sarviizii fi Qabeenya human namaa Godinaa Wallaggaa bahaatti waan jijjiramaniif kutaa adeemsaa Hojii karooraa Barnootaa fi piroojektii hanqinni human nama mudatee jiru bal'inaan irratti mari'atee hanga bakkichatti dorgommin namni irratti ramadamutti bakka bu'insaan humni namaa guutameef hojii kutaa kanaa akka raawwatu yaada tokkon murta'ee jira.

Haaluma kanaan koreen manajimantii hojii adeemsaa kanaaf muuxannoo fi danditti gahaa qabachuu keessan irratti waan itti amaneef gahee hojjii keessan irratti dabalatan Qindeessaa Adeemsaa hojii karooraa Barnootaa fi piroojektii bakka bu'uutanii akka raawwatan xalayaa kanaan isin beeksifina.

Nagaa wajjin


Alamuu Guutamaa Guddataa

Itti Gaafatamaa Waajjira Barnootaa A/G/Giddaa

G/G

- Kutaa Itti Aanaa fi Qindeessaa Adeemsaa Misoomaa Barsiisotaaf
- Itti Gaafatama Waajjiraaf
- Kutaa Inispeekshiniif
- Kutaa SFMB f
- Kutaa kennaa Eeyyamaa fi Haaromsaaf
- Kutaa Adeemsaa Karooraa barnootaa fi Piroojektiif
- Kutaa sirnaa Barnootaaf
- Kutaa Barnootaa idileen alaa fi misooma hawaasaaf
- Kutaa Iyyafannoo barnootaa fi qormaataaf

**Dabalee $E_4$**



Lakk 704/472/B-1

Guyyaa 19/2/2011

Waajjiraa Barnootaa Godinaa Wallagaa Bahaaf


Naqamtee

Dhimmi isaa: Wixinee Projektii Deegersaa Gummii saayinsii fi kakaqaa erguu ta'a

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalametti gabaasaa Wixinee projektii deegersaa Gummii saayinsiif kalaqaa kan ibsuu xalaayaa Lakk B-85/104/9135 Guyyaa gafaa 28/01/2011 bareefameen nuu gafachuun keessaan ni beekamaa, kana irraatti hunda, uun wixinee projektii Gummii saayinsiif kalaqaa irratii hojechuuf karoorfamee kan ibsu qopheeffachuun kan m/b 2 waraqaa fuula torbaa irraatti gutinee xalaaya Miiltoo kana itti qabsiifnee eguu keenya isin beeksiina.

Nagaa Wajjin

**Dabalee $E_5$**



Lakk 41/644/D-2

Guyyaa 7/09/2010

Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Distriktii Naqamteef

Naqamtee

Dhimmi Isaa:- **Deggarsaa Kennu Ilaalaa.**

Akkuma armaan olitti ibsametti B/Stuu Aagaree Haaymanoot kan jedhamaan hojjetuu Wajjira Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa kan taatee sababa rakkoo hawaasumaa irraa kan ka'e iyyaata guyyaa gaafa 3/9/2010 nuuf barreesaniin Abbaa Waraa isaanii Obbo Kidaanuu Biraatuu hojjataa Baankii Gamtaa Oromiyaa Damee Miizaan Amaan hojjachaa jiraan waliin adda adda jiraachaa kan jiran ta'uu isaanii ibsuun jijjiraan akka walitti dhiyaachuu dandaa'an deggarsaa gara keessanitti akka isaaniif bareessinuu nuu gaafataniru .


Haalumaa kanaan B/Stuu Aagaree Haaymanoot hojjatuu Wajjira Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa ta'u isaanii ibsaa deggarsaa akka gotaniif isin gaafanaa.

Nagaa Wajjin

Solomoon Abbabaa

Ogeessa Adeemsa Hojii Misooma Barsiistoota

**Dabalee $E_6$**



Lakk 1682/694/10-1

Guyyaa 10/10/2011

Waajjira Galiwwan Aanaa Guutoo Giddaaf

Naqamtee

Dhimmi isaa :- Deggarsa gaafachuu ta'a.


Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti hojjetaa Aanaa Guutoo Giddaa kan ta'an B/stuu Abarruu Nagasaa kan jedhaman iyyata gaafa guyyaa 10/10/2011 dhiyefataniin kaffalaa gibiraa ta'u isaanii gara Baankii Awashitti akka isanii barra'uu waan nu gaafataniif nuunis hojjetaa dhaabataa Aanaa keenyaa ta'u isaanii ibsaa deggarsa barbaachisa ta'e akka gotaniif kabajaan isin gaafana.

Nagaa wajjin

Ayinaalem Yirgaa

Raawwataa Hojii A/M/Barsiisotaa

**Dabalee $E_7$**



Lakk 1658/694/D-1
Guyyaa 5/10/2011

Kollejjii Barsiisota Naqamteef

Naqamtee

Dhimmi isaa:- Deggersa kennuu ta'a


Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalame B/saa A/G/Giddaa kan ta'an **B/saa Takiluu** Birratuu kan jedhaman iyyata gaafa 05/10/2011 dhiyeeffataniin haadha manaa isaanii kan ta'an kaadhimamtuu **B/Stu Taarikee Tasfayee** gostii barnootaa ishee **Geeneralistii** kan ta'eef kolleejjii keessanitti barataa kan jirtu yemmuu ta'u yeroo eebbifamtutti gara Aanaa isaan keessatti hojjechaa jiran kanatti akka ramaddiin kennamuuf deggarsi akka barreeffamuuf nu gaafataniiru.

Haaluma kanaan B/saan kun hojjetaa dhaabataa Aanaa Guutoo Giddaa ta'u fi bara qacarii isaanii **01/03/2003**, Sad. barnootaa **Dippilomaa**, Gosa barnoota **S/Uumamaa** fi miindaan amma argachaa jiran **3579(kuma saddii fi dhibbaa shanii fi torbaatamii sagal)** ibsaa, karaa gama keessaniin deggersa barbaachisaa akka gootaniif kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Ayinaalem Yirgaalem

**E$_8$**



Lakk 678/694/[illegible]

Guyyaa 6/2/2011

**Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Aanaa Guutoo Giddaaf**

**Naqamtee**

**Dhimmi isaa:- Deggersa sukkaaraa fi zayitaa kennuu ta'a**

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame hojjetaa Aanaa Guutoo Giddaa kan ta'an B/tu **Ayinaalam Baalaay** kanaan dura **M/B Meexxii** kan barsiisaa turan yemmuu ta'u yeroo ammaa immoo gara M/B **B/Biyyaa** tti jijiramanii barsiisaa kan jiran yemmuu ta'u idoo B/saa **Yaasharg Raggasaa** Jijiiraan Magalla naqamtee tti waan galaniif bakka isaan akka nubuusitaanf deggarsii sukkaaraa fi zayitaa akka kennamuuf iyyata barreefamaan waan nu gaafataniif deggersi akka godhamuuf kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Warqinaa Shifaraa Gadaasaa

Ab.Ad.Hojii ...joo Misooma Barsiisotaa

fi I/A/I/Gaafatamaa Waajjiraa

**E9**

Godna Wallaggaa ... Waajjira
Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa

Lakk 41/6441 D-1

Guyyaa 7/09/2010

**Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Distriktii Naqamteef**

**Naqamtee**

Dhimmi Isaa:- **Deggarsaa Kennu Ilaalaa.**

Akkuma armaan olitti ibsametti B/Stuu Aagaree Haaymanoot kan jedhamaan hojjetuu Wajjira Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa kan taatee sababa rakkoo hawaasumaa irraa kan ka'e iyyaata guyyaa gaafa 3/9/2010 nuuf barreesaniin Abbaa Waraa isaanii Obbo Kidaanuu Biraatuu hojjataa Baankii Gamtaa Oromiyaa Damee Miizaan Amaan hojjachaa jiraan waliin adda adda jiraachaa kan jiran ta'uu isaanii ibsuun jijjiraan akka walitti dhiyaachuu dandaa'an deggarsaa gara keessanitti akka isaaniif bareessinuu nuu gaafataniru .


Haalumaa kanaan B/Stuu Aagaree Haaymanoot hojjatuu Wajjira Barnoota Aanaa Guutoo Giddaa ta'u isaanii ibsaa deggarsaa akka gotaniif isin gaafanaa.

Nagaa Wajjin

Solomoon Abbabaa

**Ogeessa Adeemsa Hojii Misooma Barsiistoota**
የመምህራን ልማት ሥራ ሂደት ባለሙያ

E10



Lakk. 1233/694/01

Guyyaa 4/7/2011

M/B Ukkee sad 2ffaa fi Luukoo sad 2ffaa f

B/J

Dhimmi isaa :Deegarsa kennuu ta'a

Innis B/saa Mokonnon Raggaasaa kan jedhaman raga qorannoodhaf/waraqaa eebbaa/guurrachuuf gara manneen barnootaa sad.2ffaa aanaa keenyaa yommuu dhufaan deeggarsa akka taasifnu W/B/A/Jimmaa Arjoo xalayaa lakk 1585/D-04/2011 gaafa 19/04/2011 barreessen nugaafatera haaluma kanaan barsiisaa maqaan isaanii armaan olitti caqafame kana isinis gama keessaniin deeggarsa barbaachisaa akka gootaniif xalayaa kanaan gara keessant erguu keenya nibeksifna.

Nagaa wajjiin


Tamasgeen Gabbisaa Yanfaa

G/G

- B/saa Mokonnon Raggaasaa

B/J

**Dabalee $E_{11}$**



Lakk ____________

Guyyaa ___________

**Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Aanaa Guutoo Giddaaf**

**<u>Naqamtee</u>**


**Dhimmi isaa:- <u>Deggersa sukkaaraa fi zayitaa kennuu ta'a</u>**

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame hojjataa waajjira Barnotaa Aanaa Guutoo Giddaa kan ta'an **B/sa Sanbaatoo Galataa** sirna ga'eela isaan waan gageefatuu sukkaara 40kg fi Zaaitaa litiraa 25 akka kennamuuf iyyata barreeffamaan gaafa 13/4/2010 waan nugaafataniif deggersi akka godhamuuf kabajaan isin gaafanna.

Nagaa wajjin

Tamasgeen Bulchaa Bereddaa

**Dabalee $E_{12}$**



Lakk B1/22 85/2010
Guyyaa 12/10/2010

**Obbo Amsaaluu Mokonnonif**

**Naqamtee**

Dhimmi isaa : **Muudamu keessan isin beeksisu ta'a**

Kana dura I/G/W/Waajira BTO ta'udhan akka hojjetan ramdin isini kenname hojiecha turun keessan ni beekama.

Haa ta'u malee ramdin keessan gara muudamatti waan jijjiramef waxabajii **1/2010** egalee miindaa ji'a sadarkaa kaabine 1ffaa q/6582 argacha hojjii isinitti kenname cimina fi amanamummaadhan hojjecha akka turtan muudamu keessan yamu isin beeksifnu Waajirri MWD A/G/Giddaas kana beeke mindaa keessan akka isini kanfalu g/galacha kanaan ni beeksifna.

Nagaa wajiin

Bulchaa Aanaa

G/G

- Piiroo PSMQH Oromiyyaaf


**Finfinnee**

- W/BLTO G/W/Bahaaf
- W/BLTO A/G/Gidaaf
- W/MWD A/G/Giddaaf
- W/Dh.D.U.O A/G/Giddaaf
- M/Maree Kaabinee A/G/Giddaaf

**Naqamtee**

- W/PSMQH A/G/Giddaa7

**Dabalee $E_{13}$**



Lakk WBLTO-9557-16-2010

Guyyaa 30/01/2010

Waajjira PSMQ Namaa A/Guutoo Giddaaf

**Naqamtee**

Dhimmi isaa:- **Deggarsa kennuu ta'a.**

Akkuma armaan olitti eerame Adde Kuullee Tamasgen Abeetuu kan jedhamanii iyyaataa gaafa guyyaa 30/01/2010 waajjira keenyatti dhiyyeefatanin deggarsa waajjira **PSMQ Namaa** A/G/Giddaatti akka barreefamuuf nu gaafataniru.


Kanaafu ~~Adde~~ Adde Kuullee Tamasgen Abeetuu kan jedhaman hojjeetaa W/BLTO A/G/Giddaa ta'u isaanii fi hojjeetaa dhaabbataa w/ra keenyaa ta'uu isaanii fi miindaa qarshii **4256** (kuma afuri fi dhibba lamaa fi shantamii jaha ) kan argatanii fi barrii qacarii isaanii Mudde 21 bara 2002 ta'u isaa fi deeggarsa barbaachiisa ta'e akka godhamuuf kabajan ni beeksiifna.

Nagaa Wajjin

Horaa Gaarii Fidaa

Itti Gaafatamaa Wiirtuu

Dabalee $E_{14}$



Lakk 3019/ [illegible]

Guyyaa 2/02/2011

Waajjiira BLTO A/G/Gidaam f

Naqamtee

Dhimmii isaa :- **Ragaa gaafachuu ta'aa**


Akkuma armaan olittii ibsamuuf yaalamee waajirrii Dhi/Hoj/Hawaasummaa Go/Wallaga Bahaa Ragaa Humna namaa seektara motummaa fi mit–Motummaa sadarkaa barnotaan akkasumas hojeetaa dhaabbii, kontiraata fi yeroo akk adda baasinee erginuu nu gaafataniiruu.

Haaluma kanaan unka ragaan kun ittii gutamu waraqaa fuula ____ xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsifinee waan isinii ergineef irrattii guuttanii akka nuuf ergitan isin beeksifina.

Nagaa wajjin

Dirribaa Taaddasaa Tarfaasaa

**Dabalee E15**



Lakk. 39/2[illegible]5/2010

Guyyaa 5-12-2010

Waajjira BLTO tiif

Nagamtee

Dhimmiisaa:-Horannaa miseensa WMO ta'a

Waldaan misooma Oromoo qaawwa misooma baajata mootummaan guutuu hin dandenyee kutaa hawaasa adda addaa gurmeesun busii miseensa hortamu irraa argamun hojii misooma gurguddaa hojechaa kan jiru ta'u yeroo adda addaa irratti mariin godhamee kallattin laatame xalayaas barreesun isin qaqqabsisne jira. Akkaataa mariin irrati godhamen seekteroota miseensa horatan gabaasaas jiru.

Akka seekitera keessanitti hanga ammaatti xalaayaa guyyaagaafa 19/10/2010 isinii barreefamef deebi hin laatin jirtu. Kana hubattanii dhimmichaaf xiyyeefannoo kennitanii hanga gaafa 25-12-2010 murtoo irraa geessan gabaasaan akka nu-beeksiftan cimsinee isin hubachisan.

Nagaawajjin


G/G

- KHR Aanaa G/Giddaaf
- Wa/ wmo Dame G/W/Bahaaf
- Wa/ Bulchiinsa G/W/Bahaaf

Nagamtee

Bulchaa Aanaa

**DabaleeE16**



Lakk WBLTO 028/2011

Guyyaa 02-01-2011

**Obboo Faqqadaa Abbabaa Owwaataaf**

B/J

**Dhimmisaa :-*Ramaddii hojii isin beeksisuu ta'a*.**

Akkuma armaan olitti isanuuf yaalamett **WPSMQnama Aanaa Guutoo giddaa xalayaa lakk R-33/117/2010 gaafa 1/13/2010** nuuf barreessen bu'uuraa godhachuun hojjatoota ramaddii **JEG**tiin bololi'oo (floaters) ta'e koreen olaanaan ramaddii JEGf dhiyaateen **Obbo Faqqadaa Abbabaa** M/B sad. 1ffaa Biqiltuu Kusa'erraa gara waajjira keenyaatti **W/G/Hojii ogeessa Qophii karooraa fi Baajataa Hordoffii fi Gammaggamaa II lakk.E/G/Hojii 35/GO-02 sadarkaa IX** akka ramadamanii hojjatan murteessuun nuuf erguun keessan ni yaadatama .

Kanaafuu **Hagayyaa 25/2010** irraa eegalee **Waamamaa Gitaa Hojii ogeessa Qophii karooraa fi Baajataa Hordoffii fi Gammaggamaa II lakk.E/G/Hojii 35/GO-02 sadarkaa IX** irraattii ramadamanii miindaa ji'aa qarshii **2197(kuma lamaaf dhibba tokkoo fi sagaltamii torba)** isiniif kaffalamaa hojii isaanitti kenname amanamummaa fi itti gaafatamummaan akka hojjittan cimsinee isin beeksisaa,**WMWD** Aanaa Guutoo Giddaa Kana hubatee kafaltii miindaa isaanii akka raawatuu galagalcha xalayaa kanaan ni beeksifna.

**Nagaa Wajjin**

Amsaaluu Mekonnin Baay'isaa


Itti Gaaffatamaa Waajjiraa

GG

- **Waajjiraa PSMQNamaa Aanaa Guutoo Giddaatif**
- **Waajjiraa MWDAanaa Guutoo Giddaatif**
- **Waajjiraa BLTOAanaa Guutoo Giddaatif**
- **Waajjiraa Barnoota Aanaa Guutoo Giddaatif**

**Naqamtee**

**Dabalee $E_{17}$**



Lakk [illegible]

Guyyaa 29/12/2010

W/ Hawaasummaa A/G/Giddaaf Naqamtee

*Naqmtee*

Dhimmi isaa :- Deggarsa gaafattamiif deebii kennine isin beeksisuu ta'a.

Akkuma beekamu xalayaa lakk. 2066/dh./dub./10 gafaa guyyaa 28/12/2010 jedhun deggarsa akka isiniif kenninu nu gaafachuun keesssan ni yaadatama.

Kanaafuu deggarsa isiniif kennine gosafi baay'ina isaa akka armaan gadiitti isiniif gabaasu keenya cimsine isin beeksifna.


Nagaa wajjin

Amsaalu Mekonnin Baay'isaa

Itti Gaafatamaa Waajjiraa

| Lakk | Gosa huccnu | Baay'ina |
|---|---|---|
| 01 | Gurdii | 6 |
| 02 | Surrii | 4 |
| 03 | Shamizii | 20 |

**Dabalee $E_{18}$**



Lakk WBLT[illegible]/02/16/2011
Guyyaa 19/09/2011

Aadde Kuulee Tamasgeeniif

B/I

Dhimmi isa;- Bakka bu'iinsaa hojii isinii kennu ta'a

Akkuma armaan olti ibsamuuf yaalamee leenjidhaaf gara Jimma wanaan demmuf hojii amma qabataan jirtaan hojii idilee keessaan irriitti dabalachuun hojii I/G/WBLTOA/G/GIDDAA bakka buutaani akka hojjeetan bakka isiin buusu Kenya cimsine isin beeksifna .


Nagaa wajjiin!!

G/G

- W MWD A/G/Giddaaf
- Waji. PDO A/G/Giddaaf

Naqamtee

**Dabalee E₁₉**



Lakk 704/472/B-1

Guyyaa 19/2/2011

Waajjiraa Barnootaa Godinaa Wallagaa Bahaaf

Naqamtee


**Dhimmi isaa: Wixinee Projektii Deegersaa Gummii saayinsii fi kakaqaa erguu ta'a**

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalametti gabaasaa Wixinee projektii deegersaa Gummii saayinsiif kalaqaa kan ibsuu xalaayaa Lakk B-85/104/9135 Guyyaa gafaa 28/01/2011 bareefameen nuu gafachuun keessaan ni beekamaa, kana irraatti hunda, uun wixinee projektii Gummii saayinsiif kalaqaa irratii hojechuuf karoorfamee kan ibsu qopheeffachuun kan m/b 2 waraqaa fuula torbaa irraatti gutinee xalaaya Miiltoo kana itti qabsiifnee eguu keenya isin beeksiina.

Nagaa Wajjin

Sambato

**Dabalee $E_{20}$**



Lakk 111/6941/ D-4

Guyyaa 23/09/ 2010

**Waajjira MWD Aanaa Guutoo Giddaaf**

**Naqamtee**

**Dhimmi isaa:- Deggersa gaafachuu ta'a.**


Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalame Hojjettaa A/G/Giddaa kan ta'an **B/saa Abaatee Taammiruu** iyyata guyyaa **23/09/2010** dhiyeeffataniin hojjetaa Aanaa keenyaa ta'uu isaanii fi deggarsa gara wajjira keessanitti akka isaaniif bareessinuu waan nuu gaafataniif nuuniis kana irra dhaabanee barsiisan kun Hojjettaa (Barsiisaa) A/G/Giddaa ta'u ibsaa deggarsa barbaachisaa ta'e yoo gotaniif kan hin moorminee ta'u isin beeksifna..

Nagaa wajjin

Solomoon Abbabaa

Ogeessa Adeemsa Hojii Misooma Barsiistoota

.E21



Lak. 1242/472
Guyyaa 5/7/2011

Waajjira Barnootaa Godina Wallagga Bahaaf.

Naqamtee


Dhimmi:isaa Baay'ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhataan fi kan milkaan isiin beksiisuu ta'a.

Akkumaa armaan olii ibsamuuf yaalameti baay'ina barsiisootaa fi hoggantootaa qormaata hangaa ammati fudhaatanfi kan milkaan % dhaan guutuun waraqaa fuula lama(2) xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsifnee isniif [illegible]a.

Nagaa wajjin

Suusii Toleeraa Dabaloo
Raawwatan Hojii K/E/Oguffi
H/Barffi Hoogganaa Barnootaa

**E. 22**



Lakk [illegible]

Guyyaa [illegible]

# Beeksisa

Caasaan haaraa hojjii akka mootummaatti hojjetamee Hojjettoota mootummaaf ramaddiin hojii akka hojjeetama jiruu beekamaa dha

Haaluma kanaan hojjettonni ramaddiin Waajjira BLTO Aanaa G/ Giddaatti isiniif kennamee hanga ammaatti bakka rammadamtanitti kan hin argamne hanga **03/10/2011tti** Ganama sa'aa 3:00tti yoo gabaasuu baattan rakkoo isin irratti uumamuuf Waajjirichi kan itti hin gaafatamne ta'u ni beeksifna

Nagaa Wajjiin

Waajjiricha

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani Qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta`uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta`uu isaafi yaadaawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa`uukoo mallattookootiin nan mirkaeessa.

Maqaa qorataa: Dassaaleny Abarraa

Mallattoo: ________________________________________

Guyyaa: __________________________________________